

**XIINXALA ASOOSAMA DHEERAA GODAANNISA IJA  
YAADXINA HAWAASUMMAATIIN**

**ZEENABAA HUSEEN**



**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAAFFAA  
(MA) AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSISUUTIIN  
GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNIVARSITII JIMMAA  
KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANITITTI  
MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUUF DHIYAATE**

**HAGAYYA 2022  
JIMMA**

**Yuuniversitii Jimmaa  
Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa fi Humaanititti  
Muummee Afaan Oromoo fi Ogbarruu**

**Xiinxala Asoosama Dheeraa *Godaannisa Ija Yaadxina*  
Hawaasummaatiin**

**Qorattuun: Zeenabaa Huseen**

**Gorsaan: Tayyee Guddataa (PhD)  
Gorsaa aantee: Alamayyoo Faqqadaa (PhD)**

**Hagayya 2022  
Jimma**

## **Yuunivarsitii Jimmaa Sagantaa Digirii Lammaffaa**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo fi Ogbaruun ittiin guuttachuuf Zeenabaa Huseen, Mataduree “**Xiinxala Asoosama Dheeraa Godaannisa Ija Yaadxina Hawaasummaatiin**” jedhurratti qophaa’e adeemsa barbaachisu guuttee dhiyaatedha.

Maqaa

qoratu \_\_\_\_\_ mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

### **Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Qoraa Keessaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Gorsaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Gorsaa gargaraa \_\_\_\_\_ mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

---

Itti Gaafatamaa Muummee yookiin Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa

## **IBSA**

Ani qorattuun maqaafi mallattoon kiyya armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii kiyya ta'uufi kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hin dhiyaanne ta'uusaa akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Zeenabaa Huseen Mokonnon

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_

## GALATA

Hunda dura hojii qorannoo kana na jalqabsiisee na xumursiisee Rabbii guddaa hundaa ol ta'e galatan galcha.. Itti annsuudhaan, gorsaa koo Dr. Tayyee Guddataa hamiileefi kaka'umsa daangaa hin qabneen dadhabbiif fi nuffii tokko malee yeroo isaanii aarsaa gochuun gorsaafi hubannoo cimaa naaf kennuun hojii koof jabina naaf ta'aniiru. Hamiilee fi dandeettiin ittiin hojjedhu na gonfachiisuun hanga hojiin qorannoo eegalamee xumuramutti deggarsa itti fufiinsaa waan naaf taasisaniif galanni koo daanga hin qabu.

Akkasumas, milkaa'ina hojii qorannoo koof gorsaa fi deggarsa ogummaa naaf kennuun kan na jajjabessan gorsaa gargaaraa koo Dr Alamayyoo Faqqadaa tiif galatanni koo guddaadha.

Dabalataanis, barreessan asoosama *Godaannisa* kan ta'e Dhaabaa Wayyeessaa hojii kalaqa isaatiin jiruufi jireenya hawaasa keessa jiraate muuxannoofi mudannoo isaa waliin walqabsisee waan inni kalaqee mataduree qorannoo koof madda ragaa waan naaf ta'eef osoo hin galateeffatiin bira hin darbu.

Kana malees, qorannoo kana yeroon gaggeessuu kanneen deggarsa yaadaafi hamiilee naaf kennan maatii koof galanni onnee irra madde isaaniif haa ta'u., Kessaattu obboleessa koo Naasir Huseenfi obbo Adaanaa Dheeressaa qorannoo koo kompiteera irratti barreessuun deggarsa naaf godhaniif galanni koo isaaniif mala.

Dhumarrattis, hojii qorannoo kana yeroon gaggeessutti deggarsa hamiilee naaf kennuun na jajjabeessuun cimina kan naaf ta'an ijoollee koo Amiir, Nabiyyuu fi Hawuleet Musbaa galanni koo guddaadha

.

# BAAFATA

|   |    |
|---|----|
| GALATA.....                                     | v  |
| .BAAFATA .....                                  | v  |
| BAAFATA .....                                   | vi |
| <i>AXEREERAA</i> .....                          | x  |
| BOQONNAA TOKKOO: SEENSA.....                    | 1  |
| 1.1. Seendubee Qorannichaa.....                 | 1  |
| 1.2. Ka’umsa Qorannichaa.....                   | 5  |
| 1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....                   | 7  |
| 1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....                      | 7  |
| 1.3.2. Kaayyoo Gooree .....                     | 7  |
| 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa .....          | 7  |
| 1.5. Daangaa Qorannichaa .....                  | 8  |
| 1.6. Hanqina Qorannichaa .....                  | 11 |
| BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU WALFAKKII ..... | 12 |
| 2.1. Maalummaa Ogbarruu .....                   | 12 |
| 2.2. Gosoota Ogbarruu .....                     | 13 |
| 2.3. Asoosama .....                             | 14 |
| 2.4. Tajaajila Hawasummaa Ogbarruu .....        | 16 |
| 2.5. Xiin-hawaasummaa Ogbarruu.....             | 16 |
| 2.6. Ogbarruufi Aadaa .....                     | 19 |
| 2.7. Qeeqa Ogbarruu .....                       | 21 |
| 2.8. Faayidaa qeeqa Ogbarruu.....               | 24 |
| 2.9. Qeeqa Xiin-Hawaasummaa.....                | 25 |
| 2.10. Yaadxina Xiin-Hawaasummaa .....           | 27 |

|  |           |
|--|-----------|
| 2.10.1. Yaadxina Faayidaalessummaa .....                                 | 28        |
| 2.10.2. Yaadxina Waliddaa/Conflict Theory.....                           | 30        |
| 2.10.3. Yaadxina Hariiroo Fakkoomii .....                                | 32        |
| 2.11. Qorannoo Walfakkii .....   | 32        |
| <b>BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA.....</b>                           | <b>34</b> |
| 3.1. Saxaxa Qorannichaa .....  | 34        |
| 3.2. Irraawwatama .....  | 34        |
| 3.3. Madda Ragaalee .....  | 35        |
| 3.4. Iddattoo fi Iddatteessuu.....                                       | 35        |
| 3.5. Mala Funaansa Ragaalee.....   | 36        |
| 3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee .....                                       | 36        |
| <b>BOQONNAA AFUR: XIINXALA GODAANNISA YAADXINA HAWAASUMMAATIIN .....</b> | <b>38</b> |
| 4.1. Cuunfaa Jaargocha Godaannisa.....                                   | 38        |
| 4.2. Xiinxala Gama Hawaasummaatiin .....                                 | 41        |
| 4.2.1. Hariiroo Hawaasummaa kan Mul'isan.....                            | 41        |
| 4.2.1.1. Aadaa kan Mul'isu .....   | 41        |
| 4.2.1.1.1. Aadaa Moggaasa Maqaa .....                                    | 42        |
| 4.2.1.1.2. Nyaataafi Dhugaatii Aadaa .....                               | 42        |
| 4.2.1.2. Hiriyyummaa .....   | 43        |
| 4.2.1.3. Jaalala .....   | 44        |
| 4.2.1.4. Gabbii Mul'isuu .....   | 51        |
| 4.2.1.5. Haaloo Bahuu Mul'isuu .....                                     | 54        |
| 4.2.1.6. Walittidhufeenya Maatii Mul'isu .....                           | 55        |
| 4.2.2. Hariiroo Hawaasummaa kan Faalleessu.....                          | 58        |
| 4.2.2.1. Safuu Hawaasaa Cabsuu.....                                      | 58        |

|   |     |
|---|-----|
| 4.2.2.2. Gantummaa.....   | 63  |
| 4.2.2.3. Jireenya Maatii Jeeqamuu.....                          | 64  |
| 4.2.3. Erga Hawaasaaf Dabarsu .....                             | 66  |
| 4.2.3.1. Barreessaa Ta'uu.....                                  | 66  |
| 4.2.3.2. Barnoota .....   | 70  |
| 4.2.3.3. Ciminaan Hojjachuu.....                                | 70  |
| 4.2.3.4. Aadaa Walgargaarruu.....                               | 71  |
| 4.2.3.5. Tokkummaa Qabachuu.....                                | 72  |
| 4.2.3.6. Itti Gaafatamummaa .....                               | 73  |
| 4.3. Xiinxala Gama Siyaasaatiin .....                           | 74  |
| 4.3.1. Dhiibbaa Sirnaa Bulchiinsaa .....                        | 74  |
| 4.3.1.1. Dhiibbaa Eenyummaa .....                               | 75  |
| 4.3.1.2. Dhiibbaa Afaanii .....                                 | 83  |
| 4.3.1.3. Maqaa Namaafi Lafaa Jijjiiruu .....                    | 84  |
| 4.3.2. Aangootti Sirnaan Fayyadamuu Dhabuu .....                | 86  |
| 4.3.3. Tajaajila Loltummaa Biyyoolessaa.....                    | 88  |
| 4.4. Xiinxala Gama Dinagdeetiin.....                            | 91  |
| 4.4.1. Hiyyummaa .....  | 91  |
| 4.4.2. Qabiyyee Lafairraa Buqqisuu .....                        | 93  |
| 4.5. Dhiibbaa kan Mul'isan.....                                 | 94  |
| 4.5.1. Dhiibbaa Korniyaa.....                                   | 95  |
| 4.5.2. Dhiibbaa Xiinsammuu .....                                | 95  |
| 4.6. Diddaa Mul'atan.....                                       | 96  |
| 4.6.1. Diddaa Sirnaa .....                                      | 96  |
| 4.6.2. Diddaa Namfakkiin Mummee Sammuu Isaa Waliin Taasisu..... | 100 |



|   |     |
|---|-----|
| 4.7. Godaannisa.....                                      | 105 |
| BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO, FI YAADA FURMATAA ..... | 110 |
| 5.1. Cuunfaa.....   | 110 |
| 5.2. Argannoo.....  | 112 |
| 5.3. Yaada furmataa .....                                 | 114 |
| WABIILEE.....   | 116 |
| DABALEE .....   | 119 |

## **AXEREERAA**

*Asoosamni hedduun Afaan Oromootiin barreeffamanii hawaasa bira gahaa jiru. Haata'u malee asoosama Afaan Oromootiin barreeffaman irratti qorannoon yaadxina adda addaa bu'uureeffatee gaggeeffamee ballinaan hin mul'atu. Keessattuu ija yaadxina hawaasummaatiin qorannoon asoosamo Afaan Oromoo irratti gaggeeffame baay'ee muraasa yookaan hin jiru. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa haala jiruufi jireenya ummata Oromoo waliin walqabatee barreessan dhimmoota gama hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee, akkasumas, eenyummaan, aadaafi seenaan asoosama dheeraa 'Godaannisaa' keessatti mul'atan yaadxina hawaasummaatiin xiinxaluudha. Saxaxni qorannoo kanaa saxaxa qorannoo ibsaa ta'ee, mala qorannoon akkamtaatiin gaggeeffame. Maddi odeeffannoo qorannoo kanaas asoosama dheeraa 'Godaannisaa' yoo ta'u madda ragaa tokkooffaadha. Malli ragaan kun ittiin filatames mala iddatteessuu miti-carraa mala kaayyeeffatatti fayyadamuunidha. Haaluma kanaan, Asoosamicha irra deddeebi'in gadifageenyaan dubbisuun dhimmoota hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee, akkasumas, eenyummaan, aadaafi seenaan kaayyoo qorannoo kana waliin walqabatan mala sakatta'a barruutii adda baasuun funaanamaniiru. Ragaalee funaanaman kunis mala xiinxala ragaalee akkamtaa ta'e keessaa, mala xiinxala barruutiin xiinxalamaniiru. Bu'aan qorannoo kana akka mul'isutti, asoosama Godaannisaa keessatti dhimmoonni hariiroo hawaasummaa mul'isan kanneen akka jaalalaa, hiriyyuummaa, gabbii, haaloo, walittidhufeenya maatii yoo ta'an; kanneen hariiroo hawaasaa faalleessan immoo safuu hawaasaa cabsuu, gantummaa, jireenya maatii jeequu akka ta'an qorannoo kanaan adda baheera. Haaluma walfakkaatuun, bu'aan qorannoo kanaa akka agarsiisutti, ergaawwan asoosamicha keessatti hawaasaaf darban immoo kanneen akka barnoota, ciminaan hojjachuu, aadaa walgargaaruu, tokkummaa qabachuu fi itti gaafatamummaa fudhachuu ta'uu bira gahameera. Gama biraatiin immoo, bu'aan qorannoo kanaa akka agarsiisutti, dhiibbaan ummata Oromoo gama siyaasaafi bulchiinsaa, dinagdee, eenyummaafi Afaaniin keessa ture hojii kalaqa kana keessatti qabataman kan dhiyaatan ta'uu xiinxala ragaalee qorannoo kanaan bira gahameera. Dabalatanis, ummanni Oromoo dhiibbaafi miidhaa sirna yeroo sanaatiin irra gahaa ture dura dhaabbachuuf akka dhunfaatis ta'e bifa gurma'een falmii hanga hidhannooti taasisaa turuu isaa barreessan hojii isaa keessatti mul'iseera. Dhuma irrattis, hojii ogbarruu kana kallattii yaadxina biraatiin qorannoo irratti gaggeeffamu akka danda'u akeekameera.*

## **BOQONNAA TOKKOO: SEENSA**

Boqonnaa kana jalatti seendubee ogbarruu fi gahee inni jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu, guddinaafi dagaagina afaan Oromoofi ogbarruu Oromoo irratti dhiibbaawwan turan qaawwa qorannichi guutuuf gaggeeffamu gaaffiileefi kaayyoolee qorannichi deebisuuf gaggeeffamu, barbaachisummaafi daangaa qorannichaa xiinxalamani yaada hayyootaan deggeruun dhiyaataniiru.

### **1.1. Seendubee Qorannichaa**

Dhalli namaa jiruu fi jireenya isaa keessatti yaada, miira, fedhii, hawwii akkasumas mudannoo fi muuxannoo isaarraa ka'ee haala ittiin ibsatufi dabarsatu haala adda addaa jiran keessa tokko Ogbarruudha. Ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaa ta'ee afaaniifi barreeffamaan dhaloota dhalootatti kan darbu calaqqee jiruufi jireenyaa hawaasaati. Ogbarruu keessatti dandeettiin sammuu qooda olaanaa qaba. Sababiin isaas, wanta dhiyeessuun barbaadamee akka namni dhaggeeffatu ykn dubbisu gochuudhaaf karaa adda ta'een dhiyeessuuf dandeettiin sammuu gahee guddaa taphata (Asafaa, 2009).

Haaluma walfakkaatun Asafaan Ogbarruu akka armaan gadiitti ibsa:

Ogbarruun oguma kalaqaa, oguma waa uumuu tahee, kan muuxannoo jiruu fi jireenya keenya haqa irratti ittiin yayyabnu/ bu'ureessinuu fi ammo, akka qabatamutti (comprehended) miidhaagsinee fi faayinee (aesthetics/ artistic beauty) ittiin ibsnudha. Ogbarruun mala ittin waan hawaasummaa bu'aa qabu tokko (social significance) waliif dabarsinu, waan ammo beekumsa ilmaan namaatti waa cobu tokko ittiin waliif galaanu (Asafaa, 2009, ff.21-22).

Akka ibsa kanatti Ogbarruun callaqqee jiruu fi jireenya ummata tokkoo baatee dhalootatti kan darbu, hojii kalaqaa ilma namaa tahuu isaati. Akkasumas Ogbarruun bifa garaagaraan kan raawwatu, waa'ee namootaa namootaan kan qophaa'u calaqqee mudannoo jireenyaaf beekumsa walitti qabee kan waa baatu jiraachuun isaa dubbii afaaniitinis barreeffamaanis kan ta'e, hojii kalaqaati jechuu ni dandeenya.

Haata`umalee, dhalli namaa Ogbarruun barreeffamaa osoo hinjalqabiin dura dhageettii isaa kan ittiin ibsachaa ture og-afaan akka ture ni beekama. Ammas kan jiru kan gara fuuladuraattis

jiraatu. Kanaafuu, Ogbarruun og-afaanis akka ofkeessatti hammatu hubachuun barbaachisaadha (Asafaa, 2009).

Yaaduma kana Fedhasaafi Hundumaa, (2011) yoo ibsan Ogbarruun hojii kalaqaa ilma namaa ta'ee, aadaa, seenaa, duudhaa, siyaas-diinagdee, hawaasummaa, amantaa, falaasamaa akkasumas haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ittiin calaqsifamudha. Kunis, bifa miidhaginaafi ofitti nama harkisuu danda'uun faayamee barreeffamaan yookaan afaaniin kan dhiyaatudha. Ogbarruun afoolaas ta'e, kan barreeffamaa amaloota nama bashaannansiisuu, barsiisuu, kakaasuu, koofalchiisuu, qirqiirsuu, gaddisiisuu, gammachiisuu, amansiisuufi kkf ofkeessaa qabu.

Walakeessa jaarraa 19ffaa keessaa irraa eegalani hayyoonni biyya alaa fi biyya keessaa Afaan Oromootiin qubee Afaan Oromoo, galme'e jechoota Afaan Oromoo, caasluga afaan Oromoo, afoola Oromoo fi maccafa qulqulluu afaan Oromoo barreessuun jalqabii ogbarruu Oromoof gahee tapataniiru (Taye, 2009, f.1). Sirnoota mootummaa biyya kanaa dhufaa darbaniin Afaan Oromoo afaan hojii, barnootaafi barreeffamaa akka hin taaneef dhiibbaan irratti gaggeeffamaa tureera. Haali kun ammo guddinaafi dagaagina Afaan Oromoofi Ogbarruu Oromoo irratti dhiibbaa uumaa tureera. Haata'u malee, sirni cunqursaafi dhiibbaa garaagaraa jiraatus, hayyoonni Oromoo Afaan Oromoon barreessuun guddinaafi dagaagina Afaaniifi Ogbarruu Oromootiif gumaacha olaanaa taasisaa turaniiru (Dassaaleny, 2016, f. 1).

Gama biraatiin, kufaatii mootummaa Dargii boodaa Afaan Oromoo Afaan hojii fi barnoota waan ta'eef, asoosamoonni qubee Afaan Oromootiin maxxanfamanii uumata bira gahaa turaniiru. Kanneen keessaa muraasin isaanii kanneen akka: *Kuusaa Gadoo* bara 1983 ALHtti Gaaddisaa Birruutiin, *Godaannisa* bara 1992 ALAtti Dhaabaa Wayyeessaatiin, *Suura Abdii* bara 1993 ALAtti Kumsaa Burraayyuutiin, *Hawwii* bara 1995 ALHtti Isaayyaas Hordofaatiin, *Dirmammuu* bara 1996 ALAtti Taklee Qinxaxiitiin, *Yaadani* bara 1998 ALAtti Maareme Arqaatiin, *Dhaamsa Abbaa* bara 2002 ALAtti Gaaddisaa Birruutiin, *Kabiir Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo* bara 2004 ALAtti Sa'id Muhaammad Aliitiin, *Gurraacha Abbayaa* bara 2006 ALAtti Dhaabaa Wayyeessaatiin, *Kudhaama Jaalalaa* bara 2008 ALAtti Abraham Tesfaayeetiin, *Imaanaa Eelamtuu* bara 2009 ALAtti Abraham Tesfaayeetiin, *Imimmaan Haadhaa* bara 2007 ALAtti Toleeraa Fiqruutiin, *Fedhii Gamtokkeefi Asoosamoota*

*Gaggabaaboo* bara 2001 ALHtti Gaaddisaa Birruutiin, *Yoomi Laataa?* Bara 2002 ALHtti Isaayyaas Hordofaatiin, *Yeroon Siif Haadhiiftu* bara2001 ALHtti Isaayyaas Hordafaatiin, *Yaada* bara 2010 ALAtti Kadiir Jamal Nabiitiin, *Keenyatu Teenya* bara 2011 ALAtti Kadiir Jamal Nabiitiin, *Dhoksaa Jireenyaa* bara 2011 ALAtti Abdii Fiixeetiin, *Galaa Dhiigaa* bara 2012 ALAtti Abrahaam Jaalataatiin, *Asoosamoota Gaggabaaboo Biroo* bara 2004 ALHtti Gaaddisaa Birruutiin, *Illaa* bara 2007 ALHtti Rahimaa Johaariin, *Miila Hinshokoksine* bara 2011 ALAtti Yaasoo Kabbabaatiiniifi kkf maqaa dhahuun indanda'ama.

Xiyyeeffannoon qorannoo kanas goroowwan ogbarruu barreeffamaa keessaa (asoosama, diraamaa fi walaloo) asoosama irratti fuuleffata. Asoosamni gooroo Ogbarruu keessaa tokko ta'ee, barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessa jiraataniin raawwataman yookiin raawwatamuu danda'an bu'uura godhachuudhaan akka muuxannoofi dandeettii ogumaa kalaquu isaatiin qindeessee barreeffamaan dhiyeessuudha. Asoosamni hojii kalaqa sammuu dhala namaa keessaa tokko ta'ee daawwitii jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan mul'isuudha. Barreessaan asoosamaa addunyaa dhugaa bu'uureeffatee hojii kalaqa isaa kana haala ittiin dubbistoota isaa harkisuufi hawwachuu danda'uun jechoota filatamoo fi miira namaatti dhihoo ta'anitti fayyadame barreessa.

Asafa (2004) dhibbaa hojii barreessaa tokkoo irraa jiru yoo ibsu, "the impacts of both externally imposed socio-political factors and of internally motivated social and historical characters of Oromo tradition on the works of individual writer" jedha (f.13).

Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, sababa hawaas-siyaasa alaan gahuufi hawaasummaafi seenaawwan amaloota barmatilee Oromoo keessoo isaa ka'kasu hojii barreessaa tokkoo irratti dhiibbaa qaba

Haaluma wal-fakkaatuun Asafaa, (2009, f.125) hiika asoosamaa yoo ibsu, "Asoosamni hojii barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisaaf dhiyaatudha. Barreessaan asoosama tokko dhugaa jiruurratti hundaa'ee amala, sansakaa, hubannoofi kkf namoonni hawaasa keessatti qaban sana qooddattoota uffisee ergaasaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsudha", jedha. Barreessichi haawaasicha keessaa kan argameefi hawaasichi kan boce akkasumas haala hawaasichaa kallattii adda addaan hojii isaa keessatti calaqqisiisuuf dirqama akka qabu cimsee hubata. Dhimmoota dinagdee, hawaasummaafi siyaasaa bara sanaatii ala ta'uu hindanda'u

jechuudha. Hawaasicha keessatti sochiileen beekumsaa, tekinoooloojiifi oguuma isa ilaallatu; dhiibbaaleen isaaniis hojii isaarratti nicalaqisa. Walumaagalatti, seenaan hawaasaafi bara barreessichi jiraatee mallattoosaa hojiisaarratti agarsiisuu hinoolu.

Dhaamsa asoosamichi dabarsuu barbaade sana haalaan hubachuuf ammoo asoosamicha dubbisuufi xiinxaluun murteessaadha. Xiinxala taasisuudhaafis, ogummaafi yaadxinoota addaa addaatti gargaaramuun sakatta'uu gaafata. Haaluma kanaan, hojii qorannoo kana keessattis, yaadixanaalee jiranitti keessa yaadxina hawaasummaatti dhimma bahuun hojii ogbarruu kun xiinxalameera. Yaadxinni xiin-hawaasummaa ilaalchoota ijoo sadii ofkeessatti hammata ilaalcha faayidaalessummaa (Functional Perspective), ilaalcha diddaa (The Conflict Perspective) fi ilaalcha fakkoomii (Symbolic Perspective) kanneen jedhamanidha.

The sociology of literature investigates the relationship between a work of literature and the social structure where it is produced. It further examines literary works from social, cultural, political and economic perspectives and explores the symbiosis between society and the author (Mujahid, 2020).

Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, xiin-hawaasummaan ogbarruu hariiroo hojii ogbarruufi caaseffama hawaasaa hojiin kun keessatti kalaqame gidduu jiru xiinxala. Xiin-hawaasummaan ogbarruu, hojii ogbarruu kallattii hawasummaa, aadaa, siyaasaa, fi dinagdee, akkasumas walitti dhufeenya hawaasaa fi barreessaa gidduu jiru xiinxaluudha.

Bifa walfakkaatuun, barreessaan asoosamaa tokkoo hojii barreesuu osoo hin jalqabiin muuxannoofi mudannoo qabu irraa ka'ee dhimma hawaasa keessa jiraatu kalaqa isaatiin akka mul'isu isa taasisu sababa hawaas-siyaasa alaan gahuufi jiruufi jireenya ummanni Oromoo keessa jiru gahee qaba. Waan kana ta'eef, barreessan asoosama '*Godaannisaa*', Dhaabaa Wayyeessaa, jiruufi jireenya ummata Oromoo gama aadaa, afaanii, hawaasaa, siyaasaafi diinagdee sirna yeroo sana keessa ture keessa jiraatee muuxannoofi mudannoo qabu bu'uureeffatee waan hojii isaa kana kalaqeeff dhugaa ummanni Oromoo keessa dabarse hangam akka mul'isu qaacceessuun dhiyeessuudha. Kanaafuu, asoosama '*Godaannisa*' bara 2020 haroomsamee maxxanfame yaadxina hawaasummaatiin haala jiruufi jireenya ummanni Oromoo

gama aadaa, afaanii, hawaasaa, siyaasaafi diinagdee sirna bulchiinsa yeroo sanaa keessa ture xiinxaluun dhalootaaf dabarsuun barbaachisaadha.

## **1.2. Ka'umsa Qorannichaa**

Ogbarruun hojii uumee sammuu ilma namaa ta'ee, ogummaa kalaqaafi muuxannoo jiruuf jireenyaa addunyaa dhugaa ka'umsa godhachuun dhiyaatudha. Akkasumas, barreessan karaa muuxannoofi muddannoo isaa miidhagsee fi gabbisee mala ittiin waa uumee dhiheessudha. Ogbarruun mala ittiin waan hawaasummaa fi bu'aa qabu tokko waliif dabarsinuufi beekumsa ittiin waliif galfannudha (Asafaa, 2009, ff.21-22).

Asoosama Afaan Oromoon barreeffaman irratti qorannoon hedduun dhimma adda addaa irratti gaggeeffamaa akka tureefi jiru ni beekama. Asoosama tokko keessatti dhimma jiruufi jireenyaa hawaasaa tokkoo maal akka fakkaatu xiinxaluun ergaa asoosamicha keessatti dabarsuun barbaadame sana dubbistootaaf dabarsuun barbaachisaadha. Haata'u malee, asoosamoota barreeffamanii uummataaf dhiyaataniifi dhiyaachaa jiran hunda irratti xiinxala gad-fageenyaa gaggeessuun ciminaafi hanqina isaan qaban adda baasanii yoo dhiyeessan bal'inaan hinmul'atu. Hojiilee asoosamaa xiinxaluunfi qeequun guddina afaanichaafis ta'e; dhaamsa asoosamichi dabarsuu barbaade sana karaa salphaafi ifa ta'een dubbistoonni akka hubataniif gumaacha olaanaa qaba.

Kanumatti dabaluun Fiqaaduun, (2012:7) hayyuu Bressler (1994) wabeeffachuun yoo ibsu, 'Hojiilee kalaqaa qeequun firii ogbarruu tokko fudhatanii madaaluufi xiinxaluun akka hubannoof toluuf mijeessuudha' jedha.

Akka yaada kanaatti firii ogbarruu tokko fudhatanii qeequun, xiinxaluuniifi madaaluun, dubbistoonni ogbarruu sanaa haala salphaafi ifa ta'een dhaamsa inni dabarsuu barbaade sana akka hubataniif isaan gargaara yaada jedhu qaba.

Haaluma walfakaatuun, Abrams (1999) yoo qeeqa ogbarruu ibsu "...literary criticism is the overall term for studies concerned with defining, classifying, analyzing, interpreting, and evaluating works of literature," jechuun ibsa (ff. 49-50). Kunis, Qeeqni ogbarruu jecha dimshaashaa qo'annoo hojii ogbarruu tokko ittiin ibsuu, qoqqooduu, xiinxaluu, hiika itti kennuufi madaaluu irratti xiyyeeffata.

Asoosama Afaan Oromootiin barreeffaman irratti qorattoonni yaadxinoota adda addaatti fayyadamuun xiinxalaafi qeeqa ogbarruu gaggeessaa turaniiru. Qorattoonni hojii xiinxalaafi qeeqa ogbarruu yaadxinoonni ballinaan dhimma itti bahaa turan keessas kanneen akka bifiyyee, dhugaa, feemenizimii, kkf eeruun ni danda'ama (Abdiisaa, 2019; Araarsaa, 2018; Abduljabbaar, 2017).

Haata'u malee, hanga yonnaatti kallattii ilaalcha hawaasummaatiin (sociological approach) xiinxalliifi qeeqni asoosama afaan Oromoo tiin barreeffaman irratti gaggeeffame baay'ee xiqqaadha (Dhaabaa 2019; Dassaaleny, 2016; Asafa, 2004). Akka fakkeenyaatti, qorannoo Dassaaleny (2016) xiinxala asoosama *Yoomi Laataafi Kabiir Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo*: Ija Yaadxina Dhugummaatiin dhimma bahuun aadaa, duudhaa, amantaa, siyaas-dinagdee, hawaasummaa, qaroomina, afaaniifi falaasama ummata Oromoo ibsuuf barreessan fayyadame xiinxaleera. Dhaabaan (2019) qorannoo isaa digrii lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruun guuttachuuf asoosamoota dheeroo *Imimmaan Hin Qoorreefi Arraa Gurbaa* jedhaman irratti yaadxina hawaasummaatiin (faayidaalessuummaa, waldiddaafi fakkoommii) dhimma bahuun dhimmoota aadaa, hawaasaa, siyaasaa fi diinagdee xiinxala gaggeesseera. Asafaan (2004) walaloo Jarsoo Waqoo irratti yaadxina hawaasummaatiin dhimma bahuun dhimmoota aadaa, hawaasaa, siyaasaa fi diinagdee xiinxala gaggeesseera.

Dhimmi qorannoo kana waliin walfakkeessus dhimma hawaasummaa ofkeessaa qabaachuu isaa yoo ta'u, garaagarummaan isaanii ammoo Dassaaleny yaadxina dhugummaan kan gaggeesse yoo ta'u, qorannoon kun ammo yaadxina hawaasummaatiin ilaalcha faayidaa, diddaafi fakkoommii bu'uureffatee kan gaggeeffamuu ta'uu isaati.

Asoosamoonni Afaan Oromoon barreeffaman hedduun jiraatanis qorannoon kallattii yaadxina hawaasummaatiin gaggeeffame xiqqaadha. Waan kana ta'eef, qorattuun qorannoo kana asoosama 'Godaannisa' irratti yaadxina hawaasummaatti fayyadamuun akka gaggeessitu kan ishee ka'kaase qaawwa gama kanaan jiru guutuufidha. Kanaafis, qorattuun asoosama dheeraa 'Godaannisa' haaroomsamee maxxanfame keessatti dhimmoonni ka'aniifi kanneen hawaasa Oromoo keessatti mul'ataa turan ija yaadxina hawaasummaatiin xiinxalamaniiru..

Bu'uruma kanaan qorannoon kun gaaffilee qorannoo armaan gadii deebisuuf gaggeeffame.



1. Dhimmoonni hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee Asoosama ‘Godaannisa’ keessatti haala akkamiin dhiyaatan?
2. Dhimmoonni hawaasummaa asoosama ‘Godaannisaa’ keessa jiran jiruufi jireenya hawaasichaa waliin walsimannaan isaanii maal fakkaata?
3. Asoosama ‘Godaannisaa’ keessatti waa’een ummata Orommoo gama eenyummaan, aadaafi duudhaan dhiyaate maal fakkaata?

### **1.3. Kaayyoo Qorannichaa**

Qorannoon kun kaayyoowwan gooroofi gooree armaan gaditti tarreeffaman irratti hunda’uun kan gaggeeffamudha.

#### **1.3.1. Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, yaadxina hawaasummaatiin Asoosama dheeraa ‘Godaannisaa’ xiinxaluudha.

#### **1.3.2. Kaayyoo Gooree**

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:

1. Dhimmoota hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee Asoosama ‘Godaannisa’ keessatti dhiyaatan adda baasu.
2. Dhimmoonni hawaasummaa asoosama *Godaannisaa* keessa jiran jiruufi jireenya hawaasa bara asoosamichi barreeffame keessa jiraatan waliin walsimuu isaanii ibsuu
3. Asoosama ‘Godaannisaa’ keessatti waa’ee ummata Orommoo gama eenyummaan, aadaafi duudhaan dhiyaate ibsuu

### **1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa**

Qorannoon kun kan gaggeeffamu asoosama dheeraa ‘Godaannisa’ jedhamu irratti yaadxina hawaasummaatiin xiinxalame. Bu’an qorannoo kanaanis, haala jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti mul’atuufi asoosamicha keessatti ibsame hariiroo akka qaban adda baasuudhaan ija yaadxina hawaasummaatiin xiinxaluun guddina Ogbarruu Oromootiif gumaacha taasisa.

Karaa biraan ammoo, bu'aan qorannoo kanaa mana dubbisaa keessa yoo taa'e, namoota dhimmoota hawaasummaa keessatti gama faayidaa, diddaafi fakkoommiitiin xiinxala asoosamaa hubachuu barbaadaniif madda beekumsaa ta'ee tajaajiluu danda'a. Barsiisoonni Afaan Oromoofi ogbarruu barattoota isaanii xiinxalaafi qeeqa ogbarruu kallatti hawaasummaarratti akka wabitti fayyadamani barsiisuu danda'u

Dabalataanis, dubbistoonni hojii Ogbarruu, keessattuu asoosamoota dheeraa *Godaannisaa* dubbisan, dhimmoota hawaasummaa asoosama kana keessatti argaman haala salphaadhaan hubachuu akka danda'aniifi beekumsa irraa argatan akkasumas, jiruufi jireenya hawaasichaa waliin walqabsiisaa dubbisuu akka danda'an karaa itti agarsiisa. Haala jiruufi jireenya ummanni Oromoo sirnoota darban keessa gama aadaa, hawaas-siyaasaafi dinagdee keessa dabarse dhaaloonni gara fulduraa barumsa irraa argachuu danda'u. Dhuma irratti, qorattoonni biroo yaadxina hawaasummaa irratti hunda'anii ogbarruu Oromoo irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif madda ragaa ta'ee gargaaruu danda'a.

### **1.5. Daangaa Qorannichaa**

Asoosamoonni Afaan Oromootiin barreeffamanii hawaasa bira gahaa jiran baayinni isaanii yeroo gara yerootti dabalaa jira. Haaluma kanaan, hanqina yeroofi baasii jirurraa kan ka'e asoosamoota afaan Oromoo jiran hundararratti qorannoo gaggeessuun ulfaataadha. Bu'uuruma kanaan, mataduree qorannoo kanaa daangessuun barbaachisaa ta'ee argameera. Kanaafuu, qorannoon kun asoosamoota Afaan Oromootiin barreeffaman keessaa asoosama *Godaannisaa* bara 2020 haroomssamee maxxanfame irratti ija yaadxina hawaasummaatiin xinxaaluu irratti kan daangeffameedha.

Gaazexeessaafi barreessaa Dhaabaa Wayyeessaa (Namoo Daandii) seenaa ogbarruu Oromoo keessatti gumaachi isaa guddaadha. Dhaabaa Wayyeessaa (Namoo Daandii) gaazexeessaa, barreessaa, daarikteera filmii, akkasumas, ogbarreessaa cimaa fi sagalee ummata Oromoo ta'uun waggoota digdamaa oliif VOA raadiyoo sagalee Amerikaa keessatti tajaajilaa tureefi ammas itti jirudha.


Dhaabbata leenjii Saandiskiraayib jedhamu biyya keessatti hundeessuun dhaloota ogumaa artiidhaan akka leenji'an taasisaa jira. asoosamoota *Godannisaa* (maxxansa jalqabaa bara 1992)

fi *Gurraacha Abbayaa* (bara 1996) ala tiyaatira *Gaadidduu Farraa, Dukkanaan Duuba, Faana Miillaa, Fuula Dhokate, Imimmaan, Jennaan* jedhaman Oromoof gumaacheera.

Erga gara Ameerikaa deemees Afaan Ingiliziin Yunivarsiitii Haarvaarditti wayita digriisaa 2ffaa (Master of Fine Arts) barataa turettis fiilmii gabaabaa Ingiliffaa “The Fallen Bit” jedhamu agarsiisaaf dhiyeessuun badhaasawwan gara garaa argateera. Kanamalees fiilmii dabalataa “At The Age Of The Day” jedhamu hojjeteen nama badhaasota gara garaa argatedha.

Dhaabaa Wayyeessaa quuqama guddina aartii Oromootiif qabu gadi baasee agarsiisuuf jechoota warqiin kuulee seenaa dhugaadhaan qoraasee imala aartii Oromoo tarkaanfachiisaa kan jiru yoo ta’u, yeroo ammaas Raadiyoo Ameerikaa (VOA) kutaa qophii Afaan Oromoo keessatti maqaa Namoo Daandii jedhamuun hojjetaa jira.

Asoosamni *Godannisa* irra deebi’in bara 2020 kan maxxanfamee yoo ta’u, kutaa yookaan boqonnaalee 39 ta’utti kan qoodamee fi fuula 546 kan qabuudha.



## 1. Hiika fakkii Qola Asoosama Godannisa

Qola asoosama Godannisa irratti dubartii adda ishee irratti godannisa mada'ee hodhamee fayyetu mul'ata. Fuulli dubartiitti dukkana keessatti ifee mul'ata yookaan dukkana ibseera.

Qubni harkaa qalama qabe waraqaa adii irratti barreessaa jirus dukkana kana keessaa mul'ata. Akka waliigalatti seenaan kun seenaa dukkana keessattii ifee mula'atu, dhiibbaa fi miidhaa ummata Oromoo irratti sirnoonni darban qaqqabsiisaa turan godannisni isaas karaa barreessichaatiin barreeffamuu isaa mul'isa.

### ***1.6. Hanqina Qorannichaa***

Qorannoo kan gaggeessuuf qorattuu hanqinaalee gama adda addaatiin ishee muddateera. Isaan keessas muuras eeruuf hanqina bajataa, humna, yeroo fi hanqina madda qorannoo kana waliin walfakkaatan qorannoon biraa dhibuu isaati. Kitaabni asoosamaa qorannoon kun irratti gaggeeffame qabiyyeen isaa bal'achuufi fuuli isaa baay'achuun irraa kan ka'e irra deddeebi'in dubbisee xiinxaluuf yeroo hedduu fudhateera.

## **BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU WALFAKKII**

Boqonnaa kana jalatti yaada hayyoonni adda addaa maalummaa ogbarruu, asoosama, qeeqa ogbarruu, yaadxina qeeqa ogbarruu ilaalchisaanii kennan sakatta’ameera. Kitaaboleen hayyoota adda addaan barreeffaman, qorannoowwaaniifi joornaaliiwwaan adda addaa; akkasumas, odeeffannoowwaan toora interneetiirraa argaman haala qabatamaa matadurichaan walsimsiisuun kan xiinxalamanidha. Dhumarratti qorattuun odeeffannoowwan madda adda addaarraa argaman kanneen yaada mataashees itti kennuun walsimsiisaa deemtetti.

### **2.1. Maalummaa Ogbarruu**

Ogbarruun hojii kalaqa dhala namaa ta’ee jiruufi jireenya Addunyaa kanaa seenaa, aadaa, duudhaa, Afaaniifi eenyummaa isaa kan hawaasichi akka daawitiitti ittiin keessatti of ilaaluufi ibsudha. Akka Asafaan (2009) ibsetti, dhimmiifi ka’umsi Ogbarruu jiruufi jireenya ilma namaati. Kunis, kalaqa sammuu ta’ee ogummaafi dandeettii, dhageettii keessoo kan ibsu ta’uunsaa wal nama hingaafachiisu. Kunis, bifa miidhaginaafi ofitti nama harkisuu danda’uun faayamee barreeffamaan yookaan haasawaan kan dhiyaatudha. Kanaafuu, Ogbarruun hojii kalaqaa dhalli namaa barreeffamaan kalaqee waa’ee jiruufi jireenya isaa lafa kaa’uun walii isaaf bifa bashannansiisaafi gammachiisaa ta’een kan dhiyeessu jechuun ni danda’ama.

Ogbarruun oguma umurii dheeraa qabu waan ta’eef, qorannoon garaa garaa bal’inaan irratti gaggeeffameera. Yaadniifi mormiiwwan adda addaas irratti dhiyaataniiru. Haala bal’ina Ogbarruu, faayidaa fi maalumma isaarratti waan hedduun jedhaamera (Asafaa, 2009, f. 16). Haaluma kanaan, Asafaan (2009) Ogbarruu yemmuu ibsu akkas jedha:

Ogbarruun waa’ee ummataa ummataaf deebisee kan dhiyeessu, daawitii jiruu fi jireenya dhala namaa kan ibsuudha. Waa’ee jiruu fi jireenya/ finna ummataa waan ta’eefis hayyuulee Ogbarruu biratti hiikawwan adda addaa kennanii jiru. Gabaabumatti, yaad-rimeen Ogbarruu bal’aa, umuriidhaanis dheeraa fi xiyyeeffati isaas jiruu fi jireenya/ finna ummataa ta’uun isaa, Ogbarruun hiika adda addaa akka qabaatu taasiseera (ff. 16-17).

Yaada hayyuu kanaa oliirraa waanti hubatamu danda’amu ogbarruun jiruufi jireenya ilma namaa ta’uu isaa fi kan isuma deebisee ummataaf kan dhiheessuu ta’uu isaati.

Maalummaa Ogbarruu ilaalchisee Biraanuun (2009) yoo haala armaan gadiitiin kaa'uu:

The term written literature is used to refer to a body of imaginative literature committed to writing or presented in the form of printed words. Hence the basic distinction between oral literature and written literature is that in the former the artist conveys his or her ideas verbally whereas in the latter, the artist conveys his or her ideas through writing (f. 18).

Yaada kana irraa akka hubatamutti, Ogbarruun hojii kalaqqii dhala namaa bifa barreeffamaan jiruu dha. Garaagarummaan inni afoolaan qabu, afoolli afaaniin kan dhiyaatu yoo ta'u, Ogbarruun immoo barreeffamaan kan dhiyaatu ta'uu isaati.

Haaluma walfakkaatuun, Fedhasaan (2017) hiika Ogbarruu yoo ka'uu, "Ogbarruun kalaqa sammuu namaa ta'ee, jechoota filatamoodhaan yaada barbaade afaaniinis ta'e barreeffamaan mi'eessee miidheksee kan dabarsuudha. Kanaafuu, Ogbarruun kalaqa barreeffamus kan afaaniin himamus nidabalata. Ogbarruu Oromoo ija kanaan yoo ilaalle afoolaafi barreeffama haammachuurratti waliigaluun nidanda'ama," jedha (f. 13). Ogbarruun afoolaa kunis, aadaa, seenaa, duudhaa, amantaafi falaasama akkasumas haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo dhaloota irraa dhalootatti haasawaan kan darbu yoo ta'u, Ogbarruun barreeffamaa ammoo hojii uumee ilma namaa kan barreessaan Ogbarruu tokkoo waantota addunyaa haqaa keessatti mul'atan addunyaa arga-yaadaa keessatti haala miidhagina qabuun faayee akkaataa sammuu dubbistootaatti toluun bocee barreeffamaan kan dhiyyeessu hojii kalaqaati.

Ummanni Oromoo seenaa Ogbarruu umurii dheeraa afoolaan malee barreeffamaan hinqabu. Haata'u malee, bara 1991 as gosoonni Ogbarruu barreeffamaa baay'innisaanii hintuffatamne barreessitoota garaagaraatiin dhiyaataniiru. Kanneen keessas, asoosamni 'Godaannisaa' kan qorannoon kun irratti gaggeeffame isa tokkodha.

## ***2.2. Gosoota Ogbarruu***

Akka waliigalaatti Ogbarruu akka hojii kalaqaatti yoo fudhanne bakka gurguddaa lamatti goodnee laaluu dandeenya. Yaaduma kana kan fakkaatu Fedhesaanis (2017) yoo kennu:

Bifa ittiin dhiyaaturratti hundaa’uun Ogbarruu bakka gurguddoo lamatti qooduu dandeenya. Isaanis Ogbarruu afoolaafi Ogbarruu barreeffamaati. Afoolli bifa himiinsaan yeroo dhiyaatu, Ogbarruun barreeffama ammoo waraqaarratti barruun dhiyaata. Afoolli sammuu keessatti yaadamee kalaqamuun afaaniin himama. Kan barreeffamaa garuu waan yaadametu waraqaarra kaa’amuu dubbistootaaf dhiyaata. Afoolli oduu durii, sheekoo, hibboo, mammaaksaafi wantoota kana fakkaatan ofjalatti haammata. Ogbarruun barreeffama ammoo asoosama, walaloofi diraamaatti hirama (f. 31).

Yaada hayyuu kanarraa waanti hubatamu, ogbarruun waan afaaniin himiinsaan dhaloota dhalootatti darbuufi kan barreeffamaati. Garuu xiyyeeffannaan qorannoo koo ogbarruu barreeffamaa kan ta’e asoosama dheeraa irratti xiyyeeffata.

Yaada kanas Biraanuun (2013) akka kanaa gadiitti ibsa;

Generally speaking, creative literature exists in two major forms. These are oral literature (verbal art) and written literature. Each of this is further divided into genres and subgenres. According to various scholars in the field of literature, a genre is a term used in literary criticism to designate the distinct types or categories into which literary works are grouped according to form or technique or some times, subject matter (f. 12).

Akkuma yaada hayyuu kanaatiin ibsame Ogbarruun kalaqaa afoolaafi Ogbarruu barreeffamaa jedhamee bakka lamatti qoodama. Isaan kunneen lamaanis akaakuu Ogbarruu gurguddaafi xixiqqaa garaagaraatti qoqqoodamuu danda’u. Akka hayyoonni Ogbarruu hedduun ibsanitti akaakuun Ogbarruu jecha qeeqoo Ogbarruun walqabatu ta’ee, gosoota Ogbarruu unkaafi akkaataa dhiyaannaa isaanii irratti hundoofnee amala walfakkaataa kanneen qaban akaakuu tokko jalatti fiduudha.

### **2.3. Asoosama**

Asoosamni dameewwan Ogbarruu keessaa tokko ta’ee barreessaan dhugaa addunyaa irratti hundaa’uun hojii kalaqa sammuu isaa baasee ittiin mul’isudha. Asoosamni kalaqa sammuu dhala namaa ta’ee, addunyaa dhugaa bakka bu’a jedhamee, haala miira namaa harkisuu danda’uun kan barreessaan uumame dha. Dabalees, namoonni asoosama kan barreessaniif dhugaa hawaasa keessa jiru ittiin ilaaluuf, ittiin xiinxaluuf, ittiin beeksisuuf akkasumas, haala



jiruufi jireenyta hawaasa tokkoo ittiin walbira qabuun waldorgomsiisuuf gargaara. Asoosamaaf beektonni hiika adda addaa kennaniiru. Fedhasaan (2013) yoo ibsu, “Asoosamni ergaa yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenyaa keessatti kaasee kan mul’isuudha,” jedha (f. 67). Asoosamni sanyii Ogbarruu barreeffamaa ta’ee, hojii kalaqa sammuu ilma namaa kan bu’a ba’ii hawaasaa adunyaa kana keessatti qunnameefi qunnamuu danda’u uumeefi qindeessee bifa qabatama ta’een kan hawaasaaf dhiyeessudha.

Asoosamni madda yookiin ka`umsa kan taasifatu, taatee hawaasa keessatti dhugumaann muul`ataa turan akkasuma muul`ataa jiraniidha. Yaaduma kana hayyuun Asaffaa (2009) jedhamu yoo dhugoomsu “Asoosamni hojii barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisaaf dhiyaatudha. Barreessaan Asoosamaa tokko, dhugaa jiru irratti hundaa`ee amala sansakkaa (personality) hubannoofi kan kana fakkaatan, namoonni hawaasa keessatti qaban sana, qoodattoota uffisee ergaa isaa dubbistootaaf ittiin kan dabarsuudha” jedha (ff. 125-126). Kana jechuun barreessaan dhugaa hawaasa keessaa jiru, ogummaa mataa isaatti fayyadamee, karaa namoota Addunyaa Asoosamaa keessatti uummateen midhagsee dubbistootaaf dhiheessudha. Kanaaf ergaan Asoosamichaa, galma kaayyeeffameef akka gahu, gahumsi kalaqa barreessaa iddoo guuddaa qaba

Asoosamni qabiyyeefi dhaamsa qabatee kalaqame irratti hundaa`uun Asoosamoota dheeraafi gabaabaa jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Asoosamni dheeraan bu`aa ba`ii jireenya ilma namaa, muudannoofi muuxannoo isaa akkasuma, wantoota keessa darbe walitti qindeessee, lubbuu itti uumee haala qabatamaa ta`een deebisee hawaasaaf dhiyeessa.

Asoosamni dheeraan tokko yoo xinnaate jechoota hanga 50,000 irraa eegalee kalqamuu qaba; kuni immoo ergaa bal`aa akka hammatu isa taasisa. Kana malee Asoosamni dheeraan, Asoosamoota kaawwan irraa bal`aa kan ta`eeff namfakkoota hedduun, dhaamsa bal`aa karaa jaargocha wal xaxaan barraa`ee kan dhiyaatudha. Haa ta`uu malee, Asoosamni gabaabaan, hojii kalaqa sammuu barreessaa ta`e ta`iinsa tokko irratti hundaa`uun namfakkoota muraasaan dhimma tokko kan seenessuudha. Asoosamni ‘Godaannisaa’ kan qorannoon kun irratti gaggeeffamu gosa asoosama dheeraa jalatti ramadama.

## **2.4. Tajaajila Hawasummaa Ogbarruu**

Akkaataa yaada Maiga fi Coulibaly, (2016) tajaajila ogbarruun hawaasaaf kennu yoo ibsu;

At first, the main social function of literature was religious and ritualistic in the Ancient World. The writings of that period were about religious beliefs and practices of a given people, of a given culture. Another key social function of literature is that it serves as a communicative tool and an act of communication in any society (f. 200). jedhu.

Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, addunya durii keessatti ogbarruun tajaajila amantiifi sirna amantaa hawaasaaf kennuudha. Ogbarruun yeroo sana keessas waa'ee amanuu amantaa aadaa gartuu hawaasa tokkooti. Gama biraan ogbarruun meeshaa odeeffannoo fi madda odeeffannoo hawaasaa ta'ee tajaajila.

Haala biraatiin, Maiga fi Coulibaly, (2016) gahee barreessan ogbarruu hawaasa keessatti qabu yoo ibsan;

Thus, the writer as a literateur should serve the people and the society in which he lives. This, in other words, means that the very act of writing implies a social relation and a social function because the writer should be the voice and the eyes for the voiceless and the masses. A writer or artist cannot be excused from the social task and responsibility that he or she must assume by writing about the socio-cultural, economic and political landscapes and realities of his or her society, jedhu (f.200).

Akkaataa Yaada kanaa olitti, barreessan ogummaa ummata keessa jiraatu tajaajilu qaba. Barreessuun hariiroo hawaasummaa fi tajaajila hawaasaa jechuu yoo ta'u barreessan immoo sagalee fi ija warra sagalee hin qabne fi kan ummata bal'atti. Barreessan waaa'ee hawaas-aadaa, dinagdee fi siyaasaan dhugaa ummata isaa barreessuun gahee fi itti gaafatamummaa hawaasummaa isaa irraa bilisa ta'uu hin danda'u.

## **2.5. Xiin-hawaasummaa Ogbarruu**

Jiruufi jireenya hawaasa keessatti Ogbarruun faayidaa adda addaa qaba. Ogbarruun bu'aa jiruufi jireenya hawaasa tokkoo akka ta'eefi wanti achi keessaa calaqqisus waan hawaasa sana keessatti bifa kallattiinis ta'e alkallattiin jiru malee waan addaa kan hawaasa sanaaf keessummaa ta'e kan

nuuf dhiyeessu miti. Dhimmoonni hawaasummaa dhimmoota jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti mul’ataniidha. Kan hawaasichi itti jiraatuufi ittiin jiraatuudha. Isaanis: hariiroo hawaasaa, afaan, aadaa, amantii, duudhaafi kanneen birooti.

Akkaataa Asafaan (2004) addeessutti, “the sociology of literature poses questions that relate to the social functions of literature: what does literature do in society? does it reflect, more or less directly, the existing sociocultural and political order of the society?” jedha (f. 41). Akka kanatti, xiin-hawaasummaan Ogbarruu gaaffiilee tajaajila hawaasummaa Ogbarruu kaasuu, Ogbarruu hawaasa keessatti maal hojjeta? kallattiin taateewwan hawaasa keessa karaa hawaas-aadaa fi siyaasaa jiru ni calaqisaa?

Haaluma walfakkaatuun, Asafaan (2004) yoo ibsu:

The idea of considering literature as a social practice is perhaps unquestionable. This is so because in such a time of rapid and radical changes literature, as it seems, is not the intellectual and imaginative product of an isolated individual sitting by him/her self and passively reflecting on the daily activities of man in relation to his surroundings. It is rather a cultural creation of a social group with whom the artist identifies himself, and for whom he is a spokesperson, as argued by several literary/social theoreticians. The changes that occur to man are social, economic, political, cultural and religious in their nature jedha (f. 41-42).

Yaada kana irraa hubachuun kan danda’amu, Ogbarruun akka hojjimata hawaasaati fudhachuun yaada gaaffii keessa galu miti. Kunis sababni isaa yeroo kanatti jijjiiramni bu’uuraafi arifachiisaa Ogbarruu bu’aa kalaqa beekumsaa dhunfaa taatee guyyaa guyyaa hawaasa keessa jiraatuu irraa adda bahe calaqisuu akka hin taaneedha. kunis, barreessaan Ogbarruu hojii kalaqa isaatiin aadaa haraa hawaasa keessa jiraatuu akka calaqsu beektoonni yaadxina Ogbarruu ykn hawaasummaa ni addeessu. Jijjiiramni nama irratti mul’atus kan hawaasummaa, dinagdee, siyaasaa, aadaa fi amantii dha. Kunis, barbaachisummaa hawaasummaa Ogbarruu mul’isa.

Haaluma walfakkaatuun, maalummaa Ogbarruu Asafaan (2009) yoo ibsu “Ogbarruun waa’ee uummata tokkoo uummataaf deebisee kan dhiheessu, daawwitii jiruufi jireenya ilma namaa akka ta’eefi hariiroo cimsuu keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaati” jedha. Kunis, Ogbarruun

hawaasa tokkoof daawwitiidha yammuu jennus kan hawaasichi ofiisaa, akkasumas dhimmoota jiruufi jireenyasaa ilaallatan keessatti argatee of jajjabeessu ykn of ceepha'u jechuudha. Ogbarruun hariiroo cimsa yammuu jennus, hariiroo hawaasichi waliin, uumaafi uumamaa wajjin qabu ta'uu mala. Hariiroon kunis kan hawaasicha biratti fudhatamu ykn balfamu ta'uu danda'a. Hariiroo kana fakkaatu Ogbarruun agarsiifnee miseensi garee hawaasichaa akka ittiin of beeku, of hubatu, ofilaalu, waan hariiroo cimsuufi laaffisu adda baafatuufi sansaka qajeelaa akka qabaatu taassisuu keessatti Ogbarruun bu'aa guddaa qabaachuusaa yaada kanarraa hubanna.

Gahee Ogbarruun hawaasa keessatti qabu Asafaan (2004) yoo ibsu "If authentic literature derives from the real life situation of the people and is determined by it, literature also refers to the culture of the people. That is, literature affects the society and also affected by it" jedha (f. 13). Yaadni kunis, Ogbarruu yoo haala dhugaa qabatamaa jiruufi jireenya hawaasa irra madde fi ittiin murta'uu ta'ee, Ogbarruu aadaa hawaasaa kan ibsuudha. Kanaaf, hojiin Ogbarruu hawaasa irratti dhiibbaa kan qabuufi hawaasnis Ogbarruu irratti dhiibbaa qabachuu hubanna.

Haala biraan, Tyson (2006) faayidaa Ogbarruu yoo ibsiti, "Literature conceived as a laboratory of human life," jetti (f. 5). Akka yaada kanaatti Ogbarruun jiruufi jireenya dhalli namaa keessa dabarse kn mul'isudha. Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu Ogbarruun jiruufi jireenya dhalli namaa keessa dabarse akka daawwiititti kan mul'isu ta'uu ibsa. Sababnisaas, Ogbarruun haala jiruufi jireenya hawaasni tokko keessa dabarse muuxannoo fi mudannoo isaanii kan agarsisu ta'uu isaati. Kanaaf, hawaasni tokko Ogbarruu dhimma isaa irratti xiyyeeffatee barreeffame yoo dubbisu eenyummaasaa isaa dhugaa keessatti argata jechuudha.

Haaluma walfakkaatuun, Maiga fi Coulibaly (2016) yoo hariiroo Ogbarruufi hawaasni waliin qabu dhugoomsan," literature is by nature linked to the society in which the writer lives, for he is highly inspired and guided by the social realities, as well as the environment which plays an important role in the artistic and literary production or creation" jedhu (f. 1).

Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu barreessaan Ogbarruu dhugaa hawaasa keessa jiraatu (haala jiruufi jireenya hawaasa keessa jiraatuu) hojii kaalaqa isaatiin uumee waan mul'isuuf Ogbarruun walitti hidhaminsa hawaasa waliin qabaachuu isaati.

Gahee ogbarruu ilaalchisee Ogundokun (2021) yoo addeessu, “Literary works are not only for entertainment, they express ideas, pass information, and transmit culture and tradition from generation to generation, preserving and promoting cultural heritage as well as teaching moral values “ jedha. Yaada kanaan, hojiin ogbaruu bashanaanaaf qofa utuu hin taane, yaada ibsuuf, odeeffannoo dabarsuu, aadaa fi barmaatilee dhalootaa dhalootatti dabarsuuf, hambaalee aadaa tursiisuu, beeksiisuu, akkasumas, duudhaalee barsiisuudha.

Walumaagalatti, Ogbarruun kalaqa sammuu ilmoo namaa ta’ee ogumaafi dandeettii, aadaa ,duudhaa, falaasamaafi haala jiruufi jireenyaa akkasumas dhageettii keessoo ofii kanneen akka gaddaafi gammachuu ittiin ibsachuuf, sammuu gabbisuu, ija banachiisuu, bashannansiisaa barsiisuu, eenyummaa hubachiisuu, bal’isanii akka yaadan gochuu, onnachiisuu, aadaafi duudhaa hawaasaa dhalootaaf dabarsuu, falaasamaafi seenaa duraanii as fiduun jiruu har’aa qajeelchuufi kanneen kana fakkaataniif gargaaruu danda’a. Dhimma hawaasaatiinis waan walqabatuuf dhaggeeffachuu yookaan dubbisuuf garmalee qalbii namaa haawwata. Kanarraa kan ka’e hayyoonni hedduun, Ogbarruun hojii hawaasaan hawaasa keessatti kalaqamee hawaasichuma deebisee calaqqisiisuusaarratti waliigalu. Waan kana ta’eef, qorannoo kanaan asoosama ‘*Godaannisaa*’ keessatti dhimmoota hawaasummaa waliin walitti hidhaminsa qaban sakatta’uun argaman xiinxaluun dhiheessuudha.

## **2.6. Ogbarruufi Aadaa**

Aadaan tuutaa dalagaalee, seerotaa fi safuu garee hawaasa yookiin lammii tokko adda baasee mul’isuu dha. Akkasumas, mallattoolee, duudhaalee, amantaalee, barmaatiilee, ogummaa fi beekumsa hawaasa tokkoo kan of keessatti hammatudha.

Yaada kana Le Roux (1998, f.104) akkas jechuun ibsa “the universal distinguishing, characteristics, products, values, traditional customs, symbols and acquired aspects of a specific human society. Material culture includes objects, technology and arts, while non material culture refers to language and other symbols, knowledge, skills, values, beliefs and customs.”

Ummanni tokko aadaa, duudhaa, seenaa safuu, afaan, siyaasa, falaasama fi olte bultee gabbataa mataa isa qaba. Dhimmotni akkasii immoo calaqqee jiruufi jireenya saba tokkooti. Sabni tokko saba kan biroo irra wanti adda isa taasisuu jarren kanaafi kan kana fakkaataniidha. According to

Merriam-Webster dictionary the meaning of culture is the customary beliefs, social forms, and material traits of a racial, religious, or social group (<https://www.merriam-webster.com/dictionary/culture>). Akkaataa yaada kanatti, hiikoon aadaa barmaatilee amantaa, gurmuu hawaasaa, fi meeshaalee mul'isuu qaccee, amantii, yookaan gareehawaasaa dha.

Aadaan wantoota jiruu fi jireenya saba tokko calaqqisiisan waan hedduu of keessatti qabachuu danda'a. Fakkeenyaaf: aadaa fuudhaa fi heerumaa, aadaa sirbaa, aadaa uffataa, aadaa nyaata fi dhugaatii, aadaa akkaataa rifeensa sirreeffachuu, aadaa du'aa fi awwaalchaa, fi kkf dha. kannen hundi akkaataa aadaa hawaasichaan, akkaataa seeraa fi adeemsa adda ta'e kan hawaasichaa qaba.

Ogbarruun hojii kalaqa ilma namaa ta'ee kan barreessan aadaa hawaasa keessa jiraatu kaasee ittiin mul'isu waan ta'eef walitti hidhaminsa aadaa waliin qaba.

Akkaataa Maiga fi Coulibaly, (2016) hariiroo ogbarruufi aadaa gidduu jiru ibsanitti,

Literature is not separated from culture because it is from culture that literature derived. Literature and culture are interdependent and some even say that they are the same because the former reflects and promotes the latter through songs, legends, myths, dances, poems, plays, novels and essays in written words or texts. For instance, the culture of a people is expressed through the literature of that group of people and is better understood by them because each people has a different way, their cultures are consequently different too (f.199).

Akkaataa yaada hayyoota kanatti, ogbarruun aadaa irraa adda hin bahu, ogbarruun aadaa irraa madda waan ta'eef. Ogbarruufi aadaa kan wal irratti hirkatan yoo ta'u ogbarruun karaa sirba (songs), dur- durii (myth), oduu durii (legend), daansii (dances), walaloo (poems), dowii (plays) novels and essays (asoosama fi barruu) barreeffamaafi ergaa jechaatiin aadaa kan calaqqisuufi jajjabeessuudha. Fakkeenyaaf, aadaan ummataa kan ibsamu karaa ogbarruu garee ummata abbaa aadaa sanaan kan hubatamu fi aadaa isaanis kan biraa irraa addadha.

Dabalatanis, Maiga fi Coulibaly, (2016) walitti dhufeenya ogbarruufi aadaa yoo addeessan;

In some places, customary beliefs are predominant. In such places, most of their literature would be on their customs. Those customary beliefs could be in social forms: social values, religious trends, beliefs, ritual ceremonies and other practices. Based on this, people can conclude that literature, be it oral or written, is tightly bound to culture and vice versa and, the substance of any literature is the culture that is responsible for its production and existence. In other words, no appropriate appreciation or analysis of any literature can actually be effective comprehensively if it does not understand and take into account the cultural dimension and parameters. This signifies that literature is the vehicle of culture and culture is the source and root of literature (f.199).

Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, iddoolee barmaatiilee amantaa iddoo guddaa qabutti ogbarruun isaanii duudhaalee isaanii calaqqisa. Barmaatilee amantaa hawaasaa kunis: sona hawaasaa, amantii, amantaa, sirna ulfoo, fi kan biroodha. Bu'uuruma kanaan, ogbarruun barreeffamaas ta'e afoolaa hidhata cimaa aadaa waliin kan qabufi kalaqaafi jiraachuu ogbarruu kamiifuu aadaan gahee qaba. Jecha biraan, waliigala sirnaan ulfatiina yookaan xiinxala ogbarruu kamiyyuu qabatamaan bu'aa-qabeessa hin ta'u yoo gama ulagaalee aadaaf hubannoofi xiyyeeffannaa hin kennine. Kunis kan mul'isu ogbarruun dabarsaa aadaa yoo ta'u, aadaan immoo maddaafi hundee ogbarruudha.

Bu'uuruma kanaan, dhimmoota aadaa hawaasaa kanneen asoosama *Godaannisa* keessatti haala isaan itti calaqqisani fi dhugaa jiruu waliin gama qeeqa hawaasummaan yammuu ilaalluu hammam akka waan hawaasa Oromoo ifa baasee akka calaqqisiise qorannoo kana keessatti xiinxalamu ta'a.

## **2.7. Qeeqa Ogbarruu**

Maalummaa yaadxina yookaan qeeqoo Ogbarruu ilaalchisee hayyoonni Ogbarruu yeroo garaagaraatti hiika dhuunfaasaanii kennaa turaniiru. Hiika kennaa turaniinis yaadrimeewwan 'yaadxinaafi qeeqa' jedhan adda baasanii ibsuuf hedduu rakkachaa turan. Xiyyeeffannoosaanii kanaanis hiika dhuunfaatti yaadrimmeewwan kunneen qabanirratti hundaa'anii addaddummaasaanii bal'isuu caalaa walitti dhufeenyasaaniirratti cichuun hiika waliigalaa kennuurratti waliigalu.

Bu'uuruma yaada kanaatiin Golban fi Ciobanu (2008) waa'ee yaadrimeewwan kanneenii yoo ibsan:

Literary criticism is the study or analysis or investigation or approach to particular literary texts on both thematic and structural levels. While literary theory develops and offer general methodologies and principles of research of the literary phenomena. In matters of subjectivism and objectivism literary theory is designated as sciences, requiring normative and methodological objectivism whereas literary criticism allows subjectivism to intermingle with objective reasoning, art with science, fusing in one discourse the personal responses to literature and the scientific research, but what the critical discourse requires most is the accurate balance between the subjective and objective component, jedhu (f. 4).

Akka ibsa armaan oliitti yaadriwwan lamaan hiikaanis haata'an gochaan walirratti hundaa'u. Xiyyeeffannoon qeeqa Ogbarruu, barruu Ogbarruu tokko qorachuu yookaan xiinxaluu yookaan ergaa yookaan sadarkaa caasaasaa agarsiisuu ta'ee hojii Ogbarruu tokko yaadxina filatame tokkoon walunachiisanii dhiyeessuudha. Yaadxinni Ogbarruummoo malleeniifi qajeeltoowwan qorannoo Ogbarruu waliigalaa kan barruun Ogbarruu tokko irra dhaabbatamee xiinxalamu yookaan qaaceffamuudha. Kunis qeeqni Ogbarruu, yaadxina Ogbarruu bu'uura godhatee gaggeeffamuusaa nutti agarsiisa. Kanarraa ka'uun yaadxinni Ogbarruu saayinsii sadarkaafi malleen qorannoo Ogbarruu qabatamoo fayyadamuu kan ilaallatu yoo ta'u, qeeqni Ogbarruummoo, yaadxina Ogbarruu filatame tokkorraa ka'anii qeeqa dhuunfaa ofii barruu Ogbarruu tokkorratti kennuudha. Haata'u malee, qeeqni yammuu gaggeeffamu madaallii sirriin ilaalcha dhuunfaa nama hojii Ogbarruu sanaa qeequufi dhugaa saayinsiin mirkanaa'e gidduu jiraachuun dirqama. Kana malees, Tyson (2006) hariiroo yaadxina Ogbarruufi qeeqa Ogbarruu yoo ibsitu:

Critical theory (literary theory) tries to explain the assumptions and values up on which various forms of literary criticism rest. When we interpret a literary text, we are doing literary criticism, when we examine the criteria up on which our interpretation rests, we are doing critical theory. Simply put, literary criticism is the application of critical theory to a literary text, jetti (f. 6).



Akka hayyuun kun ibsitutti yaadxinni Ogbarruu yaadoleefi sonaawwan qeeqni Ogbarruu tokkorra hundaa'ee gaggeeffamuudha. Barruu Ogbarruu tokkoof hiika yammuu laannu qeeqa Ogbarruu hojiirra oolchaa jirra. Ulaagaan nutirratti hundoofnee hojii Ogbarruu sanaa hiiknummoo yaadxina Ogbarruuti. Salphaadhumatti, qeeqni Ogbarruu hojii Ogbarruu tokko yaadxinaalee garaagaraatiin ilaaluudha.

Yaaduma kana Golban fi Ciobanu (2008) yoo ibsan akkas jedhu:

Literary theory and literary criticism are interrelated and interdependent, and coexist in the field of literary studies as bound by their major and common object of study, which is the literary work. Their interrelationship and interdependence form a permanent circular movement from literary criticism to literary theory and from literary theory to literary criticism (f. 5).

Kunis, yaadxinni fi qeeqni Ogbarruu walitti dhufeenya kan qabaniifi kan wal utuban ta'anii dirreen qorannoosaanii inni guddaafi dhaabbataan hojii Ogbarruurratti qofa kan daangeffameedha. Hariiroofi walutubbiin gidduusaanii jiru kunis akka sochii marsaa geengootti ilaalama. Sochiin marsaa geengoo kunis qeeqa Ogbarruurraa gara yaadxina Ogbarruutti; yaadxina Ogbarruurraas gara qeeqa Ogbarruuttikan raawwatamaa deemuudha.

Walumaagalatti, yaada hayyoota kanarraa wanti hubatamu qorannoo hojii Ogbarruu tokko keessatti yaadxinnifi qeeqni Ogbarruu dhimmoota baay'ee barbaachisoo ta'anii hojiirra ooluufis walittii gargar bahuu kan hindandeenye tahuusaaniiti.

Qeeqni Ogbarruu hojii kalaqaa nama tokkoo qaaccessuudhaan madaaluu akkasumas, hiika itti kennuun murtee tokkorra gahuu akka ta'e ibsa. Baldick (2001) qeeqa Ogbarruu yoo ibsu, "Literary criticism is analysis of its structure and style, judgment of its worth by comparison with other works, estimation of its likely effect on readers and the establishment of general principles by which literary works (individually in categories or as a whole) can be evaluated and understood." jedha (f. 43). Akka yaada kanaatti, barreeffama kalaqaa keessatti caasaa akkaataa afaanii, unkaa ittiin dhiyaate akkasumas, hojiilee Ogbarruu biroo waliin walbira qabuun ulaagaa hojiin Ogbarruu ittiin qeeqamuun waliigala hojichaa madaaluudhaan hiika itti kennuu, akkasumas, jijjiirama hojichi dubbistootarratti fide tilmaamuudha.

## 2.8. Faayidaa qeeqa Ogbarruu

Hojii Ogbarruu ogummaa irratti xiyyeeffatani qeequun dubbistootaaf, barreessitootaaf, guddina Ogbarruuf, akkasumas, qeeqxootaaf hojii Ogbarruuf faayidaa qaba. kunis, dubbistoonni Ogbarruu sanaa yeroo dubbisan kan isaan hin hubatiin bira darban ykn kallattii biraan hubatan akka isaan kallattii sirriidhaan hubatan isaan taasisa. Barreessitoonni Ogbarruu hojii isaanii keessatti ciminaafi laafina jiru mul'isuun eddo hojiin isaanii hawaasa keessatti qabu madaaluuf faayidaa qaba. Gama biraatiin, qeeqxoonni hojii Ogbarruu qeequu irratti muuxannoofi dandeettii horachaa waan deemaniif hojii Ogbarruu dubbistootaa biraati hawwataafi jallatamaa taasisuu irra darbee guddina Ogbarruuf faayidaa qabaata.

Tyson (2006) faayidaa qeeqa Ogbarruu gamaisheetiin yammuu ibsitu:

Critical theory increases rather than decreases your appreciation of literature. The more experience in life, the more we are capable of experiencing on literature. So, as you grow in your capacity to understand theory to think more broadly and more deeply about human experience and the world of ideas, the more you will be capable of appreciating the rich density, the varied texture and shades of meaning, available in literary works, jetti (f. 4).

Akka ibsa hayyuu kanaatti yaadxinni yookaan qeeqni Ogbarruu humna dinqisiifannaa Ogbarruu keenyaa nidabala malee hinhir'isu. Hammi muuxannoo Ogbarruu keenyaa hamma muuxannoo nuti jreenya keessatti horannuu waliin madaalama. Hanguma nuti yaadxinaalee Ogbarruu hubachaa, muuxannoo ilmoo namaa ilaalchisnee addunyaa yaadaa keenya bal'ifachaa deemneen hammi dinqisiifannaafi ergaawwan gadi fagoo hojii Ogbarruu tokko keessa jiran hubachuun dabalamaa deema. Hayyuudhumti kun gama biraatiin barbaachisummaa qeeqa Ogbarruu yammuu ibsitu karaa bu'a qabeessa ta'een ofii keenyaafi naannoo keenya akka ilaalluuf kan nu gargaarudha jetti. Kunis karaa nuti barachuu yookaan barsiisuu dandeenyu, akkaataa sabaa himaalee garaagaraarraa odeeffannoo fudhannee itti fayyadamuu, akkamitti namoota gama hawaasummaan, amantiin, siyaasaafi waan kana fakkaataniin faallaa keenya dhaabbataniif deebii akka laannu, kaka'umsa, sodaafi fedhii keenya akka beeknu kanneen nu gargaaraniidha. Kanumatti dabalees, dandeettii yaaduu, kalaqaafi hubachuu keenyaa akka cimsannu kan nu

dandeessisu ta'uusaa hayyuun kun ibsitetti. Khairi (2017) barbaachisummaa yaadxina yookaan qeeqa Ogbarruu yoo ibsu:

Criticism can be used to analyze and see thing beyond the text, how the work relate to daily life, social community, and the relationship within the community. Of course, critic as basic word of criticism is totally different with review or report about literary work. Critics not only talk about good or bad about literary work. That is why the criticism is important in literary studies, jedha (f. 1).

Hayyuun kunimmoo tajaajila qeeqa Ogbarruu waanuma barruu sana keesatti ibsame xiinxaluufi gadi fageenyaan ilaalamu caalaatti akkamiin jireenya guyyuu waliin akka walitti hidhamuufi hariiroo hawaasummaa akka ibsuu danda'u, laaluudha. Akkuma maqaa isaanirraa hubatamu qeeqni Ogbarruu guutumaan guutuutti salphisanii sakatta'uu yookaan gabaasuurraa adda. Qeeqni Ogbarruu dadhabina hojii Ogbarruu tokkoo agarsiisuu qofa osoo hintaane cimina Ogbarruu tokkos ni'agarsiisa.

## **2.9. Qeeqa Xiin-Hawaasummaa**

Qeeqni xiin-hawaasummaa ogbarruu kan xiyyeeffatu walitti dhufeenya Ogbarruufi hawaasa gidduufi tajaajila hawaasummaa Ogbarruu irrattidha. Qeeqni xiin-hawaasummaa akkamiin hawaasummaan Ogbarruu keessatti tajaajilufi akkamiin Ogbarruun ummata keessatti hojjetu xiinxala. Haala kana hubachuu qofa osoo hintaane kallattii hawaasichaa beekuun akka irraa eegamu ibsa, (Abrams, 1999).

The sociological approach to the study of literature has long and distinguished history. The several critics and scholars from Plato down to the present have discussed the different theories of sociological approach to literature. They believed in the simple conviction that literature is a social product, and thoughts and feelings found in literature are conditioned and shaped by the cultural life created by the society (Arun, 2014).

Kunis, kallattii xiin-hawaasummaan Ogbarruu qo'achuun yeroo isaa kan tureefi yaadxinnoon beektoota hedduudhaan irratti dhiyaachaa turuus mul'isa. Akkaataa amantaa hayyoota kanatti Ogbarruun maddi isaa hawaasa ta'ee beekumsa fi fedhii Ogbarruu keessa jirus aadaa hawaasa sanaatiin kan qajeela jedha.

Qeeqa xiin-hawaasummaa ilaalchisee maddi toora inteernetii irraa argame akka addeesutti, ogbarruun kallattii xiin-hawaasummaan qeequun hariiroo inni ummata waliin qabu bu'uureefachuun madaaluudha. Malli qeeqa xiin-hawaasummaa barreessan ummata isaa keessatti qabu, akkasumas, dhiibbaa hojiin ogbarruu ummata keessatti dhaggeeffataa isaa irratti qabu madaaluudha. "Sociological criticism evaluates literature based on its relationship to society. The sociological criticism method examines the author's status in their society as well as the effect that the literary work had on its audience within the society (<https://www.masterclass.com/articles/literary-criticism>).

Haaluma walfakkaatuun, odeeffannoon toora marsarittii irraa argameen qeeqni ogbarruu kallattii xiin-hawaasummaan kan madaalamu haala aadaa, dinagdee fi siyaasaa keessatti barreeffame irrattidha. Gosni qeeqa akkasi qabiyyee hawaasummaa hojii ogbarruu gama aadaa, dinagdee ykn siyaasaa xiinxaluun ergaa isaa iftoominnaan ibsuudha. "Sociological criticism examines literature in the cultural, economic, and political context in which it is written or received. This types of criticism may analyze the social content of a literary work from the cultural, economic, or political values a particular text implicitly or explicitly expresses "(<https://gavilan.edu/kwarren/LitCrit.html>)

Qeeqni xiin-hawaasummaa ogumaafi hawaasa gidduu walitti dhufeenyi jiru isa bu'uuraa akka ta'eefi walitti dhufeenya kana ammoo sakatta'uun dandeettii hojii ogumaa tokko dhandhamuufis ta'e hubachuuf jiru ol guddisa, jedhee amana. Barreessichi kanuma hawaasichuma keessaa argameefi kan hawaasichi boce waan ta'eef, waa'een hawaasichaa kallattii adda addaatiin hojii isaa keessatti calaqqisuun dirqama akka ta'e cimsee hubata. Kanaafuu, qeeqaan hojii qeeqa isaa keessatti qabxiin guddaan inni irratti xiyyeeffatu Ogbarruun sun waa'ee hawaasichaa hammam ibsuu akka danda'e irratti fuuleffata.

Barreessichi haawaasicha keessaa kan argameefi hawaasichi kan boce akkasumas haala hawaasichaa kallattii adda addaan hojii isaa keessatti calaqqisiisuuf dirqama akka qabu cimsee hubata. Barreessichi miseensa hawaasichaa waan ta'eef bara jireenya isaa keessatti dhimmoonni hawaasa keessatti raawwataman adda addaa isas nituqu. Hojii Ogbarruu isaa keessattis dhiibbaan isaanii mul'achuun hinoolu. Haala siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa yeroo sanaatii ala ta'uu hindanda'u. Sochiileen hawaasa keessatti adeemsifaman isas ni'ilaallatu; dhiibbaan

isaaniis hojii isaa keessatti nimul'atu. Dabalataanis, barreessichi seenaan hawaasa inni keessa jiruufi bara inni keessa jiru hojii isaa keessatti qooda mataa isaanii ba'achuun hinoolu. Kanaafuu, qeeqaan sun hojii barreessichaa sirriitti ibsuufi madaaluuf kana hubachuun barbaachisaa ta'a. Haaluma kanaan, barreessan ogbarruu *Godaannisa* haala jiruufi jireenyaa ummanni Oromoo yeroo sana keessa ture hojii isaatiin waan mul'iseef kallattii hawaasummaa, dinagdee, siyaasaa, aadaa fi eenyummaa xiinxalamuu qaba.

## **2.10. Yaadxina Xiin-Hawaasummaa**

Akkaataa Asafaan (2004) addeessutti, xiin-hawaasummaan ogbarruu gaaffiilee tajaajila hawaasummaa ogbarruu kaasuu, ogbarruu hawaasa keessatti maal hojjeta? kallattiin taateewwan hawaasa keessa karaa hawaas-aadaa fi siyaasaa jiru ni calaqisaa? 'the sociology of literature poses questions that relate to the social functions of literature: what does literature do in society? does it reflect, more or less directly, the existing sociocultural and political order of the society?' jedha.

Asafaan (2004) hawaasummaa ogbarruun yoo ibsu;

The idea of considering literature as a social practice is perhaps unquestionable. This is so because in such a time of rapid and radical changes literature, as it seems, is not the intellectual and imaginative product of an isolated individual sitting by himself/herself and passively reflecting on the daily activities of man in relation to his surroundings. The changes that occur to man are social, economic, political, cultural and religious in their nature, jedha.

akka yaada kanatti hawaasummaa ogbarruun hojjimata hawaasaati fudhachuun yaada gaaffii keessa galu miti. Kunis sababni isaa yeroo kanatti jijjiiramni bu'uuraa fi arifachiisaa ogbarruu bu'aa kalaqa beekumsaa dhunfaa taatee guyyaa guyyaa hawaasa keessa jiraatuu irraa adda bahe calaqisuu akka hin taaneedha. Jijjiiramni nama irratti karaa hawaasummaa, dinagdee, siyaasaa, aadaa fi amantii isaanii umamaan ni mul'atu.

Xiin-Hawaasummaan yaadxina ijoo sadii ofkeessatti hammata: yaadxina faayidaalessummaa (Functional Perspective), yaadxina diddaa (The Conflict Perspective) fi yaadxina fakkoomii (Symbolic Perspective) kanneen jedhaamanidha. Yaadxinoonni tokkoon tokkoon isaanii

dhimma addunyaa hawaassummaafi amala dhala namaa ibsa garaa garaa dhiheessaniiru. Kanas, “Sociology includes three major theoretical perspectives: the functionalist perspective, the conflict perspective, and the symbolic interactionist perspective (sometimes called the interactionist perspective or simply the micro view). Each perspective offers a variety of explanations about the social world and human behavior Mooney, Knox fi Schacht (2007, f.1)” jechuun ibsanii jiru.

Barreessan asoosamichaa hojii kalaqa isaa keessatti dhimmoota karaa hawaasummaa, siyaasaa, dinagdee, aadaafi seenaa Oromoo kaasuun akka mul’isu ni eegama. Kanaafuu, Yaadxinoonni kun dhimmoota karaa hawaasummaa, siyaasaa, dinagdee, aadaafi seenaa asoosama ‘*Godaannisaa*’ Afaan Oromoo keessatti calaqqisu xiinxaluuf filatamaniiru.

### **2.10.1. Yaadxina Faayidaalessummaa**

Akkaataa ilaalcha yaadxineessitoota kanatti Neguss, (2018, f.31) yoo addeessu “This perspective sees society as an integrated unified whole. Functional theorists claim that society is formed from different structures which play their own roles to the harmonious continuity of the society “jedha. Yaadni kunis, ilaalchi kun ummata waliigalaa akka qinda’ee tokkomeeti ilaala. Yaadxineessitoonni faayidaalessummaa akka addeessanitti, hawaasa caasaalee adda addaa irra kan umamee fi walsimsuu ittifufinsa hawaasaa gahee mataa isaanii taphatudha. Jecha biraattin, akka ilaalcha isaanii ibsanitti, qaamni hawaasaa ittifufinsa isaa eeguuf kan caaseeffamedha. Dabalatanis, Hammond (2010, f.21) akka ibsuti, “The functionalist theory claims that society is in a state of balance and kept that way through the function of society's component part.” jedha. Yaadni kunis, yaadxineessitoonni faayidaalessummaa hawaasummaa walqixxummaan kan jiraatuu, yoo qaamoonni isaa gahee tajaajilummaa taphatanidha.

Haaluma walfakkaatuun, Hammond (2010) akka ibsuti:

Functionalists take [analogy of] the human body system as an example to elaborate their assumptions. Our body organs (liver, lung, heart, etc.) do have different functions. Their effective and interdependent roles within the metabolic system of our body make us keep living. However, if one of the body organs dysfunctions, it negatively affects the whole system. Likewise, though the intent of the various social structures (religion, economy,

politics, family, etc.) is to strive for keeping social equilibrium to guarantee continuity, a dysfunction of anyone of them would result in social disequilibrium, jedha (f.21).

Kunis, faayidaalessummaa qaama namaa akka sirnaatti fudhachuun yaada isaanii ibsu. Qaamoleen namaa (tiruuu, somba, onnee, kkf) tajaajila adda addaa qabu. Hojii isaanii walitti hirkatanii sirna gubaatii nyaata qaama keenya keessatti raawwachuun isaanii lubbuun akka jiraachuu dandeenyu taasisa. Haata'uu malee qaama keenya keessa tokko yoo hojii isaa dhabbate, waliin hojjechuu qaama keenya hundaa miidha. Haaluma wal-fakkaatuun, gaheen caaseeffama hawaasummaa adda addaa (amantaa, dinagdee, siyaasaa, maatii, kkf) walqixxummaa hawaasaa ittifufinsa isaa mirkanneessuuf akka ta'ee fi tokkoon tokkoo isaa yoo gahee isaa hin taphane walqixxummaa hawaasaa guufachisa.

Gama biraattin Neguss (2018) tasgabii dhabuu hawaasaa yoo addeessuu:

Dysfunction is a social phenomenon which could be a threat to social stability. If there are several reports of irregularities in the judiciary system of a nation, people will hardly get justice. Because of this dysfunction of the judiciary, people could not exercise their democratic rights, and it becomes the reason for the distortion of social equilibrium, jedha (f. 35).

Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, tajaajila kennamu irratti ittiqufuu dhabuun hawaasa tokkoo tasgabii jireenya hawaasummaa isaa kan qorudha. Yoo biyya tokko keessatti gabaasaaleen hanqina sirna haqaa mul'isan hedduu ta'an namooni haqaa argachhuf ni rakkatu. Sababa ittiqufuu dhabuu sirna haqaa irraa kan ka'e namooni mirga dimookiraasii qaban waan shaakaluu hin dandeenyeef, waliqixxummaa hawaasummaa jeequuf gahee qabata

Kanaaf, akka yaada Cuff fi kanneen biroo (2006) tti "to maintain the social balance people might stand against the system and go for consensus to reform it" jedhu. Kunis, walqixxummaa hawaasummaa eeguuf namooni faallaa sirna sanaa dhaabachuun waliigalteen gara fooyyeessuutti deemudha.

Akkaataa Hammond (2010, f.21), addeessutti:

socialization, religious involvement, friendship, health care, economic recovery, peace, justice and injustice, population growth or decline, community, romantic relationships, marriage and divorce, and normal and abnormal family experiences are just a few of the evidences of functional processes in any society, jedha (f. 21).

Akka yaada kanatti, amaleefannaa walitti dhufeenya hawaasaa sirrii, hirmannaa amantaa, hirriyyuummaa, kunuunsa fayyaa, dandamanaa dinagdee, haqni jiraachuu fi haqni dhibuu, guddinaafi xiqqachuu ummataa, jaalalaan walittidhufeenya hawaasaa, gaa'eelaa fi diigamuu gaa'eelaa, walittidhufeenya maatii sirri ta'ee fi hin taanne, kkf, fakeenya xiqqaa adeemsa faayyiddaleessummaa hawaasa kam keessatti jiru mirkannessuudha.

Haaluma kanaan, yaadxina faayidaaleessummaa sirna mootummaa tokko keessatti dhaabbileen mootummaa walqixxummaa hawaasa taajajilaa jiraachuu fi dhiisuu isaanii qabiyyee asoosama kana keessatti xiinxaluun ergaa isaan qaban ummataaf ibsuuf faayidaa qaba. Kanaafuu, qorannoo kana keessattis tajaajila qabiyyeen asoosama Afaan Oromoo keessatti jiruufi jireenya ummata Oromoo agarsiisanii maal akka ta'eefi bifa kamiin akka ibsan xiinxaluuf fayyada. Yaadxini faayidaaleessummaa kun gahee asoosama jiruu fi jireenya hawaasaa keessatti qaban adda baasanii qorachuuf filatamaadha.

### **2.10.2. Yaadxina Waldiddaa/Conflict Theory.**

Qabeenyi haala walqixxee ta'een taamsa'ee waan hin argamneef yeroo hunda gartuu hawaasa gidduu walitti bu'insiifi waldiddaan ni jiraata. Kunis, yaadxina waldiddaa wal-lolinsa aangoof falmii gartuleen taasisaan kan ibsudha. Akka yaadxina kanattiti, waldiddaan kan to'atamu, salphadhumatti gartuun tokko morkataa ykn diina isaa yeroof hakuucuu danda'u isaa jechuudha

Dhimma kana Mooney, Knox fi Schacht (2007) yoo addeessan:

The functionalist perspective views society as composed of different parts working together. In contrast, the conflict perspective views society as composed of different groups and interest competing for power and resources. The conflict perspective explains various aspects of our social world by looking at which groups have power and benefit from a particular social arrangement jedha (f. 2).



Yaada kunis akkaataa ilaalcha faayidaalessummaatti, hawaasa keessa kan jiru qaamni hawaasa adda addaa waliin tokkumaaf yoo hojjetan; garuu akka ilaalcha waldiddaatti gartuun hawaasa fi fedhii adda addaa hawaasa keessa jiran angoofi qabeenyaaf waldorgomu jedhu.

Yaaduma kana Asafaan (2004) Wallace fi Wolf (1995) wabeeffachuun yoo ibsu:

Conflict theorists see societies and social institutions not as system in which parts depend on each other and work together in unity to create equilibrium. They focus not on the equilibrium of interdependence and cooperation, but on the shifting balance of power among competing groups, akkas jedha (f. 76).

Yaadni kunis, yaadxineessitoonni waldiddaa hawaasummaa fi dhaabbilee hawaasummaa akka qaamni tokkoo isa biirratti hirkate fi tokkummaan waliin hojjachuun walqixxummaa ummuu akka hin taanneti ilaalu. Xiyyeffannoon isaanii walqixxummaa walirratti hirkatummaa fi waldeggersaa osoo hin ta'iin, garuu jijjiiraa madaallii aangoo gidduu gartuulee morkatoota irrattidha

Haala kana Asafaan (2004) Wallace fi Wolf (1995, f.76) wabeeffachuun yoo ibsu “Civil law, for example, as a social institution, maintains, is not a way of increasing social integration, but to conflict theorists, it is "a way of defining and upholding a particular order that benefits some groups at the expense of others" jedha. Kunis, seera hariiroo hawaasaa akka fakeenya dhaabbata hawaasummaatti karaa walittidhufeenya hawaasummaa dabaluu fi eeguu osoo hin taanne, garuu akka yaadxineessitoota waldiddaatti, karaa ittiin seera qaama gartuu tokkoo miidhuun kan biraa fayyadamaa taasisuu hiikaanii fi ajaajanidha

Ogbarruun haqamaleessummaafi cunqursaa hawaas-dinagdee keessatti mul'atu ibsuun gareewwan aangoorra jiranitti agarsiisuu danda'a. Hawaasichimmoo akka bilisa hintaane, akka warra angoofi qabeenya qabaniin cunqurfamaa jiran itti agarsiisa. Ogbarruun karaa ittiin sirna caasaa olaanaafi gadaanaa mootummaa haqamaleessa akka jijjiiramuuf hojjetuudha.

Bu'uuruma kanaan qorannoon kun Asoosama “Godaannisaa” keessatti bifa ittiin jiruufi jireenya ummata Oromoo keessatti diddaa irratti xiyyeeffate haala waldiddaa Oromoon sirnicha keessatti ittiin agarsiisaa ture xiinxaluun ergaa isaa mul'isuuf yaadxina waldiddaa faayidaa qaba.

### **2.10.3. Yaadxina Hariiroo Fakkoomii**

Yaadxinoota hawaasummaa kanneen sadan kana keessaa qabxiileen faayidaalessummaafi diddaa dhimmi hawaasaa kan bal'inaan keessatti ka'uufi fakkoomiin garuu dhimma garee xiqqaa irratti akka xiyyeeffatu qorannoo isaatiin Neguss (2018, f.39) dhiheessee jira. Symbolic interactionism examines society in terms of bottom up approach. It tries to define society at large on the basis of an individual's interaction to others. Kanumarraa ka'uun, qorattuun kanneen yaadni ballaa keessatti ka'an keessaa, yaadxina faayidaalessummaafi diddaa, dabalate yadxinna hariiroo fakkoomii qorannoo kanaaf filatetti.

Bu'uuruma kanaan qorannoon kun asoosama Afaan Oromoo jiruufi jireenya irratti xiyyeeffate haala Oromoon sirnicha keessatti fakkoomiin ittiin diddaa isaa agarsisaa ture xiinxaluun ergaa isaa ibsuuf yaadxinni hariiroo fakkoomii faayida qaba.

Kanaafis yaadxinni qorannoon (theoretical framework) kun kan bu'uureeffate yaadxina hawaasummaa (faayidaalessummaa, diddaafi hariiroo fakkoomii) akkaataa Neguss (2018) fi Soofiyaa *et.al.* (2021) ti dhimmoota hawaasummaa waliin walqabatanii asoosama *Godaannisaa* keessatti argaman sakatta'uun xiinxaluuf filatameera. Soofiyaafi kanneen biroo (2021) qorannoo isaanii walaloo sirboota Haacaaluu Hundeessaa miidhaafi diddaa Oromoo irratti xiyyeeffatanii bahan irratti ija yaadxina hawaasummaatiin xiinxala gaggeessaniiru.

### **2.11. Qorannoo Walfakkii**

Kutaa kana jalatti qorannoowwan mata duree kana waliin walitti dhiyeenya qabantu dhiyaata. Qorannoon kun kan gaggeeffamu mata duree 'xiinxala asoosama dheeraa *Godaannisaa* ija yaadxina hawaasummaatiin' jedhu irrattidha. Qorannoo kana waliin qorannoon yaadxina walfakkaatuun gaggeeffame balinaan yoo hin jirannes, qorannoon dhimmoota walfakkaatu irratti yaadxina biraattin hojjetaman ni jiru. Fakkeenyaaf, asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa: haala *Godaannisafi Dungoo Halkan Sanaa*, jedhu irratti Fiqaaduun (2012) digrii lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruun guuttachuuf qorannoo gaggeesse keessatti akkaataa itti barreesichi waldiddaafi fakkoommiitti dhimma bahee aadaa, siyaasaafi falaasama Oromoo ibsuuf yaaleera. Qorannoo kanaan wanti walfakkeessu, dhimmoota hawaasummaa keessaa aadaa, siyaasaafi falaasama Oromoo irratti gaggeeffamuu isaaniiti. Qorannoon kun yaadxina hawaasummaatiin xiinxalamuun isaa ammoo qorannoo Fiqaaduun gaggeesse irraa adda isa taasisa.

Qorannoo Murteessaan (2018) xiinxala Asoosama *Yaadaa* Yaadxina Safuu Hawaasaatiin dhimma hawaasummaa irratti kan gaggeeffame ta'uun isaa qorannoo kan waliin wanta wal fakkeessudha. Kan adda taasisu ammoo Murteessaan safuu irratti fuuleffachuufi yaadxina safuu hawaasaan gaggeessuu isaa yoo ta'u, qoraannoon kun ammoo kallattii hawaasummaan yaadxinoota faayidaalessuummaa, diddaafi fakkoommii bu'uureeffachuun kan gaggeeffamu ta'uu isaati.

Kan biraan, qorannoo Dassaaleny (2016) Xiinxala Asoosama *Yoomi Laataafi* Kabiir Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo: Ija Yaadxina Dhugummaatiin gaggeessedha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas, aadaa, duudhaa, amantaa, siyaas-dinagdee, hawaasummaa, qaroomina, afaaniifi falaasama ummata Oromoo calaqqisiisuuf yaalii godhame xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Dhimmi qorannoo kana waliin walfakkeessus dhimma hawaasummaa ofkeessaa qabaachuu isaa yoo ta'u, garaagarummaan isaanii ammoo Dassaaleny yaadxina dhugummaan kan gaggeesse yoo ta'u, qorannoon kun ammoo yaadxina hawaasummaatiin yaadxian faayidaalessuummaa, diddaafi fakkoommii bu'uureeffatee kan gaggeeffamuu ta'uu isaati.

Dhaabaan (2019) qorannoo isaa digrii lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruun guuttachuuf asoosamoota dheeroo *Imimmaan Hin Qoorreefi Arraa Gurbaa* jedhaman irratti yaadxina hawaasummaatiin (faayidaalessuummaa, diddaafi fakkoommii) dhimma bahuun dhimmoota aadaa, hawaasaa, siyaasaa fi diinagdee xiinxala gaggeesseera. Qorannoon lamaanuu walfakkeenyi isaanii yaadxina hawaasummaatiin (yaadxina faayidaalessuummaa, waldiddaafi fakkoommii) kan bu'uureeffatan ta'uu isaaniitti. Qorannoon Dhaaba keessatti kan mul'atu cimini isaa asoosama keessatti dhimmoota hawaasummaa siyaasaafi dinagdee mul'isan kaasee ibsuu isaa

## **BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHA**

Boqonnaa kana jalatti malleen qorannoo kun ittiin gaggeeffame, saxaxa qorannoo, madda ragaalee qorannichaa, iddattoofi iddatteessuu qorannichaa, malleen ragaalee qorannoo ittiin sassabameefi mala ragaalee qorannoo ittiin xiinxalame kan ofkeessatti hammatedha.

### **3.1. Saxaxa Qorannichaa**

Qorannoo tokko yeroo gaggeeffamu tartiiba ittiin ragaaleen sassaabamu, xiinxalamu, hiikamufi dhiyaatu saxaxa qorannoo ni qabaata. Saxaxni qorannoo ilaalchisee akka Addunyaa (2011, f.63) ibsutti “qorannoon tokko haala ibsu irratti xiyyeeffate kan gaggeeffameefi odeeffannoo akkamtaarratti yoo hunda’ee, saxaxni isaa ibsaa akkamtaa (qualitative descriptive) ta’a’ jedha. Akka ibsa kanaatti, saxaxa qorannichaa murteessuuf qorannichi asoosama ‘Godaannisaa keessatti haala jiruufi jireenya ummata Oromoo gama aadaa, siyaasaa, dinagdee, hawaasaa mul’isuuf himoota, keeyyatootaafi waraabbiwwan, barreessichi faayyadame adda baasanii qaaccessuun ibsuudha. Waan ta’eef, qorannoon kun kan ibsamu mala qorannoo akkamtaarratti waan hunda’uuf saxaxni isaa ibsaa akkamtaadha. Itti dabaluuinis, Fileen (2019, ff.112-113) yaada kana yoo ibsu ‘mata dureen odeeffannoon walitti qabamee jiru tokko dhimma maalii irratti akka xiyyeeffatu adda baasee ibsuudhaaf tooftaalee ragaalee akkamtaa itti qaaccessan keessaa isa tokkodha’jedha.

Kanaafuu qorattuun qorannoo ishee kanaan asoosama *Godaannisa* keessatti dhimmoota hawaasummaa irratti xiyyeeffatan sakatta’uun qabiyyee isaanii xiinxaluun ergaa isaanis kaayyoo qorannichi itti gaggeeffame irratti hundaa’uun ibsite jirti. Sababiin isaas qorattuun odeeffannoo dhimmoota gama aadaa, hawaasaa, siyaasaa, dinagdee, seenaa asoosama kana keessatti argaman gadifageenyaan kallattii hawaassummaan xiinxalurratti waan xiyyeeffatefidha. Kana malees, qorattuun dhimmoota kanneen irratti akkaataa barreessichi asoosamicha keesaatti fayyadameefi qabiyyee isaanii bal’inaan jechaan ibsuurratti waan xiyyeeffatefidha.

### **3.2. Irraawwatama**

Irraawwatamni qorannoo qaama ykn waanta qorannoon tokko irratti gaggeeffamudha. Akkaataa Filee (2019, f.66) ibsutti, “iddattoon adeemsa irraawwatamaa (population) tokko keessaa

odeeffannoo argachuudhaaf namoota ykn waantota qorannoon irratti adeemsifamu sana akka maddaatti itti fayyadamuudha” jedha. Asoosama *Godaannisa* haaroofamee maxxanfame keessatti dhimmoonni haala jiruufi jireenya Ummata Oromoo gama aadaa, hawaasaa, siyaasaa, dinagdeefi seenaa irratti xiyyeeffatani barreeffaman irraawwatama qorannoo kanaa ta’uun filatameera. Waan kana ta’eef, qorannoon kun xiinxala asoosama yaadxina hawaasummaatiin waan gaggeeffameef, irraawwatamni qorannichaa dhimmoota aadaa, hawaasaa, siyaasaa, dinagdee, seenaatiin asoosama Godaannisaa keessatti argaman irratti xiyyeeffata.

### **3.3. Madda Ragaalee**

Maddi ragaa qorattuun qorannoo kanaaf dhimma itti baate qorannoo ishee gaggeessite, asoosama *Godaannisa* akka madda ragaa tokkoffaati fudhachuunidha. Kunis Asoosama *Godaannisa* bara 2020 haroomsamuun maxxanfame kan fuula 546 fi boqonnaa 39 qabudha. Asoosama kana keessatti barreessan dhimmoota gama aadaa, hawaasaa, siyaasaa, dinagdee, seenaa fayyadame asoosama keessaatti dubbisuun osoo barreessaa qaamaan hindubbisiin waan xiinxalteef madda ragaa tokkoffaati jechuudha. Kanaafuu, asoosamni *Godaannisa* akka madda ragaa tokkoffaati qorannoo kanaaf fudhatameera. Dabalatanis, qorattuun odeeffannoo mataduree qorannoo kana waliin walitti dhiheenya qabaniifi qorannoo kana deggerran madda adda addaa irraa argaman fudhachuun dhimma itti baatetti.

### **3.4. Iddattoo fi Iddatteessuu**

Yeroo ammaa kana Asoosamni Afaan Oromoo lakkoofsi isaanii salphaa hin taane maxxansamani jiru. Haa ta’u malee, hanqina yeroo, humnaafi baasii irraa kan ka’ee asoosamoota Afaan Oromoo hunda irratti qorannoo gaggeessuun ulfataadha. Gama biraattinis, asoosama kanaa irra deddebiin dubbisuu, ergaa ijoo isaa adda baasuufi xiinxaluun yeroo hedduu fudhachuu waan danda’uuf, asoosama kana qofa irratti xiyyeeffachuun ija yaadxina hawaasummaatiin xiinxaluun murteessadha. Aina fi Ajifunike, (2002, f.199) yoo ibsan ‘in purposive sampling, researchers utilise their personal judgements to determine which respondents to include in the study’ jedhu. Akkaataa yaada kanatti, mala iddatteessuu kaayyeffataa keessatti hirmataa kamtuu qorannoo keessatti hammatamu akka qabu kan murta’uu muuxannoo qorattootaa irratti hunda’uunidha. Haaluma kanaan, qorattuun qorannoo kanaan asoosama Afaan Oromoo hedduu maxxanfamanii ummata Oromoo bira gahan keessaa

asoosama 'Godaannisa' irratti xiyyeeffatee jirti. Bu'uuruma kanaan, qorattuun mala iddatteessuu miti-carraatti fayyadamuun (non-probability sampling) asoosama Afaan Oromoo maaxxanfaman keessaa mala iddatteessuu kaayyeffataatti (purposive sampling) dhimma bahuun asoosama 'Godaannisa' qorannoo kanaaf filatetti. Sababa qorattuun mala iddatteessuu kaayyeffataa filateefis kaayyoo ishee irratti hundoofteetti. Waliigala asoosama 'Godaannisa' ergaan qabiyyee isaanii dhimmoota gama aadaa, hawaasaa, siyaasaa, dinagdee, seenaa Oromoo irratti xiyyeeffatani barreessichaan ibsaman mala iddatteessuu kaayyeffataa (purposive sampling) ta'een ni filatamaniiru. Asoosamni filatame kun mataduree qorattuun qorannoo isheef filate wajjiin kan deemuufi dubbistoota hedduu birattis kan beekamu fi qabiyyee isaa fi fuula isaa dabalee irra deebiin waan maxxanfameefdha.

### **3.5. Mala Funaansa Ragaalee**

Qorannoo adeemsifamu tokko keessatti ragaan yookaan odeeffannoon qorannoo bu'uurumaan malaafi meeshaalee ittiin funaanamu shoora olaanaa qaba. Odeeffannoon qorannoo kanaa asoosama *Godaannisaa* keessatti dhimmoota gama aadaa, hawaasaa, siyaasaa, dinagdee, duudha mul'atan funaanuun waan qaaccessituuf meeshaalee funaansa ragaalee keessaa sakatta'a dokimeentii fayyadamteeti.

Qorattuun madda funaansa odeeffannoo gargaaramtu keessaa asoosama filatame irra deddeebiin gadifageenyaan erga dubbistee booda ragaalee qorannichaaf gargaaran: haala jiruufi jireenya gama aadaa, hawaasaa, siyaasaa, dinagdee, seenaa asoosamicha keessaatti barreessichi itti gargaarame hojii isheef ragaa ni ta'u kan jette adda baastee fudhachuudhaan qorannichaaf dhimma itti baateeti. Dhimmoonni gama aadaa, hawaasaa, siyaasaa, dinagdeefi seenaatiin asoosama filatame kana keessaatti argaman cheeklistii fayyadamuun adda bahanii funaanamaniiru. Ragaalee funaanaman kaayyoo qorannichaarratti hundaa'uun kanneen walfakkaatan mataduree walfakkaatu jalatti qooduun tokko tokkoo isaanii adda baasuun xiinxalameera.

### **3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee**

Malli ragaaleen ittiin qaacceffames, ragaaleen erga funaanamanii booda mata duree walfakkaatu jalatti garee gareetti qooduun hiikaafi ibsa itti kennuun mala xiinxala barruun qaacceffamaniiru. Malli ragaaleen ittiin qaaccessuuf filatame mala akkamtaati. Yaadrimeen akkamtaa jedhu kuni

yaada yookaan ergaa odeeffannoo keessa jiru tokko akka ummannii fi hawaasni jedhutti, ilaalu, ibsuu, hiika itti kennuufi qaaccessuu irratti xiyyeeffata (Fileen, 2019, f.110). Malli ragaan ittiin qaacceeffamu tooftaa madda ragaan irraa funaanameef hiikni itti kennamudha ykn xiinxala barruu (textual analysis) dha. Haaluma kanaan, malli xiinxala ragaalee qorannoo keessatti qorattuun dhimma itti baate mala yaadxinoota hawaasummaa hordofuun qeequunidha..

# **BOQONNAA AFUR: XIINXALA GODAANNISA YAADXINA HAWAASUMMAATIIN**

Boqonnaa kana jalatti Cuunfaan Jaargocha *Godaannisa*, akkasumas, haala jiruufi jireenya ummanni oromoo gama hawaasummaa, siyaasaa, dinagdee fi aadaan barreessan asoosama *Godaannisa* hojii isaa keessatti mul'ise ija yaadxina hawaasummaatiin xiinxalamani qabiyyee isaaniin adda bahanii dhiyaataniiru.

## **4.1. Cuunfaa Jaargocha Godaannisa**

Abdiisaa Soolaan Wallagga Lixaa, Magaalaa Biilaa jedhamtutti dhalate. Asoosama kana keessatti namfakkii guddichi Abdiisaa fi Taliilee yammuu ta'an, jalqaba kaasee hanga xumura seeneffamichaatti taatee isaan raawwatani fi wantoota isaanii raawwataman yeroo ilaalamu. Abdiisaan jireenya hiyyuummaa keessatti kan guddate yoo ta'u abbaan isaa daa'imummatti (waggaa saddeet fi walakkaatti) sababa lafa qabiyyee isaa irra dhiibbaa sirna nafxanyaa ciqaa-shuumii, Birasaaw Mollaaf murta'eef aariidhaan tarkanffii isa irrattii fi ofirratti fudhachuun ofajjeesse. Sababa du'a abbaa isaa irraa kan ka'e haati isaa immoo isaa fi obboleetti isaa Kuulaanii dhiistee osoo fira hin eyyamsiisin seera aadaa diigdee, safuu cabsite nama maalummaa isaa hin beekne Marraabeetedhaa buna funaanuu Gimbii dhufe Maannaaloo Balaay nama jedhamuutti heerumte Najjootti galte.

Abdiisaan obboleettii isaa Kuulaniin waliin gara waggaa kudhaniif mana wasiila isaanii aabboo Waltajjii Disaasaa jedhamu biratti kan guddatedha. Haatii isaafi Maannaaloo waggoota kudhalama waliin jiraachuun ijoollee afur godhatanis machaa'ee ishee jeequu, arabsuufi reebuun isaa hojii isaa guyyaa guyyaa taa'eera. Turtii waggaa kudhanii booda Kuulaniin aadde Margee, hadha mana aabboo Waltajjii waliin waldhabuun gara haati ishee jirtu Najjoo yoo deemtes, carraa arrabsamuu, rukutamu fi dhiitamuu akkuma haadha ishee ishees mudateera. Kanarras darbee guyyaa tokko haati Abdiisaa ollaa waliin yeroo isheen baadiyyaa du'a gahii deemu Maannaaloon quufate Kuulaniin guddede. Yaakka intala ishee irra gahe dhageesse yoo of rarrastes gargaarsa ollaatiin hafuu dandeesse. Firoonni abbaa Abdiisaa yaakkicha dhaga'uun haaloo ba'achuuf Biilaa ka'anii yoo Najjoo dhufanis, Maannaaloon yakka uumeef sodaate naannoo sana gad-lakkisee bade. Kuulaniinis iddoo hin beekamnetti bade.



Abdisaan barumsa isaatti cimee barachuudhaan bor nama ta'ee, hiyyummaa fi dararama har'a jireenya isa mudaatee keessaa ba'uuf carraqqii taasisuu itti fuufe. Gama biraatiin immoo, waa'ee obboleetti isaa fi haadha isaa baay'ee sammuu isa dhiphisa ture.

Abdiisaanis barnoota isatti milkaa'ee Yuunivarsitii Haaraamaayaa seene. Achiittis barnoota kaayyoo isaa godhatee haalan baraachuu itti fufe. Guyya tokko garuu, Abdiisaan karaarra osoo deemu intala tokko argee ija isaa irra buufate. Ishee jaallate. Intalas harka saa keessaa galfachuuf yaalii gochuu eegalee. Galgala gaaf tokko nama itti erge ishee waamsisee. Intaalli kun Waayineeshet jedhamti. Yeroo kana wal falmii hedduun sammuu isaa keessatti erga adeemsisee booda, yaada keessa isaa guute itti hime. Isheenis caarraa hin laanneef. Ammaf jaalachuufis ta'e, jaalatamuuf yeroo akka hin qabne itti himte. Innis filannoo adda waan hin qabneef dhiisuu filate.

Haa ta'uu iyyuu malee, haaloota hedduu erga dabarsee barnoota isaa waggaa tokkoffaa xumuree gara Biilaattii deebi'ee. Yeroon barnoota waggaa lammaffaa gara Yuunivarsitiitti deebi'ee kana keessatti immoo, imala irraa utuu jiruu konkoolaataa keessatti intala tokko wajjiin walbare. Maqaan intalattis Taliilee jedhamti. Abdiisaa fi Taliileen erga wal baranii booda waliin haasa'a wal bashannansiisaa gara Haaroomaayaa deeman. Erga achi gahanis deeggarsa barbaachisa tokko tokko akka taasisuuf waadaa seeneef. Kana keessatti waliitti dhufeenyi isaanii ittuma dabalaa dhufee. Osoo wal hin argin oolani bulanii araada itti ta'a dhufe. Walitti dhufeenyaa fi hariiroo hedduu booda addunyaa jaalalaa keessa seenan.

Erga wal jaallatanis, bu'aa ba'ii hedduun haa jiraatuu malee, hariiroo gaariitu gidduu isaanii ture. Akkuma walitti dhufeenyi isaanii dabalaa adeemeen jaalalli gidduu isaanii cimaa dhufe. Abdiisaanis, guyyaa tokko taa'ee erga itti yaade booda, Taliileedhaan "Maal ta'a Dirree Dawaa deemnee yoo bashannanee" jedhee gaafate. Isheenis takka deemte hin beektuu waan ta'eef tolee ittin jette. Guyyaa beellama isaanii eeggatanii gara Dirree Dawwaatti imalani.

Kanaan booda, erga Dirree deemanii magaalatti keessa daawwatanii boqonnaadhaaf gara hootela tokko seenan. yeroo kana Abdiisaan waan gara isaatti yaade waan qabuuf arifatee deeme siree qabe. Isaan booda Taliilee qabee gara mana siree deeme. Isheenis ittin moormite. "An takka gara iddoo akkasii seene hin beeku." Yeroo isheen itti jettu inni immoo garaa

jaalalaan itti dhiyaate amansiifate. Kanaan booda, dhugaatii erga dhugaanii booda waliin ciisuun fedhii isaa irratti raawwate. Taliileenis, addunyaa haaraa galaana takka seente hin beekne keessatti kufte. Egaa maal godhu dhadhaan ibidda bu'ee hin deebi'uu. Isheenis, kabaja eenyummaa ulfina ishee Abdiisaaf badhaasa goote kenniteef. Achitis wanti hedduun ta'e.

Erga kun hundumtuu darbee booda Abdiisaanis haalli isaa Taalileef akka duraa ta'uu dide, itti jijjiiramaa dhufe. Isa dur si'a tokkof illee walirra fagaachuu hin feene amma garuu, walbaqachuu fi wal nuuffatu eegale. Adeemsa keessaa silaa wanti facaasan biqiluun isaa hin oolu, Taliileenis ni ulfoofte. Kanaas, erga bartee booda wanta isheerra gahe kana Abdiisaa beeksisuuf dirqamte.

Taliileen rakkoo ishee qunname Abdiisaa doormii isaatii waamsifte. Innis erga dhufee booda haala ishee muudate yeroo itti himtuu amanuu hin dandeenye. Dhiise baqate. Kanarratti Taaliileen utuu isa faana fiigduu kufte. Addi ishees ni baqaqe. Yeroon sun yeroo qormaatni xumura semisteraa dhiyaate waan ta'eef, isheenis haalota ishee mudate walqabsistee moora gad lakkistee baate. Baay'ee rakkatte, ni dararamte. Booda akka Dirree Dawwaa deemte mana siree kanaan dura waliin bulan dubartii achitti baran Raheel jedhamtu itti erguun isaa waamsistee walargan. Akka deemuu barbaadu yoo itti himtu maallaqa ishee fiduuf gara Yuunivarsittii Haaromayyaa dhufee liqaa waan dhabeef uffata halkanii isaa gugurree yeroo dirree Dawwaatti deebi'uu ishee argachuu hin dandeenye. Haa ta'uuyyu malee, erga addaan bahanii booda innis ishee arguuf yaalii taasisullee akka waan Taliileen duutetti dhaga'e. Baay'ee gadde. Erga gaafa sanati guyyaa dhaa guyyatti waa'een Taliilee sammuu isaatti dhufuun isa jeeqaa tureera.

Guyyaa tokko osoo Wayinasheet gadda abbaa isheetii gara mooraa Yuunivarsitiitti deebi'aa jirtuu arguun yoo ishee jajjabeesses akka inni siree qabeefi bira bulu afeeretus inni garuu osoo isheen raftuu gatee biraa deeme.

Kana booda barumsa isaatti haalaan jabaatee xumuruun ni eebbifame. Yeroo kanaa Wayinasheet kan jedhamtu dubarri Abdiisaan akka mooraa Yuunivarsitii seeneen jaallatee amma akka inni jaallatuuf caarraa laattuufis simachuu hin dandeenye. Sababni dhiheesses garaagarummaan sabummaa gidduu isaanii sababa jiruuf isheenis kan ishee dhiiftee innis kan

isaa dhiisee waliin gaa'eela hudeefatanii waliin jiraachuu akka hin dandeenye ibsuun adda bahan. Kanaan booda Abdiisaan waajjiira hariiroo Oomisha alaa Finfinneetti qacaramee. Naannoo hojii isaatti akka walbaruuf hiriyaan isaa Yuunivarsittii Haramayaa osoo waliin baratuu qabsoo hidhannoo gaggeessuuf bosona seene (Henook Galataa) itti dhaamu isaa namni Tujuubaa jedhamu itti himuun walbare. Erga isa wajjin walbarees, waa'een Taliilee sammuu isaatti dhufuun waan boqonnaa isaaf hin kennineef muddama keessa jiraataa tureera. Dhimma kana irratti beekuun Tujubaan jaalalee kana si irranfachiftu si barbaachisa jedhee yoo gorses akka qabu kaaseefi dide. Naannoo Waggaa sadii fi ji'aa shan booda Taliileen Seenaa qabatte gara waajjiira isaa deemte. Innis amanuu hin dandeenye. Isheenis "Ilaali Godaannisa adda Koo" "kunoo qubeela harka kooti" ittin jette. Kanarra ka'uun Godaannisni moggaasa kana argate.

## **4.2. Xiinxala Gama Hawaasummaatiin**

Barreessaan asoosama tokkoo muuxannoo fi mudannoo isaa bu'uureeffachuun haala jiruufi jireenya hawaasni isaa keessa dabarse hojii kalaqa isaatiin kaasee dubbistootaaf dhiheessuudha. Haaluma kanaan, ogbarruu kana keessatti gama hawaasummaatiin dhimmonni hariiroo waliin jireenya hawaasaa kan mul'isan, hariiroo waliin jireenya hawaasaa kan falleessaniifi ergaa hawaasaaf dabarsan xiinxalamani qabiyyee isaaniin adda bahanii dhiyaataniiru.

### **4.2.1. Hariiroo Hawaasummaa kan Mul'isan**

Ummanni Oromoo waliin jireenya isaa keessatti haala ittiin gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, gaariifi hamaa, bal'oofi dhiphuu isaa mul'isu qaba. Haala jiruufi jireenya isaa keessatti ummanni Oromoo taatee kana jireenya gamtaa yookaan dhunfaa isaatiin calaqqisaa tureera. Dhimmonni hariiroo hawaasummaa mul'isan kunis armaan gaditti xiinxalamani dhiyaataniiru.

#### **4.2.1.1. Aadaa kan Mul'isu**

Aadaa jechuun barmatilee, amantaa, duudhaa, artii, gareen hawaasa yookaan ummanni tokko waliin jireenya isaa keessatti ittiin beekamudha. Ummanni Oromoo ummata aadaa hedduu qabudha. Kanneen keessaa aadaa fudhaafi heerummaa, aadaa nyaataafi dhugaattii, aadaa uffannaa, aadaa sirbaa, aadaa moggaasa maqaa, kkf eeruun ni danda'ama (Dirribii, 2016). Waan kana ta'eef, hojii ogbarruu kana keessatti dhimmonni aadaa ummata oromoo mul'isan adda bahanii xiinxalamaniiru.

#### **4.2.1.1.1. Aadaa Moggaasa Maqaa**

Ummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti maalummaa isaa karaa inni ittiin ibsatu hedduu keessaa aadaan isa tokkoodha. Dhimmoota aadaa hawaasichaa calaqqisan keessaa immoo aadaan moggaasa maqaa ijoollee reefuu dhalatuu isa tokko yoo ta’u, kana ilaalchisee barreessan yoo ibsu akkas jedha:

‘.....ibsaan abdi koo hin dhaamu, ibsaan abdi koo si’i, gaaf tokko nama taatee iddoo koo magarsita’ jedheetu ‘Abdiisaa’ naan jedhe. Akka aadaatti -akka aadaa jilaatti hin qalle, nama hin waamne, hin weeddisne, hin kabajne, garaa isaatti weeddisee, garaa isaatti kabajee, garaa isaatti gudunfee naaf moggaase (Dhaabaa 2020, f.1).

Akkaataa yaada barreessaa kanatti ummanni Oromoo moggaasa maqaa ijoollee reefuu dhalatuu taatee ta’e waliin walqabsiisuun hiikoo akka isaaf kennutti kan moggaasu ta’uu agarsiisa. Haaluma kanaan, asoosama kana keessatti kan ibsamees, ummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti hawwiifi abdi isaa dhugoonfachuuf dhaloota amma jiru irraa amantaafi abdi qabachuu mul’isa. Yaada barreessaa kanarraa hubachuun kan danda’amu, akka aadaa Oromooti Oromoon yeroo mucaa godhatu sirna maqaa ittiin moggaasu firaafi oollaa waamee, qaleefi naqee, sirbeefi weeddisee sirnaan kabajee akka maqaa moggaasaa ture mul’isa. Haata’u malee ummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti aadaa safuu, duudhaa isaa akka hin mul’isne dhiibbaa sirna alagaa jalatti kufee jiraachaa turuu isaa agarsiisa. Gama biraatiin immoo dhiibbaa ummata Oromoo sirna yeroo sanaa keessatti gama aadaatiin keessa dabarse mul’isa

#### **4.2.1.1.2. Nyaataafi Dhugaatii Aadaa**

Ummanni Oromoo akkuma uummata addunyaa kanaa aadaa nyaataafi dhugaatii baayyee hawwataafi miidhagahaa ta’e qaba. Nyaata aadaa keessaa cumboo, marqaa, cuukkoo, caccabsaa, buna qalaa, hancootee, akkasumas, aadaa dhugaatii keessaa farsoo, dadhii, araqee, shaameeta, kkf eeruun ni danda’ama. Hojii ogbarruu kana keessatti ummata Oromoo biratti nyaataa aadaatiin jiru hedduu keessaa maroo boqqolloo jedhamuun beekamu haati Abdisaa qabattee Abdisaa dubbisuu deemte barreessan yoo ibsu:

Harka koo qabattee deemte. Mana-barnootaa irraa xiqqoo hiiqnee, muka tokko jala gad teenye. Waanna huccuu moofaan martee qabattee jirtu tokko hiiktee, maroo boqqolloo

baastee bishaan jerikaanii xiqqaa tokko wajjin natti kennite ... Ani maroo boqqolloo isheen natti kennite irraa cuffadhee alanfadhee liqimsuu yaallaan laphee koo irraa bu'uu dide. Daftee, jerikaanicha bishaanii na harkaa fuutee bantee, “Hoo’u ittiin gad-buufadhu,” jettee natti deebiste-haati koo (Dhaabaa 2020, ff.24-25).

Yaada kanaa olirraa waanti hubatamu, aadaa ummata Oromoo keessatti namni yeroo dheeraa osoo wal hin argin ture, yeroo nama sana bira deemu harka duwwaa waan namatti hin deemneef, haati Abdiisaa mucaa ishee argitee gaafachuuf nyaata aadaa Oromoo keessatti beekamu hedduu keessaa maroo boqqolloo jedhamu tolchitee deemu ishee mul’isa. Haati Abdiisaa maroo boqqolloo mucaa isheef qabdee deemuun ishee immoo sadarkaa jireenya ishee agarsiisa. Haati Abdiisaa waan isheen mucaa isheef qabdee deemteef taateef jaalala haati ilmoo isheef qabdu agarsiisa. yaada deggerruun aadaa fi ogbarrun walittidhufeenya qabachuu hayyoonni Maiga fi Coulibaly, (2016) ni addeessu.

#### **4.2.1.2. Hiriyyummaa**

Akkaataa galmee jechaa the Cambridge Advanced Learner's Dictionary *jedhamu jecha hiriyyaa* jedhamuuf hiika kennutti, “person who you know well and who you like a lot, but who is usually not a member of your family” jedha (<https://dictionary.cambridge.org/dictionary/english/friend>). Akka yaada kanatti hiriyyaan nama ati sirritti beektu fi baay’ee jalattu, garuu yeroo hunda miseensa maatii kee kan hin taanedha. Hiriyyaa jechuun hariiroo waliin jireenya hawaasummaa keessatti namoota lama gidduutti walitti dhufeenya taasifamudha. Namoota lammaan kanas kan hiriyyummaan walitti isaan fidu tarii umuriin, saalaan, sabummaan, hojii fi naannoo jireenya isaaniin ta’uu mala. Kana ilaalchisee, Abdiisaan mana hojii itti jalqabe nama beekuu yoo hin qabne illee gaafa tokko namni Tujubaa Hundee jedhamu kutaa isaatti isa waamee walbarruu isaa yoo ibsu:

“Nama ati beektu tokkotuu nagaa siif dhaame,” naan jedhe – fuula isaa ibsee.

“Eenyu?”

“Nama Yunivarritiitti waliin barattan.”

“Kan doormii tokko waliin turtan. Kan barnoota addaan kutee si biraa deeme.” .

. . . “Henook Galataa hin beektuu?” jedhe – itti fufee.

“Maal isaa ti ati?”

“Ani hiriyyaa isaa ti. Mana barnootaa sadarkaa lammaffaa waliin baranne,” naan jedhe. (Dhaabaa 2020, f. 450)

Akka yaada kanaatti walitti hidhamsiinsa hawaasaa sadarkaa Yuunivarsitii irraa kaasee jiru kan cimsuu fi icciitii saba waliif quuqaman gidduu jiru kan mul’isudha. Kana malees, namoonni yaadaan wal-fakkaatan, daandii tokkorra jiraniif fi ilaalcha walitti dhiyaatu qaban, yoo ammam jireenyi isaanii wal-caalchises, yoo ammam walirraa fagaatanis, odeeffannoo walii dhaga’uuf cancala wal isaan qunnamsiisu kan barbaadaniif fi kan qaban ta’uu namatti agarsiisa. Dabalatanis, Abdiisaan naannoo mana hojii haaraa itti hojii jalqabutti nama haala hojii muuxannoo isaa qooduun lafa isa barsiisuu barbaachiisaa waan ta’eef hiriyyaan isaa kanaan dura Yuunivarsitii keessatti waliin turan isaaf yaadee hiriyyaa isaa duran beeku waliin akka walbarru gochuu isaa mul’isa.

Abdiisaan dhiibbaa namoota jireenya isaa keessatti hiriyyummaan waliin dabarse irratti qaqqabsiisan of duub-deebi’ee yoo ilaalu akkas jedha:

Karaan irra deeme, haalotan keessa darbe – mudannoolee koo kaleessaa keessattan hiikkaa jireenya koo har’aa hubachuuf ciniinfadha. . . . daandii jireenya koo irratti namoota na mudatanin yaada. . . . Wayinisheet, . . . Taliilee, . . . Almaaz, . . . Raahel, . . . Henook, . . . Shaafii, . . . Cuuttaa, . . . Kuulanii, . . . Yohaannis . . . Weejee ishee amma Meeroon taate. . . . gaaf tokko nama tokko, gaaf biraa nama kaan keessattan of arga – akka nama daawwitii keessatti of ilaaluutti. . . . Inumaa, Daawwitii caalaa eenyummaa koo natti argisiisan. . . . (Dhaabaa 2020, ff. 515 - 516).

Akka yaada kanaatti, jiruu fi jireenya hawaasaa keessatti haalli jireenya keessa darbanii fi hiriyyaan dhuunfaa jireenya waliin dabarsan, daawwitii calaqqee jireenyaa namummaa fi eenyummaa ofii keessatti ilaallatan ta’uu nu hubachiisa. Kanaafuu, Abdiisaan, jireenya hawaasummaa isaa Yuunversitiis ta’e bakka birootti namootaa fi hiriyyoota waliin jiraate keessatti sadarkaa fi gahee namunnaa isaa keessatti of ilaalee, of madaaluun amma gahu of hubachuu fi of baruu danda’uu isaa nu hubachiisa.

#### **4.2.1.3. Jaalala**

Hariiroo waliin jireenya hawaasummaa keessatti namoota lama giddutti (dardarraafi shamarraan) miirri jaalalaa umamuu ni danda’a. Haali walitti dhufeenya namoota lammaan

kanaa gidduu jiru irratti hunda'uun miirri jaalalaa kunis yoo gama laachuun walqixxaa hin taane fi walhubannaa irratti hin hundoofne milka'uu dhabuu ni danda'a.

Haaluma kanaan, turtiidhaan walitti dhufeenya hawaasummaa barattoota mooraa yuunivarsitii keessatti isa mudateefi jijjiiramuu haala jireenya Abdiisaa Yunivarsitii keessa jiru hordofee barreeffama kana keessatti barreessaan yoo kaasu:

Mooraa Yuniversiitichaa keessa akkuman bubbuleen qalbiin koo barnootatti waan qabameef, yaaddoo fi dhiphuun Biilaa natti fe'amanii dhufan suuta suutaan narraa harca'aa deeman. Guyyaa guyyaatti waan na gaddisiisu arguu fi dhaga'uu irraa fagaadhee, taphaa fi burraaqa – qoosaa fi kolfa barattootaa keessa oolee buluun koo otuu ani hin se'iin na jijjiire. Otuun hin se'iin ijawwan koo miidhagina ilaaluu, onneen koo bareedaaf rifachuu, miirri koo jaalalaan ho'uu, jaalala dheechohuun jalqabe (Dhaabaa 2020, f. 27).

Yaada kana olii irraa waanti hubatamu, jireenya hawaasummaa yeroodhaa gara yerootti, bakkaa bakkatti haala hawaasa naannoo keessa jiraatan irratti hundaa'uun kan jijjiiramuu ta'uu isaa fi haala jirutti madaquu danda'u namatti agarsiisa. Dabalataanis, namni haala jiruu fi jireenya hawaasa keessa jiraatu irratti hundaa'uun fedhiin isaa kan dabaluu fi ariitiidhaan miira jaalalaa keessa galuu kan danda'u ta'uu nutti mul'isa.

Bifuma walfakkaatuun, Abdiisaan Wayinisheetiin yeroo hunda ishee arguu isaatiin miira jaalalaa keessa galuu isaa fi jaalalaan qabamu isaa yaada kanaa gadii keessatti barreessan hojii ogbarruu isaatiin yoo addeessu:

Guyyaa sanaa jalqabee kiyyoo isheen seene. Ishee irraa kana hafe dubartoota kaan ilaaluu nan dhiise. ... Guyyaadhaa guyyaatti jaalalli ani isheef qabu akkuma dabalaa deeme, saalfiin koo immoo daran hammaataa deeme. Ija guutee fuula ishee ilaaluu illee nan dadhabe. (Dhaabaa 2020, f. 32).

Akka yaada kanaa olitti, Jaalalli humna guddaa qabaachuu isaa mul'isa. Kana malees, namni tokko akkaataa inni ittiin qalbiin isaa miidhagina booji'amee jaalala keessatti kufuu danda'u agarsiisa. Akkaataa jaalalli miira nama tokkoo ittiin to'achuu danda'u mul'isa.

Dabalatanis, Abdiisaan yeroodhaa gara yerootti miirri isaa jaalalaa keessatti kuufuu isaa barreessan hojii ogbarruu isaa kana keessatti yoo addeessuu akka jedha:

Halkanii guyyaa waa'ee ishee malee waan biraa yaaduun dadhabe. Barnoota qo'achuus laaffisaan deeme..... Barattoota doormii koo irraa baqachuun jalqabe. ... Nama waliin dubbachuun jibbe (Dhaabaa 2020, ff. 32 – 33).

Ergaan yaada barreeffama kanaa oliirraa hubachuun kan danda'amu, ilaalchaan jaalala keessatti kufanii gara kaayyoo ofii dagachuu fi amala namaa jijjiiruu danda'u agarsiisa. Namni tokko yoo jaalalaan qabamee yoo jaalala keessatti kufe miirri isaa hundi jaalalaan waan to'atamuuf nama jaalate sana qofa arguufi yaaduu irraa kan hafe nama biraa waliin dubbachuu fi arguu akka isa jibbisuu agarsiisa.

Gama biraatiin, hojii ogbarruu kana keessatti barataan Abdiisaa mooraa yuunivarsitii kana keessatti jaalalaan qabamee gaaffii jaalala isaa dhiyeefachuu waan rakkateef aadaa hawaasa Oromoo keessatti rakkoon jaalalaa haala ittiin furamu barreessan walbira qabee yoo kaasu:

“Ahi ... Maal qaba silaa utuun Biilaa ta'ee?” jedheen hawwa yeroo tokko tokko. ... Dargaggeessi durba tokko jaallate jaalala isaa afaanii baasee himachuu dadhabe fala qaba. Addooyyee ishee barbaadee yookaan hidhata hidhataan barbaachisee dhibee isaa itti himata... Addooyyeen ishee kadhattee tole jechisiistee (Dhaabaa 2020, ff. 36 – 37).

Akka yaada barreeffama kanaa oliitti, hawaasa Oromoo Abdiisaan keessatti dhalatee guddate aadaadhaan haalli ittiin dargaggeessi jaalalaan qabame tokko jaalallee isaa ittiin argatu jiraachuu isaa agarsiisa. Kunis dargaggoon aadaadhaan jaalalaa ittiin ibsatanii fi ittiin raawwatan jiraachuu isaa hubachiisa. Haa ta'uu malee, mooraa yuunivarsitii keessatti sababa ammayyuummaa irraa kan ka'e yoo barataan jaalalli isa qabe ofiin gaafachuu irra kan hafe carraan akkasi akka hin jirre agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, aadaa hawaasa Oromoo naannoo Biilaatti dardariifi shamarran jaalala waliif dhiheessaniifi itti raawwatan hojii kana keessatti yoo ifu:

Qabdoo taa'uutti namani qaneffatu hin jiru, naannoo dhalata kootti. Inumaa ittiin boonu. Namoota ilaalaniifis waan fafaa miti. Waan ijatti baratame – waan ijatti tolu – waan nama gammachiisu – waan hawwiidhaan qalbii rarraasu. Bakka ani amma jiru Yuniversitii Haramayaatti garuu wanni akkanaa hin yaadamu. Akka doofummaatti ilaalama. Barattoonni 'qaroomina' jedhanii aadaa faranjii wal irraatti shaakalu. Isa Televiziyoona fi fiilmii irraa argan fakkaachuuf dhama'u (Dhaabaa 2020, f.39).



Ergaa inni dabarsuu barbaade, aadaa Oromoo hawaasa naannoo Biilaa jiraatu biratti dardarii fi shamarran wal-jaallatan haala ittiin miira jaalala isaanii waliif dabarsan qabaachuu isaanii agarsiisa. Aadaa Oromoo keessatti dardarii fi shamarran gaa'elaan dura wal-qunnamtii saalaa gaggeessuun dhorkaa akka ta'e agarsiisa. Garuu, faallaa kanaatiin dhaabbata barnoota ol'aanaa keessatti barattoonni aadaa isaanii tuffachuun, aadaa biyya ormaa akka ammayyummaatti fudhachuun kan amaleeffataa jiran ta'uu agarsiisa.

Haaluma kanaan, barataan jaalalli isa qabe ofii isaa barattuu sanaaf gaaffii dhiheessuu qaba. Hojii ogbarruu kana keessatti Abdiisaan sababa jaalala keessatti kufeef hojii kana keessatti akkaataa ittiin gaaffii jaalalaa Wayinisheetiif dhiheesse barreessan yoo mul'isu akkas jedha:

“Maaliif na waamsifte?” jette Wayinisheet.

“Ani illee si jaalladheeni” ...

“Hin danda’u,” naan jette.

“Maaliif?”

“Yeroo hin qabu.”

“ihi. . . jechuun. . . jaallatamuuf moo. . . jaallachuuf?”

“lamaanii fuu amma yeroo hin qabu” naan jette.

“Dhifama naf godhi. Amma booda garuu akka na waamsiftee na jeeqxu hin fedhu” jettee na irraa galagalte Wayinisheet (Dhaabaa 2020, ff.45-46).

Yaada barreessaa kana irraa hubachuun kan danda'amu barattootni Yuunivarsitii maatii isaanii irraa adda bahuun yeroo barnootaaf dhaabbata barnoota ol'aanaa seenan walitti dhufeenya guyyaa guyyaatti waliin taasisaniifi umurii isaanii irraa kan ka'e miira jaalalaa keessa galuun, gaaffii jaalalaa waliif dhiheessuun akka muuxannoo ta'ee jiruu agarsiisa. Haata'u malee, taateewwan kan keessatti baratuun Wayinisheet gaaffii jaalalaa barataa Abdisaa irraa yoo isheef dhiyaates kaayyoon isheen barnoota ishee galmaan gahuuf maatii ishee biraa baate akka hin guufanneef sadarkaa kanatti deebii jaalalaa keessumeessuuf akka hin dandeenye mul'isa.

Hojii ogbarruu kanaa gadii keessatti Abdiisaan barataa waggaa lammaaffaa ta'ee fi Taliileen waggaa tokkoffaa taatee yeroo gara Yuunivarsitii Haaromayyaa autobisii keessatti yoo walbarranisii gaafa tokko mooraa keessatti ishee waamee fedhii jaalalaa isheef qabu ofitti qabee

hamaachuun yoo mul'ises isa gad-lakkifatee baqachuu isheef yeroo deebi'anii walargan akkas jette:

“Dhiifama naaf godhi.”

“Maaliif?”“Yeroo darbe sin gaddisiise mitii?”

“Ani sitti hin gaddine. anatu dhiifama si gaafachuun na irra ture.”

. Garuu- “jette “Waa’ee koo wanna ati hin beekne tu jira,” jette-

. . . . “Yeroo sanatti abbaa koo tu dhufee fuul-dura koo dhaabate, “ naan jette. (Dhaabaa 2020, ff.183-184).

Ergaan waraabbii kanaa olii irraa hubachun kan danda’amu, Taliileen fedhii jaalalaa Abdiisaan isheetti agarsiise simachuu didee jalaa figuu isheef, sababni akka isheen nama taate barnoota isheeti milkooftuuf jajjabina abbaan ishee kennaa ture balleessuu ta’ee waan itti mul’ateef akka tarkanffii fudhate mul’isa. Gocha yeroo sana raawwateefis, miira Abdiisaa miidhuun ishee waan isheetti dhaga’ameef jaalala isaaf qabdu agarsiisuuf dhiifama gaafachuu ishee agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, Abdiisaan jaalala Taliileen qabamuu isaa barreessan yoo seenessu akkas jedha:

“Taliileen abjuu koo dhugaa taasistee, dhugaa immoo abjuu natti fakkeessiti. Guyyaa guyyaatti utuu ishee hin argiin ooluu hin danda’u. Daree barnootaa keessa ogguun taa’uullee ijawwan koo tu barsiisaa ilaale malee qor-qalbiin koo miliqee gara isheetti gulufa” (Dhaabaa 2020, f.187).

Waraabbii kanaa oliirraa waanti hubachuun danda’amu, Abdiisaan jaalala Taliileetiin qabamuu isaa irraa kan ka’e qor-qalbiin guutuu ta’een barnoota isaa daree keessatti hordoofaa akka hin jirre mul’isa.

Haata’uu malee, yaada kanaa gadii keessatti barreessan gaaffii jaalalaa Abdiisaan Wayinisheetiif kaasee deebii guyyaa eebbaa kennameef yoo addeessu akkas jedha:

“Gaafa jalqaba dubbanne gaaffii na gaafatte sana yaadataa?” naan jette.

“Eeyyee,” n jedhe.

“Amma yoon haa ta’u, jedhe maal jetta?” naan jette. – Waanan jedhun dhabe. Nan muddame.

“Waanan yeroo sana siin jedheef dhiifama si gaafadhe mitii?” – jette itti fuftee.

Maal naan jette isheen, yeroo sana? . . . (Dhaabaa 2020, ff.420 – 421).

Yuniversity keessaatti barattootni shamarranii rakkoo isaan mudachuu danda’u jalqaba maatii isaanii irraa adda bahuun bilisa ta’anii kan itti amanan hojjechuu waan barbaadaniif, kun immoo barnoota isaanii sirnaan akka isaan hin hordofne gufuun isaan qunnamuu danda’a. Yaada ogbarruu kanarraa hubachuun kan danda’amu, gaaffiin jaalalaa Abdiisaan waggaa sadiin dura Wayinisheetiif dhiyeesse, akka keessummeessuu hin dandeenye deebii kenniteefii turte. Yeroo sanatti, xiyyeeffannaan barnoota ishee akka jaalalli hin gufachiifneef ta’uu hubachiisa. Haata’uu malee amma erga barnoota ishee xumurtee eebbifamtee booda akka eeyyemamtuu taate agarsiisuu ishee mul’isa. Dabalataanis, har’a guyyaa eebbaa kana jaalalaaf eeyyemamtuu ta’uun ishee duraanis jibbaaf osoo hin ta’iin, waanti hundi yeroo qabaachuu isaa nama hubachiisa.

Abdiisaan sababa isaatiin rakkina Taliilee irra gaheef nama biraa waliin jaalalaafi gaa’eelan walitti hidhamuu akka hin barbaadne yoo agarsiisu:

. . . “Seeraan ta’uu fi dhiisuu isaallee hin beeku. Garuu, seera namni ka biraan namaaf tumu irra seera abbaan laphee isaa keessatti tumatu hin wayyuu?

“Tole. Waan fedheyyu haa ta’u. Garuu, kaadhimaan qubeelaadhaan naqadhen qaba naan jechaa jirtaa?

“Eeyyee. Inumaa, kaadhimaa lubbuu ti. . . . qubeelaas taanaan . . . eeyyen, qubeelaas itti kaa’adheen ture,” – Otuu hin se’iin afaan koo keessaa futtaafate. . . .

“Amma eessa jirti ree?” jedhe Tujubaan.

“Lafa keessa. Biyyoo keessa.”

– Rifaatuudhaan al tokkotti faarri isaa jijjiirame. (Dhaabaa 2020, f. 478).

Akka yaada kanaatti, walitti hidhamiinsi jaalalaa jireenyaa keessatti nama lubbuun jiru qofa osoo hin taane, nama lubbuun hin jirre waliinis ta’uu akka danda’u agarsiisa. Akkasumas, waadaa fi qubeelaan jaalalaa nama addunyaa dhugaa irra jiru waliin qofa osoo hin taane, nama du’ee boolla seene yookaan awwaalame waliin illee jaalalli onnee irraa ta’ef inni dhugaa walitti nama hidhuun, sana yaadachaa, sanatti gammadaa, sanatti gaddaa, sanatti bashannanaa, sanatti aaraa, ykn itti gaabbaa waadaa keessoo onnee ofitti galaniin jiraachuun akka danda’amu mul’isa. Dabalataanis, qajeelfamni jaalalaa fi waadaan dhugaa kan dirree irratti osoo namoonni arganii qubeelaa waliif kaa’uun mul’atu qofa osoo hin taane, kan abbaan seera mataa isaa tolfatee, onnee fi sammuu isaa amansiisee murteeffatutu kan caalu ta’uusaa nu hubachiisa.

Abdiisaan yeroo jaalalaan waliin turanitti waadaa jaalala isaa ibsachiifu qubbeelaa haadha isaa Taliileef kenneen walitti hidhamuu isaa hojii kanaa gadirratti barreessan yoo mul'isu:

. . . Qubeelaa haadha koo sanan yaadadhe. . . qubeelaa quba Taliilee irratti hafe sana . . . Qubeelaa quba Taliilee waliin awwaalame . . . Kennaa haadha koo . . . galaa jaalalaa haati koo naaf galaaste! . . . Tarii . . . tarii . . . mallattoo waadaa jaalalaa abbaan koo dur haadha koof kenne. . . mallattoo waadaa haati koo ofirraa baastee anatti dabarsite . . . waadaa jaalalaa ani immoo Taliileetti dabarse! . . . qubeelaa meetii qajjisa lameen walitti micciiraman irraa tolfame, . . . akka lubbuulee lameen walitti maramanii, . . . akka lubbuulee lameen gaafa gargar bahan miidhagina isaanii dhabanii, . . . abdii isaanii dhabanii, . . . jireenya isaanii dhabanii, . . . (Dhaabaa 2020, f. 479).

Akka yaada kanaatti barreessaan dhaamsa inni hawaasaaf dabarsuu barbaade Qubeelaan qubaa mallattoo jaalalleen lammaan waddaa jaalalaan walitti hidhamuu isaaniifi waliif ammanamuu isaanii mul'isudha. Jaalalli kennaa uumamni ilma namaatiif kennite yommu ta'u, walitti hidhamiinsa qaamaa qofa osoo hin taane walitti hidhamiinsa lubbuus kan agarsiisu dha. Kana jechuun, addunyaa kanarratti jaalalaan, gammachuun, tokkummaan, walii galtee fi miira gaariin, waliin jiraachuuf namni barbaadan tokko yoo nama biraa dhabame, lubbuun addunyaa irratti hafte sun miira gaariin, gammachuu fi qananiidhaan jiraachuuf kan rakkattu ta'uu ishee mul'isa. Lubbuun wal-jaallattu sun wal malee bareeduu, miidhaguu, bashannanuu, gammaduu fi jiraachuu kan rakkatu ta'uu ishee agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, hojii ogbarruu kana keessatti barreessan namni waan jaalateef aarsaa kaffaluuf boodeetti akka hin deebine agarsiisuuf yoo mul'isu:

. . . Taliileen aarsaa jaalalaa baasuuf, ani aarsaa jaalalaa nyaachuuf uumamne yoo ta'es maaltu beeka? . . . Garuu, kun sirriidhaa? . . . Inni tokko aarsaa ta'ee inni kaan ittiin jiraachuun? . . . Yasuus aarsaa ta'uun jiraachuu namootaaf eega ta'ee namni tokko nama isa kaan jiraachisuuf aarsaa ta'uun maaliif sirrii hin ta'u? . . . Garuu, Taliileen kana beektee aarsaa taatee? . . . (Dhaabaa 2020, ff. 480 - 481).

Akka yaada kanaatti, Abdiisaan waa'ee nama jaallatanif jedhanii of wareeguu yookaan saba ofiif jedhanii of wareeguu ilaalchisee, wal-diddaa sammuu isaa waliin qabuun sirridha moo sirrii mitii? jedhee yaadaan muddamuu isaa agarsiisa. Fakkeenyaaf, Yasuus jiraachuu ilma namaaf erga of wareegee, Taliileen anaaf jettee, kaayyoo ishee dhiiftee, kaayyoo koo galmaan ga'uuf of wareeguun ishee sirrii moo dogoggora? isa jechu irratti of gaafata. Waanuma fedheefuu, biyyaafis, sabaafis ta'e jaalala nama dhuunfaaf jedhanii of wareeguun dura galma, kaayyoo fi bu'aa of wareeganiif sana beekuu fi adda baafachuun barbaachisaa ta'uu isaa nuuf akeeka.

#### **4.2.1.4. Gabbii Mul'isuu**

Namni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti beekees ta'e miira isaa isa ka'kaasee gocha nama biraa miidhu raawwachuun isaa hin oolu. Haata'u malee, miidhaa nama biraa irratti raawwate kun yeroo sammuu isaatti dhaga'ame akka sirrii hin taanne of qeequun gabbii isaa agarsiisuun boqonnaa sammuu ofiif kennu ni jiraata. Hojii ogbarruu kana keessatti haati Abdiisaa sababa gocha isheetiin badiin intala ishee Kuulanii irra gaheef yeroo miira gabbii ibsitu:

...Maannaaloonis Kuulaniinis hin jiran. Utuu isheen gad-hin taa'iin ijoolleen waan ta'e hunda wal harkaa fuudhanii itti himan. Silaa gurri dhaga'uu hin diduutti, harkawwan ishee lamaanii mataa qabatee, akka mukaa gogdee dhaabattee dhaggeeffatte. Dura, waan gootus waan jettus harkaa bade bakka dhaabattetti fajajjee hafte. Badii kana hundaaf sababaan ishee ta'uu ofitti murtee, galgaluma gaaf-sanaa karaa boroo baatee wadaroodhaan mukatti of rarraaste. Garuu, battalatti namoonni ollaa arganii ishee oolchan. iyyanni itti birmatanii, wadaroo irratti kutan... (Dhaabaa 2020, ff.21-22).

Ergaan kanaa olii kan agarsiisu, jecha fakkoomii'akka mukaa gogdee dhaabattee dhaggeeffatte' jedhu fayyadamuun naasuu haati Abdiisaa gocha Maannaaloon intala ishee Kuulanii irratti raawwate yeroo ijoollee ishee irraa dhaggeessu ittiin ibsate kan agarsiisuudha. Haati Abdiisaa sababa du'a abbaa manaa jalqaba irraa kaastee osoo safuu hawaasa keessa jiraatu kabajee nama isheef ta'uufi kan firoota ishee biratti fudhatama qabu waliin bultii ishee ijaaratetti ta'ee hammeenya kana fakkaatu isheefi intala ishee Kuulanii irra hin gahu ture. Kanaafuu, haati Abdiisaa gocha isheefi intala ishee irratti Maannaaloon raawwateef, badiin kan ishee ta'uu waan ofitti fudhateef, gochicha dhaggeessee jiraachuu irra lubbuun darbuu waan filateef wadaroon of rarraasuun gabbii ishee mul'istee jirti.

Hojii kanaa gadii keessatti namni tokko badii raawwateef of yaakkuufi of ceepha'uun gabbii isaa mul'isuun barreessan yoo ibsu:

'Sagalee eenyummaa koo isa qilee sammuu koo keessaa natti dubbatu sanaafan waadaa seenuutti ka'e... Sodaa fi ofittummaa ofirraa mulqee gatuuf – balleessaa koof itti gaafatama fudhachuuf – Taliilee dhiifama gaafachuuf – waan itti dhufu mara waliin baachuuf – aarsaa barbaachisu kaffaluuf –ofiif otuu hin taane isheef jiraachuuf... Ammaa booda ofittummaaf hin gabroomu! ... Ofis namas hin sobu! ... Muradheera... waan isheen na irraa barbaadde of qusannaa tokko malee kennuuf... lubbuu koollee ta'u!' ... (Dhaabaa 2020, f. 249).

Akka yaada barreessaa kanaatti ergaa inni hawaasaaf dabarsuu barbaade namni tokko yeroo waanti hin yaadiinii fi hin eegamne tokko isa mudatu naasuu fi sodaa irraa kan ka'e dogoggoraa fi balleessaa kan biroo kan akka ofittummaa, of jaallataa fi dhimma mataa isaa malee haajaa nama biraa hin qabne nama fakkeessan dalaguu akka danda'u hubachiisa. Haata'u malee, erga naasuu fi sodaa isaa fixatee booda gorsa nama biroo illee osoo isa hin barbaachisiin, keessoo isaa dhaggeeffachuun dogoggora raawwate tokko hubachuu akka danda'uu fi murtii sirrii fi isarraa eegamu tokko fudhachuu akka danda'u agarsiisa. Kana malees, gufannaa fi fashalaa'uu kaayyoo ilma namaa keessaa namni qooda qabu tokko, wal-loltaa sammuu isaa keessatti uumamuun dogoggora isaa hubatee, gaheen itti gaafatamummaa isaa ammam ulfaataa yoo ta'ellee, ofitti fudhatee dirqama isarraa eegamu bahachuuf kan murteeffatu fi sammuu isaa kan isa dirqisiisu ta'uu isaa agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, Abdiisaan gocha Taliilee irratti raawwateef hojii ogbarruu kana keessatti gabbii isaa akkas jechuun yoo ibsu:

Utuun Taliilee wajjin wal-hin barre tahee, . . . eega wal barree immoo utuun jaalalaaf ishee hin gaafanne tahee, . . . eega isheen tole jettee of natti kennitee immoo utuun waliin hin ciisne tahee, . . . eega waliin ciisnee immoo utuu irraa hin baqanne ta'ee, utuun itti gaafatama fudhadhe tahee, . . . Namoonni akka koo jaalala ganan yookaan jaalala ajjeessan, . . . kanneen jireenya dhala namaa barbadeessan – yakkamtoonni akka qulqullootaatti jiraatan, kan namni gocha isaanii hin beekne, - yoo beekes hin yakkiine, kan poolisiin hin qabne – kan seerri yakka itti hin murre meeqatuu jira laata? jedheen yaade yeroo dheeraaf (Dhaabaa 2020, ff. 306 - 307).

Akka yaada barreeffama kanaatti ergaa inni hawaasaaf dabarsuu barbaade Abdiisaan gocha Taliilee irratti raawwateef sammun isaa boqonnaa waan isa dhorkeef gabbii isa mul'isa. Namoonni sababa garaa garaatiin yookaan jaalalaatiin osoo beekaniis haa ta'u osoo hin beekiin nama sossobanii, gowwoomsanii, itti fakkeessanii, kaayyoo fi karoorra namaa irraa gufachiisani jireenya namoota hedduu hallayyaatti gatanii jiran, garuu akka yakkaatti kan hin ilaalamne seeraa ifatti kan nama hin adabsiisnee fi itti gaafatamummaa kan nama hin fudhachiifne yakkaa hamaa fi dhokataa ta'uu isaa nu hubachiisa. Kana malees, badii fi dogoggora raawwatamee darbe tokkoof "utuu" jechuun yookaan gaabbiin kan hin oolle yoo ta'es, muddama fi dhukkubbii sammuu namaaf dabaluu irraa kan hafe, utuu jechuun dogoggora darbe sirreessuuf gahee tokkollee kan hin qabnee fi 'utuu' irraa barachuu qofa kan nama gargaaru tahuu isaa nu hubachiisa.

Dabalatanis, yaada kanaa gadii keessatti namfakkiin mummee gocha Taliilee irratti raawwateef sammuu isaa waliin falmii taasisuu barreessan yoo addeessu akkas jedha:

Garuu, sammun koo akka amala isaa na yakkuutti ka'e. . . . Xurii Taliilee kan na irraa dhiqee qulqulleessuu danda'u akka hin jirre natti hasaase. . . . baqadhee jalaa ba'uu – of golgee jalaa dhokachuu akka hin dandeenya natti hime. 'kana ani bilisa bahuu danda'u yoo sammun koo himannaa isaa na irraa dhaabe qofa akka ta'e natti dhagahama. Yoo inni yakka hojjedheef adabamuu kootti quufee, itti gammadee na yakkuu dhiise qofa. Garuu, adabbiin haqa dhabe – dhugaa jal'ate madaalu, . . . adabbiin xurii Taliilee na irraa baasee bilisa na taasisuu danda'u maali? (Dhaabaa 2020, ff. 308 - 309).

Akka yaada barreeffama kanaatti ergaa inni hawaasaaf dabarsuu barbaade namni tokko badii dhokataa kan ragaan itti hin qulqulleessine, kan seerri ifaan isa hin yakkinee fi isa hin gaafanne raawwachuun adabbii seeraa fi namaa jalaa dhokachuu yookaan bahuu yoo danda'eyyu, gaaffii sammuu isaa jalaa bahuu akka hin dandeenye, wal-diddaa sammuu isaa keessatti uumamuun isa muddan, isa yakkan, isatti muran, isa shororkan, isa jeeqan, isa goolani fi aara-galfii isa dhowwan jalaa eessattuu baqatee yookaan dhokatee jiraachuu akka hin dandeenye nutti mul'isa. Dabalataanis, seerrii fi murtiin addunyaa kanaa ragaan fi qabatama waantotaa kan barbaadu ta'uu isaa fi dhugaa dabe, haqa jallatee fi dhugaa dhokate hundaaf furmaata kennuu kan hin dandeenye ta'uu isaa akkasumas, murtiin sammun ofii namatti muru caalaa nama miidhu ta'uu

isaa namatti agarsiisa. Haala waliin jireenya keessatti namni tokko badii nama biraa irratti raawwateef yoo seeraa fuulduratti bilisa bahees, himannaa sammuu isaa jalaa bahuu akka hin dandeenye hubachiisa.

Haaluma walfakkaatuun, Abdiisaan miidhaa Taliilee irra qaqqabsiseef turtii yeroo dheeraa booda yeroo walarguu waan itti dhagameef dhiifama gaafachuu isaa barreessan yoo ibsu:

“Abdii, maal taate ati? maaliif hin dubbattu? na arguu hin barbaane moo?” jette, yeroo na irraa homaa dhaga’uu dhabdu. “Maloo, dhiifama. baay’een si miidhe. . . . waanan jedhu hin beeku . . . . ani waa’ee keetti fayyaa dhabeera. Yakka kootu baay’atee dubbii na dhowwate, “. . . . jedhu, . . . . -yeroo xiqqoof callistee na ilaalte, Taliileen. Fuula imimmaan irra gad-jigu natti ibsite. “Amma sana dhiisi, Abdii. Deebinee walarguu keenyatti waan sitti dhagahame qofan baruu barbaada.” jette.-Fuula koo seequufi ijawwan koo imimmaan darbatu takkaa ta’e. Seequun ishee dachaa dabale (Dhaabaa 2020, ff.536-537)..

Akkaataa yaada kanaa olitti, Abdiisaan Taliilee du’aan addunyaa kana irraa darbiteetti jedhee yaadu utuu hin se’iin walarguu isaa rifaatu guddaa keessa waan galeef, isheetti dubbachuu dadhabuu isaa agarsiisa. Jireenya inni hanga ammatti dabarse keessatti, gochi inni Taliilee irratti raawwate yakkamaa isa taasissee waan sammuu isaatti dhufee isa jeeqaa tureef, boqonnaa sammuu argachuuf, akka isheen dhiifama isaaf gootuuf dhiifama ishee gaafachuu mul’isa. Haalli isaan itti walarganiifi keessa dabarsan miira gaddaafi gammachuu keessa kan isaan galche ta’uu isaa agarsiisa.

#### **4.2.1.5. Haaloo Bahuu Mul’isuu**

Haala jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti namni tokko ta’e jedhee nama biraa irratti miidhaa yookaan hameenya raawwachuu danda’a. Haala kana keessatti namichi miidhaan irra qaqqabe haaloo bahuuf sochii taasisuu danda’a. Dhimma kana ilaalchisee, hojii ogbarruu kana keessatti gocha Maannaaloon Kuulanii irratti raawwate haaloo bahuuf firoonni abbaa Abdiisaa taasisan waraabbii kanaa gadii keessatti yoo ibsamu:

. . . Firoonni abbaaa koo gaafa waan Maannaaloon Kuulanii irratti raawwate dhaga’an akka rifatan, gaafa abbaan koo of ajjeessellee kan rifatan natti hin fakkaatu. Gaadanii



Maannaaloo ajjeessuuf yeroo isaan halkan Najjoo seenan, inni immoo isaan dursee jalaa bahe (Dhaabaa 2020, f.22).

Ergaan hojii barreessaa kun akka mul'isutti, firoonni abbaa Abdiisaa aadaa isaanii ala Maannaaloon maallaqaan dogongorse haadha Abdiisaa ijoollee ishee irraa adda baase waliin jiraachuu isaa duraniyyuu gammachuu irraa hin qabane, yeroo inni gocha kana fakkaatu Kuulanii irratti raawwachuu isaa dhaga'an rifatii keessa galuun tarkanffii irratti fudhachuuf gara sanatti deemuu isaaniifi innis badii isaa dursee waan hubateef naannoo gad-lakkisee baduu isaa mul'isa.

#### **4.2.1.6. Walittidhufeenya Maatii Mul'isu**

Maatiin hundee hawaasati. Maatiin tokko jiruufi jireenya isaa keessatti yoo walittidhufeenya gaarii qaba ta'ee walittidhufeenya gaarii hawaasa keessa akka jiraatu taasisa. Dhimma kan ilaalchisee sababa du'uu abbaa Abdiisaa irraa kan ka'ee maatii bittina'uun yeroo dheeraa walarguu dhabuu Abdiisaafi haadha isaa yoo seenessu:

Ani wasiila koo, Waltajjii Disaasaa bira taa'ee barnoota koo itti fufeyyuu waa'een haadha koo yeroo mara keessa koo jeeqaa ture. Namoonni ganda keenyaa immoo daranuu natti hammeessan. Oggaa na argan waa'ee ishee yookaan waa'ee obboleettii koo, Kuulanii, natti kaasuu. 'Gurbaa, haati kee akkam taate? . . 'yookaan 'obboleettiin kee sun bakki isheen buute barameraa?. . . 'jedhanii na gaafatu, yookaan, nagaa na dubbisanii yeroo ani bira darbu hidhain xuuxu (Dhaabaa 2020, ff.22-23).

Waraabbii kanarraa ergaan hubatamu, Abdiisaan umurii kanaan maatii isaa irraa adda bahee fira bira jiraachuun isaa keessattuu dhimmi haadha isaa boqonnaa akka isa dhorke mul'isa. Gama biraatiin immoo, jiraatoonni naannoo isaa waa'ee haadha isaafi oboleettii isaa quuqama qaban irraa kan ka'e miira gaddaan yeroo isaan isa gaafatan immoo caalmatti akka isa jeequ agarsiisa. Sababa du'a abbaa isaa irraa kan ka'e maatiin isaa bittina'uu fi haadha isaafi oboleettii isaa rakkoo adda addaaf saaxilamuu isaanii mul'isa. Abdiisaan barnoota isaa akka ittifufuuf firoonni isaa gahee qabachuu mul'isa. Kuulaniin sababa gudeedamuu isheetiin naannoo hin beekamnetti baduu ishee jeequmsa walittidhufeenya maatii uumuu agarsiisa.

Haati Abdiisaa sbaba firoota abbaa isaa irraa adda bahateef Abdiisaa haadha isaa waliin wal hinargin turuu isaa barreessan yoo ibsu:

Sababa haati koo firoota abbaa koo irraa cite hafteef, anis, wasiila kootti dubbachuu sodaadhee, yeroo dheeraaf utuu ishee hin argiinan ture. Utuun mana barnootaatii bahuutti jiruu, . . . balbala mooraa mana barnootaa duratti arge. . . . Yeroon argu, dura haadha koo ta'uu ishee hin barre. Yeroon barru garuu nan rifadhe. . . . Utaaleen itti marama. Qaama dafqi itti goggogen suunfadhe. Foolii ani ijoollummaa kootti suufee rafaa turetu natti dhufe-irraa ol jechuu hin dandeenye. Imimmaan ishee morma kootti coccobe-imimmaan koo immoo harma isheetti gad-cobe. . . (Dhaabaa 2020, ff. 23-24).

Yaada kana irraa kan xiinxalamu, haati Abdiisaa sababa safuu hawaasa keessa jiraatu cabsitee fira irraa cite namicha Maannaaloo jedhamu waliin jiraachuu filateef yeroo dheeraaf osoo Abdiisaa wasiila isaa bira jiraatu hin argin turuu ishee mul'isa. Sababa fira abbaa Abdiisaa irraa citee waan turteef, mana barumsaatti isa arguuf gara mana barumsa Abdiisaan itti barachaa jirutti deemuu ishee agarsiisa. Abdiisaan haadha isaa yeroo dheeraa hin argin yaadaa ture yeroo argu fi ishee ta'uu barru utaalee itti maramuun isaa, rakkinni yoo adda isaan fageessee turus, walyaaduu, dhiigummaafi finummaa gidduu isaanii jiru mul'isa. Dabalataanis, rakkoon gidduu isaaniitti uumame yoo adda isaan fageessee tures, dhiigummaa fi finnummaan gidduu isaanii jiru kan walitti isaan hidhu ta'uu agarsiisa.

Hojii ogbarruu kana keessatti Abdiisaan gocha haati isaa raawwate miidhaa isa irra gessisteen yoo gammachuu dhabes ofraa kutee gattuu akka hin dandeenye yoo mul'isu:

. . . Haadha koo dur na gattee deemtee, har'a immoo naaf raafamtu sana – haadha koo obbolaan fuggisoo natti fiddee jireenya koo fuggisoo goote – haadha koo maatii abbaa koo gantee gatii gocha ishee gidiraan kaffalaa jirtu – haadha koo ani jibbee irraa hin fagaanne, jaalladhee itti hin qabbaneeffanne – haadha koo hibboo natti taate sana waliin yeroo qoommii qabaachuun barbaade (Dhaabaa 2020, f. 81).

Yaada kanaan, Abdiisaan gocha haadha isaa yeroo inni ijoollummaan jiru sababa du'a abbaa isaatiin isa gattee, jireenya dhuunfaashee filattee jiruu fi jireenya isaa irratti miidhaa geesiste

jibbee irraa fagaachuuf dhiigummaan kan isa harkisu ta'uu fi jaallatee itti qabaneeffachuuf miidhaa isheen isaa fi firoota isaa irratti qaqqabsiiste irraa kan ka'e akka hin dandeenye agarsiisa. Ijoollee obbolaan isaa abbaa ormaa irraa dhalatan irraa gamachuu akka hin qabne agarsiisa.

Abbaan Taliilee sababa intali isaanii yeroo dheeraaf gara maatii galuu dhabdeef yeroo gara Yuniversitii Haraamayyaa deemanii iddoo isheen jirtu Abdiisaa gaafatan:

“Eessa jirti mucayyoon koo?” . . . “Ani hin beeku . . . eessa akka isheen jirtu.” . . .  
“Attamitti wallaalta?” jedhe itti fufee. “Hin beeku . . . jechuun koo amma bakka isheen jirtu hin beeke.” “Maali, si wajjin turte, jedhan mitii? Adaraa Rabbii! Adaraa Waaqaa adaraa Lafaa, iddoo dhalli koo jirtu natti himi!” . . . “Ani ergan ishee argeeyyuu waggaa lamaa ol ta'eera.” “Ee! Eessa geessite, dhala koo? Ajjeestee dhoksite moo?!” “Way dhala koo! . . . Way kichuu koo, karaatti haftee?! Dhama'een harka qullaa hafe!” . . . jedhee sagalee ollataadhaan gungume. (Dhaabaa 2020, f.414).

Akka yaada kanaatti, Abbaan Taliilee intala isaa abdiid guddaa irra keewwatee turee fi baratee bakka guddaa naaf geessi jedhee gara Yuniversitiitti ergate, barbaacha dhufee yeroo Abdiisaa irraa deebii ga'aa dhabu, gaddii fi abdiid kutannaan kan itti dhaga'ame ta'uu mmul'isa. Taliileen rakkoo keessatti kuftee barnoota ishee adda kutee baduu ishee sababa Abdiisaa ta'uu agarsiisa. Abbaan Taliilee miira keessa galee akka Abdiisaan iddoo mucaa isaa jirtu itti himuuf watwatuun isaa miira dhiigumaa fi finumaa dhala isaaf qabu mul'isa.

Hojii ogbarruu kana keessatti fira isa barsiisee sadarkaa kanaaf isa gahe gaafa barumsa isaa xumuree galu gara naannoo wasiila isaa jiraatu Biilaa dhiisee gara naannoo Najjootti haati isaa jiraatu deemuun isaa yoo ifu:

‘Yeroon aabboo Waltajjii bira gahu miilawwan isaatti kufe. “naaf dhiisi abbaa koo! wanaan si gaddisiise haa hafu naf jedhi” n jedhe . . . Boorumtaa isaa ganama, Aabboo Waltajjiin marga jiidhaa fi aannan waancaatti na qabachiisee aagii naaf baafate; barruu harka kootti tuttufee na eebbise. Dibicha qalee, fira fi fiixaa waamee na eebbisiise. . . . (Dhaabaa 2020, ff.446-. 447).

Akka yaada barreeffama kanaatti barreessaan ergaa inni hawaasaaf dabarsuu barbaade: Aadaan Oromoo waan hundaaf furmaata mataa isaa qabaachuu nutti mul'isa. kana jechuunis, akka aadaa Oromootti namni walitti mufate yookaan walitti dalanne tokko akkaataa ittiin wal-araarfatu fi seera guutamu qabu guutee aagii waliif baafachuu akka qabu un barsiisa. Aagii erga waliif baafatee booda, deebi'ee walitti dallanuu fi mufachuun akka hin jirre, yookaan dhugaadhaan waliif qulqullaa'uu akka ta'e mul'isa.

#### **4.2.2. Hariiroo Hawaasummaa kan Faalleessu**

Hawaasni tokko jiruufi jireenyaa isaa keessatti haala ittiin walhubannaaniifi waldanda'uum karaa nagaa qabeessa ta'een kan waliin isaan jiraachiisu walitti dhufeenya hawaasummaa isaati. Haalta'u malee dhimmoonni waliin jireenya hawaasummaa isaanii diiguu danda'u fi kan hawaasa sana keessatti fudhatama hinqabne yoo isaan mudate walittidhufeenya hawaasummaa isaanii miidhuu danda'u. Haaluma kanaan, asoosama kana keessatti dhimmoonni faallaa hawaasummaa ta'an adda bahanii xiinxalamuun armaan gadiitti dhiyaataniiru.

##### **4.2.2.1. Safuu Hawaasaa Cabsuu**

Hawaasni tokko waliin jireenya isaa keessatti safuufi duudhaa isaa waliif eegeefi kabajee hariiroo hawaasummaa gaarii uumatee waliin jiraata. Ummanni Oromoos, jiruufi jireenya isaa keessatti kan ittiin beekamu aadaa, safuufi duudhaa isaa faalleessu yoo isa mudate hawaasicha keessatti fudhatama hinqabu. Dhimma kana ilaalchisee barreessichi yoo ibsu:

Haati koo eega gadda abbaa kootii xumurtee booda yeroo dheeraa hin turre kan dhiira biraa wajjin wal-barte. Maannaaloo Balaay jedhama-namni kun. Dargaggummaa isaatti hojii barbaacha Marraabeetedhaa Gimbii dhufe. Yeroo sana keessa ega kan inni haadha koo waan gargaaru fakkaatee, maallaqaan of dagachiisee itti hiiquu jalqabe. Booda, yeroo firri cufti mana ishee laagatu, anaa fi Kuulanii manatti dhiistee, dhokattee isa wajjin Najjootti galte. Utuu fira hin eyyamsiisin seera aadaa diigdee, safuu cabsite (Dhaabaa 2020, f.19).

Yaada kana irraa waanti hubatamu, dubartiin abbaan manaa ishee jalaa du'e tokko gadda abbaa manaa ishee qabdu ibsachuuf yeroo dheeraaf dhiira laagatee teesse. Turtii yeroo dheeraa booda hawaasni isheen keessa jiraatu kanaa ol gadduu akka isheen hin qabne gorsuun gadda ishee akka

irraanffatu jajjabeessu. Haa ta’u faallaa aadaa, safuufi duudhaa hawaasa keessa jiruu ala haati Abdiisaa addee Dureen osoo gadda abbaa manaa ishee irra yeroo dheeraa hin turriin dhiira biraa wajjin wal-barte. Akka aadaa Oromootti namoonni gaa’eela raawwachuu dura sanyii fi eenyummaa walii walqoraatu. Dubartiin abbaan manaa jalaa du’e hawaasa jiraatu keessatti sirna ittiin gaa’eela raawwatee qabeenyi abbaa manaa ishee fi maatiin ishee osoo hin bittina’iin qabatee akka jiraatu taasifamu aadaa hawaasichaa keessatti obboleessi abbaa manaa akka bulchu godhama. Haa ta’u malee, haati Abdiisaa addee Dureen aadaafi safuu hawaasaa keessa jiraatu cabsuun nama eenyummaan isaa hin beekamne waliin wal-barruun fi mallaqaan sossobamuun ijoollee ishee rakkoo irratti gattee heerumuu ishee agarsiisa.

Hojii ogbarruu kana keessatti gochi safuu hawaasaa cabse biraa raawwateera. Kunis, abbaan buddenaa ishee kan ta’e Maannaaloo Balaay gocha safuu hawaasa Oromoo kan cabsu Kuulaniin irratti raawwachuu isaa kan mul’isu barreessan yoo ibsu:

Kuulaniin utuu olii-gad wixxifattuu harkawwan isaa keessaa futtaafatee yeroo gara fuulduraatti utaaltu, Maannaaloon miilla ishee qabannaan takaalamtee fuula isheetiin lafatti rukkutamte. Yeroo achii ol kaatee waan afaan ishee keessaa gad tuftu, ilkaan ishee tokko dhiigaan maramee lafa bu’e. Maannaaloon kana argellee osoo xiqqoo hin rifatiin, harkisee siree irra ishee buuse. Qaama bineensummaa machiin utaalchisuun, gudeeda isheetti seene. ibidda fedhii saalaa dhugaatiin itti afarsee keessa isaatii belbelsu ittiin dhaamsate. qaama isheee cicciree-lubbuu ishee dararee-ulfina ishee caccabsee-abdii ishee unkutessee-horoomaa ishee baasee, ofii dugdaan ciise ( Dhaabaa 2020, ff.20-21)

Ergaan yaada kanaa olii kan agarsiisu, aadaa, duudhaafi safuu waliin jireenya hawaasa Oromoo keessatti namni akka abbaa buddenaa ta’ee ijoollee dubartii haadha manaa godhatee waliin jiraatu akka mucaa isaatti ilaalee guddisa malee ija halagaatiin hin ilaalu. Haata’uu malee, Maannaaloon faallaa kanaa safuu hawaasaa cabsee, intala hadha manaa isaa Kuulaniin irratti gocha hawaasa Oromoo keessatti fudhatama hinqabneef, gocha sagalummaan dubartummaa ishee balleessuu raawwateera. Kunis, jireenya Kuulaniin jireenya haadha ishee, obbolaan ishee fi maatiiwwan ishee gadadoo fi gaddaan akka guutamu, hawaasa keessatti dhalatanii guddatu keessatti boquu isaanis gadi-cabanii akka jiraatan isaan taasiseera. Kuulaniin irratti gocha gudeedi qofa osoo hin taane gocha qaama irsuu (ilkaan cabsuu) irratti raawwateera. Gochi

Maannaaloon Taliilee irratti raawwate hawaasa keessa jiraatu keessatti mataa ishee olqabatee akka hin jirrane kan taasisu gocha hamilee ishee cabsudha. Gocha Maannaaloon Taliilee irratti raawwateef dhugaatiin miira isaa ka'kaasuu keessatti gahee qabachuu mul'isa.

Hojii ogbarruu kana keessatti barreessan sababa ilaalcha hawaasni Abdiisaan keessatti dhalatee guddate barnootaafi nama barateef qaban irraa kan ka'e hojii humnaa hojjetee qarshii argachuun safuu hawaasaa cabsuu ta'ee itti mul'achuu isaa fi milka'uu dhaabuu isaa yoo ibsu:

Hojii humnaa namaaf hojjedhee maallaqa argachuuf fedheen ture. Garuu, yeroon akka duraanii miti. Sadarkaan koo jijjiiramuu isaan yaade. Maal-jedhuun sodaadhe. 'Ilmi Soolan Disaasaa Yunivarsitii dhaa galee biyyoo dhiita' yookaan 'ba'aa baata' akka naan jedhan hin feene. Wasiilli koo, Aabboo Waltajjiin immoo, kana dhaga'uu irra du'a koo dhaga'uu yookaan du'a ofii akka filatu nan beeka. Gara Najjoo deemee carraa koo ilaaluu fedhee, isa dallansiisuu ta'a jedheen callise. (Dhaabaa 2020, ff. 72 – 73).

Akkaataa yaada barreessaa kanaatti, ummanni Oromoo nama barateef, akkasumas barnootaaf bakka guddaa yookaan kabaja inni qabu mul'isa. Safuu hawaasa Oromoo keessatti maal jedhuun iddoo guddaa qabachuu isaa mul'isa. Abdiisaanis, hawaasa keessatti dhalatee guddate keessatti maal jedhuun waan safuu fi aadaa hawaasichaa keessatti kabajamuu qabuuf, yoo hojjetee maallaqa argachuu barbaade illee, hawaasa isa beeku biratti raawwachuurra gara biraa deemuuf filachuu isaa mul'isa. Hawaasa Oromoo biratti namni baratee hojii humnaa fi gad-aanaa ta'e hojjechuu hin qabu ilaalcha jedhu jiraachuu mul'isa. Kanaafuu, hawaasa Oromoo biratti hojii kamuu hojjetanii mallaqa argachuu caalaa maqaa isaaf iddoo guddaa kennuu mul'isa. Namni hojii humnaa namaaf hojjetee mallaqa argatu akka nama qe'ee hin qabnetti waan ilaalamuuf. Hojii ogbarruu kana keessatti hojii filachuufi tuffachuun sirrii akka hin taanne barreessan hawaasaaf ergaan dabarse hin jiru. Abdiisaan waan cimee barateef hawaasa keessatti kabajame waan ta'eef yoo hojii hin tuffatiin hojjetee maallaqa argatee rakkoo hawasummaa qabu ittiin hiikatee barnoota isaa irratti akka milka'uuf isa gargaaruu danda'a waan ta'eef.

Bifa biraatiin, barreessan hojii ogbarruu isaa keessatti gocha safuu hawaasa oromoo waliin hin deemne raawwatamuu isaa lafa kaa'eera. Kunis, Abdiisaafi Taliileen safuu hawaasa keessatti guddatan cabsuun walqunnamitti saalaa taasiisuun ulfa hin barbaadamneef walsaaxiluun barreessaan hojii isaa kanaan yoo ibsu:

Gaafa tokko Taliileen doormiidhaa na waamsistee yeroon bira gahu fuulli ishee akka yeroo kaanii miti.

“Maali, maal taate?”, jedhe.

“Maal jedhee sitti himu , Abdii?. . . na dhukkube,” jette

“Essa kee?”

Kiliniikii deemee, Isaan hoo waan biraa jedan,”jette

“Maal?”

“Garaa keetti hafe, jedhan” (ff.228-230).

Waraabbiin kanaa olii kan agarsisuu, Taliileen utuu heerumtee bultii hin dhaabbatin, utuu maatiin ishee durba qarretti jedhanii eeganii garaatti hafuun safuu hawaasa keessa jiraate cabsuu mul’isa. Gochaan akkasii addunyaan dhugaa keessatti uummata oromoo biratti fudhatama waan hin qabneef, maatiifis ta’ee intalaaf yeelloo, caba, qaanii, tuffatamuu fi jibbamuu waan ta’eef safuu dha. Haata’uu malee maatiirraa adda bahuun jireenya ammayyummaa yuunivarsitii keessa jirutti waan saaxilamaniif aadaafi safuu hawaasa Oromoo keessatti dhalatanii guddatan cabsuun gochaalee kanaaf saaxilamuu isaanii agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, magaalaa Finfinnee naannoo Markatoo Abdiisaan kireeffatee jiraataa turetti barreessan asoosama isaa keessatti rakkoo dubartoonni keessatti kufanii jireenya isaanii gaggeessan safuu hawaasaa cabsuu isaanii yoo addeessuu:

. . . Dhiira itti dhufu akka mana fincaanii dabareedhaan keessummeessu, yeroo tokko ka’ee bahu kaan galchu. Qaani irraanfatanii, safuu ofirraa mulqanii gataniiru. . . . Yeroo faana fiigani of daldaluu dha, jireenyi isaanii - of daldaluudhaan oolani buluu. Tokkoon tokkoon isaanii eessaa akka dhufanii fi akkamitti akka gocha akkanaatti seenan beekuu baadhuyyu, icciitiin guguddaan akka dudduuba isaanii jiraachuu malu natti dhaga’ama . . . (Dhaabaa 2020, f.454).

Akka yaada barreessaa kanaatti, jiruu fi jireenya hawaasa tokkoo beekuuf kessa jiraatanii arguu fi dhaga’uu caalaa waanti caalu akka hin jirre kan nutti mul’isu yommuu ta’u, namoonni naannoo kana jiraatan kan of dagatan, kan of gatan, safuu hawaasa inni keessaa dhufee waliin kan wal-faalleessan, hojii fi gochaan isaanii safuu namummaa kan hin eeggannee ta’uu agarsiisa. Dubartoonni qaama isaanii daldaluun jireenya isaanii gaggeessan gocha safuu

hawaasa cabsu miira abdi kutanaadhaan raawwachaa jiraachuu isaanii mul'isa. Haa ta'u malee, ittiin jiraachuuf safuu cabsuun, of-gurguruu fi qaanii dhabuun dirqama jireenyi isaan irra keesse ta'uu akka danda'uu fi furmaata biraa dhabaniis ta'uu akka malu mul'isa. Dubartoonni hojii kanaan jireenya isaanii gaggeessaan kun carraa hojii biraa waan dhabbaniif yoo ta'e malee hojii faayyaa isaanii balaaf saaxilu irratti akka hin bobba'an agarsiisa. Barreessan ogbarruu kanaa sababa dubartoonni jiruufi jireenya isaanii qaama isaanii daldaluun of jiraachisaa turan sababa adda addaatiin ta'uu akka malu seenesseera. Barreessan hojii isaa kana keessatti osoo kaasee hin mul'isin icciitiin bira darbuun isaa hawaasni barnoota irraa fudhatee akka ofeeggannoo hin taasisne gochu mala. Bifuma walfakkaatuun, maamilooni isaanii kan ta'an dhiironni hojii kana irratti bobba'anii jiranis jiruu fi jireenyaan walfakkeessee barreessan yoo dhiheessuu akkas jedha:

Maamilooni isaanii – dhiironni isaan barbaacha dhufanis irra caalaan akkuma isaaniiti. Jara of-gatanii balfa jireenyaa daakan, jara summii jireenyaa dhuguuf dhufan – warra summii sanaan of-macheessanii jiraatan yookaan jiraachuu yaalani. . . . Farsoo fi qunduftii kakamsaa, geerarsaa fi dhaadannoo Afaan Amaaraatiin ganda sana sochoosu. Wal arrabsu, wal reebanii iyyu! . . . Achitti dhuganii achumatti fincaa'u, . . . achumatti hooqqisu! . . . (Dhaabaa 2020, f. 455).

Akka yaada kanaatti, jireenya hawaasummaa keessatti namoonni wal-fakkaatan akka wal-barbaadan mul'isa. Kana jechuun, haalli jireenya dubartoota naannoo sanaa fokkisaa fi jibbisiisaa ta'uu irraan kan ka'e, dhiironni naannoo sana dhufanis akkuma jaraa kanneen jireenyi isaanitti hadhaa'e, kanneen of-irraanfachuu ykn of-dagachuu barbaadan, kanneen fedhii isaanii bakka hin mallettis yoo ta'e raawwachuuf bakka safuu fi maal naan-jedhuu hin qabne kanatti dabarsuuf dhufan ta'u agarsiisa.. Kanaaf namoonni bakka sanatti walitti qabaman fedhii isaaniitiinis ta'e dirqama jireenyaatiin waanti beekamu yoo hin jiraannes isaan jireenyuma jedhanii kan ittiin jiraataa jiran ta'uu mul'isa. Namoonni kun dhuganii maca'uun sagalee isaanii ol kaassanii sirbuufi geeraruu hawaasa naannoo jeequun akka keessa jiraatan mul'isa. barreessan hojii isaatiin, namoonni kun gocha safuu hawaasa cabsuun naannoo jiraataa jiran keessatti raawwachaa jiraachaa akka jiran agarsiisa.



#### 4.2.2.2. Gantummaa

Waliin jireenya hawaasummaa keessatti gochi gantummaa yookaan amantaa hirisuu yookaan waadaa cabsuu nama dhunfaa fi dhunfaa yookaan nama dhunfaafi garee hawaasaa gidduutti raawwachuu danda'a. Gochi gantummaa hawaasa Oromoo keessatti gocha abarramaa fi hawaasa keessatti fudhatama hin qabnedha. Haaluma kanaan, Taliileen yeroo Abdiisaa waliin jaalalaan dabarsaa turan keessatti ulfa'uu isheetiin ofirraa baasuufis maallaqa waan hinqabneef maal gochuu akka qabdu yoo isa mar'achiiftus fudhachuu didduu isaa barreessan hojii isaa keessatti yoo ibsu:

“Abdii!”“Nan dhagaha. Garuu, waanan jedhu hin qabu! waanan godhus hin qabu!

“Na dhiisuuf mitii, Abdii?! ihii?! . . . waa'een koo kanumaan xumurame jechuu dhaa?”

“Maaloo na dhiisin jedheem, Taliile. ani amma waan akkanaa dubbachuu hin danda'u.”

“Ak-ak-akkamittan dhiisa ree?”jettee .. . . Taliilee –imimmaaniin hudhamaa, “na-nama biraa eenyu-eenyuttan him-himadha, Abdii?!”.....baasuuf horii hin qabu (Dhaabaa 2020, f.241).

Yaada kana irra hubachuun kan danda'amu, Abdiisaan dhimma ulfa'uu Taliilee akka dhaga'uu hin barbaadne agarsiisa. Ummata Oromoo keessatti shamarree fi dardari hiriyyummaan yeroo waliin jiraatan keessatti ulfi hin barbaachifne akka hin uumamne walqunnamtii saalaa gaa'eela ala raawwachuun dhorkaadha. Haata'u malee, haala ammayyummaa mooraa Yuunivarsitii keessa jiruun aadaa jaalalaa hawaasa Oromoo keessa jiru dagachuudhaan Abdiisaa saalqunnamtii Taliilee waliin raawwachuun ulfa hin barbaachiisneef saaxilamtu godheera. Haaluma kanaan, Abdiisaanis Taliileen barnoota isheetiin akka milkooftu deggarsaa fi gorsa isheef taasisuu utuu qabu sossobee rakkoo kanaaf ishee saaxiluun isaa faallaa hawaasa keessatti dhalatee guddate raawwachuu isaa agarsiisa. Abdiisaan sadarkaa kanatti rakkoo Taliileen keessa jirtu akka rakkina isaatti fudhachuun qoodachuu didduun isaa fi itti gaafatamummaa fudhachuuf qophaa'ina dhabuu isaa gantummaa isaa mul'isa. Taliileen ulfa gaa'eelaa ala uumame kana ofirraa baasuuf qarshii fi furmaata dhabuun yaadoo keessatti kufuu ishee hubachiisa.

Yaadumma walfakkaatuun, Abdiisaan rakkina Taliileen keessatti kufte waliin qoodachuun waliin furmaata isheef barbaadu irra baqachuu filachuun isaa akka isheen miiraan miidhamtee rakkoo biraaf saaxilamtu taasiseera. Haala kanas hojii ogbarruu isaa keessatti barreessan yoo ibsu:

Abdii! . . . maloo! . . . maloo! maloo! . . .ani hoo lammata waa’ee koo hin kaasu! . . .”- miilla ol fudhadheen arreede. na biraa hin hafne –Waamichi ishees booyaa fi argansuun makamee itti fufe. “-karaa guddaa qabadheen gara ulaa Baateetti baasuuttan gugadhe.

“Ijoollen dhiiraa lama ennaa Taliilee hammatanii daandii irra gara qarqaraatti baasaniin arge.” qaamni ishee harka isaanii keessatti laafee lanqasqas jedhe. dhiigni fuula ishee irra gad roobaa jira.!. . .” (Dhaabaa 2020, ff.241-242).

Ergaan barreessan kun hawaasaaf dabarsu Abdiisan yeroo jaalalaan waliin dabarsaa turan keessa dogongora uumameef Taliilee qofa ishee haa bahattu jechuun irra baqachu isaa agarsiisa. Abdiisaan rakkoo Taliilee qoodachuu didduun baqachuun isaa gocha gantummaa ta’uu agarsiisa. Rakkina Taliilee keessatti kufte akka rakkoo ishee qofatiin dhufe godhee fudhachuun isaa osoo isa waliin figduu kuftee burquun rakkoo biraaf akka saaxilamtu taasisuu isaa mul’isa. Abdiisaa waliin fiiguun Taliilee mudama keessa galuu isheef akka ishee gatee hin deemne barbaadu ishee agarsiisa.

#### **4.2.2.3. Jireenya Maatii Jeeqamuu**

Ummanni Oromoo ummata guddaa dachee qabeenya uumamaan badhatu taate irra jiraatu yoo ta’u, jiruufi jireenya isaa keessatti gosaan, qacceen, balbalan, maatiin, firumaan, finumaan fi dhiigumaan akka walitti isa hidhuufi walitti isa fidu ta’u ni beekama. Jireenya hawaasa tokkoo keessatti maatiin tokko jireenya taasgaba’ee gaggeessuu qaba. Jireenya taasgaba’ee jiraachuun maatii tokkoo immoo taasgabiin jiraachuu kutaa hawaasa tokkoo keessatti gahee qaba. Waan kana ta’eef, dhimmoonni taasgabiin jiraachuu maatii tokkoof guufuu ta’an immoo diigamuu fi bittina’uu maatiif sababa ta’uu danda’u. “Barcuma ulfinaa abbaatu ofiif kaa’a” jedha Oromoon yeroo mammaakuu. Haala kana ilaalchisee hojii ogbarruu isaa keessatti barreessan yoo seenessu:

Ijoollee afur Maannaaloof deessee waggoota kudha-lama Najjoo keessa waliin jiraatan. Jireenyi isaanii garuu, akka bara duraa sana hin ho’ine. Maannaaloon, gara boodaa, ennaa horiin harkatti baay’achaa deemu, mana dhugaatii dhiisisuu, machaa’ee manatti galuu jalqabe. haadha koo jeequun, arraabsuu fi reebuunis itti aanee dhufe (Dhaabaa 2020, ff.19-20).

Yaada kanaa olii irraa hubachuun kan danda'amu, haatii Abdiisaa safuu hawaasa keessa jiraatu kabajuu dhabuun nama eenyummaa isaa hin beekne waliin bultii hundeeffatee jiraachuu filachuun ishee salphina kana fakkaatu keessa jeequmsaan akka jiraatuuf ishee saaxileera. Jalqabas beekamtii firootaafi hawaasa naannootiin gaa'eela hundaa'ee waan hin taaneef, fira bukkee isheeti ilaalee sodaatee ishee kabaju waan hin qabneef gocha arrabsuufi reebuu irratti raawwachuu isaa mul'isa.

Haaluma walfakkaatuun, warabbii armaan gadii keessatti haala ittiin jiruufi jireenya maatii Abdiisaa Soolaan ittiin jiraataa jiru barreessan yoo addeessu:

Anii fi obboleettiin koo, Kuulaniin, waggoota kudhaniif, mana wasiila keenyaa, mana Aabbo Waltajji Disaasaa jiraanne. Booda Kuulaniin haadha-manaa Aabbo Waltajjii, Aadde Margee wajjin walii-galuu dhabdee, haadha keenya bira, Najjoo deemte. Garuu, yeroo xiqqoodha booda hiree haadha kootu ishee mudate. Maannaaloon, oggaa machaa'ee manatti galu, Kuulaniis haadha kootti ida'ee arrabsuu, rukutuu, dhiituu jalqabe. Haati koo duraan, utuu naannessitee hin yaadiin, firoota ishee fi firoota abbaa koo irraa kutattee waan isatti galteef rakkoo ishee hirmachuu qaanfatte-yeellaatee, liqimsiistee teesse (Dhaabaa 2020, f.20).

Yaada kanaa olii irraa hubachuun kan danda'amu, erga haati isaanii isaan gattee heerumtee Abdiisaafi Kuulaniin fira abbaa isaanii bira jiraachuu dirqamuu isaanii mul'isa. Kuulaniin iddoo fira bira jiraatu waldhabdee gara naannoo haati ishee jirtutti deemuun ishee akka maatii ofiitti firatti garaa bal'achuun akka hin danda'amne agarsiisa. Sababa du'a abbaa isaaniittiin haatii isaanii mariifi marabaa fira ishee fi fira abbaa manaa ishee malee maatii ishee bittineessitee nama aadaafi safuu hawaasa Oromoo hin beekneetti waan galteef rakkoon isheerraa gahaa jiru gara intala ishee Kuulaniitti ce'uu mul'isa. Kunis, kan agarsiisu Maannaaloon tufii haadha Abdiisaaf qabu intala ishee Kuulaniin irratti raawwachuu isaa agarsiisa.

Dabalatanis, rakkoo Maannaaloon gudeedi Kuulaniin irratti raawwateen naannoo jiraatu gad-lakkistee deemuun ishee fi rakkoo biraaf saaxilamuu ishee barreessan yoo ibsu:

Badii Maannaaloon irratti raawwatee irraa kan ka'e "obboleettiin koo, Kuulaniin halkanuma gaafa saanaa uffata ishee fi qaama ishee dhiigaan laaqameen mana bahuu ishee malee achi buuteen ishee otuu hin beekamiin hafe" (Dhaabaa 2020, f. 22).

Taateen ishee irratti raawwate, safuu hawaasa keessatti dhalattee guddatte keessatti kabaja waan isheef hin kennineef, gara naannoo ishee hin beekneetti baddee jiraachuu filachuu ishee agarsiisa. Kana malees, gochi ishee irratti raawwate xin-sammuu ishee irratti rakkoo waan uumuuf abdiin kutannaa jireenyaa waan ishee mudateef naannoo sanarraa fagaattee jiraachuuf baduu ishee mul'isa. Yaadni kun yaadxina hawaasummaa, ilaalcha faayidaalessuummaa Hammond (2010) waliin kan deemudha. Walin jireenya hawaasummaa keessatti maatiin tokko miseensi maatii tasgabiin akka waliin jiraatuuf gahee qabachuu agarsiisa.

#### **4.2.3. Erga Hawaasaaf Dabarsu**

Barreessan asoosamaa tokko hojii kalaqa isaatiin haala jiruufi jireenya hawaasa keessa jiraatuu fi keessa darbe tokko muuxannoo fi mudannoo isaa waliin qindeessuun kaasuun ergaa isaa hawaasaaf dabarsuudha. Haaluma walfakkaatuun, barreessan godaannisa hojii ogbarruu isaa kana keessatti ergaa inni hawaasaaf dabarse xiinxaluun armaan gadiitti dhiyaateera.

##### **4.2.3.1. Barreessaa Ta'uu**

Barreessaa ta'uufi uumamaan dandeetti barreessuu yookaan kalaquu qabachuun murteessaadha. Namni tokko barreessa ta'uu fedheef qofaaf barreessa ta'uu hin danda'u. Barreessa ta'uuf dubbisaa cimaa ta'uu barbaachiisa. Yaada kana ilaalchisee barreessan asoosama kanaa yoo addeessu:

“Barreessuun akka si lama jiraachuuti. Barreessan waan tokko si lama arga. Takkaa jireenya isa qabatamaa keessatti. Lammata immoo daawwitii yeroo mara fuuldura isaan yookaan dudduuba isaan isa eegu keessatti” (Dhaabaa 2020, f.1).

Akka yaada kanatti barreessaan asoosamaa beekumsa, muuxannoofi muddannoo qabu bu'uureeffatee jiruufi jireenya hawaasa keessa jiraatee keessatti taateewwan yeroo darban keessa mul'atan yookaan gara fuulduraa mul'achuu danda'an akkeekuun addunyaa dhugaa qabatamaa keessatti raawwachuu kan danda'u hojii kalaqa isaatiin uumee hawaasicha hubachiisuudha. Kanaafuu, barreessaan asoosamaa tokkoo addunyaa dhugaa qabatamaa keessatti

qoodataa jiruufi jireenya hawaasa waliin jiraatu ta’u agarsiisa. Gama biraatiin immoo, jiruufi jireenya ummanni Oromoo sirnoota darban keessa dabarse hojii kalaafa isaatiin barreesseefi galmeessee lafa kaa’uun dhaloota kaleessaa waliin seenaatiin dhaloota har’aafi gara fuulduraaf immoo barnootaa akka irraa fudhatu hubachiisa.

Barreessan asoosamaa dandeetti sammuu isaatti dhimma bahuun muuddannoofi muuxannoo isaa bu’uureeffachuun jiruufi jireenya hawaasa keessa jiraatuu hojii kalaafa isaatiin uumee agarsiisa. Haala kana ilaalchisee, ogummaa waa kalaquu yoo ibsu:

Waaqayyo dandeettii asoosuu, ogummaa kalaquu, bilisummaa seenamtii uumuu akka naaf kenne natti dhaga’ameyyuu maal jedhee akkan jalqabu-akkan itti ibsu-akkan itti mul’isu...yeroo ani hin se’initti inni keessa kootii burqee akka doloolloo na dhuunfatu. Inni ennaa ani qalama kaasu immoo, na irraa godaanee akka gaagura oneetti duwwaa koo na fannisa. Akka dubartii ciniinsifattuu boqonnaa na dhorka. Qalama fi waraqaa fudhadhee gad itti taa’ee, ‘akkam jedhee jalqabu?’ jedhee utuun miixadhuu, ...(Dhaabaa 2020, f.7).

Akkaataa yaada kana irraa hubachuun danda’amu, barreessaan asoosama uumamaan hojii kalaquu yoo qabattes, hanga hojii kalaafa isaa kana baasee hawaasa keessa jiraatuuf mul’isuutti bu’a bahii hedduu keessa akka darbu mul’isa. Ogummaan barreessuu yookaan waa kalaquu kennaa uumamaa kan waaqayyoo namaaf kennu ta’uu agarsiisa. Haata’u malee hojiin asoosama barreessuu seenaa jalqabaa hanga xumuratti irratti ijaarame barreeffamu waan ta’eef fakkoomii dubartiin yeroo ciniinsuudhaan mucaa deessuu waliin walfakkeessuun hangam ulfataa akka ta’e agarsiisa.

Dabalatanis, barreessan ogbarruu tokko uumaman dandeettii waa kalaqu qofa qabachuun barreessaa nama hin taasisu. Haaluma fakkaatuun, hojii barreessuu milkeessuuf kitaaboota adda addaa dubbisuu akka barbaachisu barreessaan yoo ibsu:

Warra asoosama barreessanii milkaawanittan inaafa. Isaan bira of qabee of madaaleen akka raammoo gaara koraa jirtuutti of ilaala. Gaazexoonni, barruulee fi kitaabonni waa’ee ogummaa barreessuu odeessan harka koo irraa hin bu’an (Dhaabaa 2020, ff.7-8).

Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, barreessaa asoosama ta'uuf balinaan dubbisaa asoosamaafi kitaaboota adda addaa ta'uun akka barbaachisuu mul'isa. Barreessaan asoosama tokkoo uumamaan dandeetti waa kalaquu isaa milkeessuuf dubbisaa cimaa ta'uu akka qabu agarsiisa.

Haala biraatiin, barreessaan asoosamaa tokko hojiin kalaqa isaa dhiibbaa keessaafi alaa ala ta'uu akka hin dandeenye yoo addeessuu:

‘Waan haaraan hin jiru taanaan maal barreessuuf ciniinsifatta? Garuu, eenyummaan koo gama kaanii-inni maal jedhamuu’ hin beekne-inni sababa hin lakkoofne-inni maqaa hin himanne...inni maddi isaa hin cufamne-inni humni isaa hin abboomamne – inni danbaliin isaa hin ittifamne...deddeebi’ee na raasa-hirribaa na dammaqsa- qofaa na odeessisa- naan taphee na hiraarsa! (Dhaabaa 2020, ff.13-14).

Yaada kana olirraa waanti hubatamu, barreessan hojii ogbarruu tokko kalaqa isaa dhugaa qabatamaa addunyaa kana irratti hunda’aa jiruufi jireenya isaa keessatti mudannoofi muuxannoo isa mudateen kaasee kan mul’isu malee waan haaraa hin jirre uumuu akka hin taane agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun, barreessan asoosama kanaa seenaafi jiruufi jireenya ummata Oromoo keessa dabarse barreesse hanga mul’isutti boqonnaa fi hirriba akka hin qabne keessoo isaa waliin walfalmaa akka jiru agarsiisa. Barreessan hojii ogbarruu tokko haala jiruufi jireenya hawaasa keessa jiraatu, miidhaafi dhiibbaa gama hawaasummaa, siyaasaa, dinagdee fi aadaan hawaasichaa irraa gahaa ture hojii kalaqa isaatiin kaasee mul’isuun dirqama eenyummaa fi lammummaa isaa ta’uu hubachiisa.

Xumura irratti, barreessaan kun hojii kalaqu yoom akka Abdiisaa keessatti uumame yoo seenessu:

“Hawwiin asoosama barreessuu eega qalbii na seenee bubbuleera. Yeroon mana barnoota sadarkaa lammaffaatti kitaaba asoosamaa dubbisu na keessatti lubbuu horatee socho’uu jalqabe, jedhee. Garuu . . . akkan hawwu hin taane. utuu ani hin qabatiin bittinnaa’a . . . waa’ee maaliin barreessa? . . . dhugaa maalii tu keessa jira? . . . kan eenyuu ti? . . . eenyufayi nam-fakkooni . . . (Dhaabaa 2020, f.123).

Ergaa kanaan barreessan tokko fedhiin asoosama barreessuu yoomiifi sababa maaliin keessa isaatti akka uumame dubbistoota asoosama kanaaf yoo dabarsu barreessaa ta'uuf dubbisaa ta'uu akka barbaachiisu hubachiisa. Dabalatanis, namni tokko barreessaa asoosamaa ta'uuf hawaasa dhimma isaa barreessu tokko keessa jiraatee dhimma hawaasichaa ykn jiruufi jireenya hawaasichaa kan beekuufi qoodate ta'uu akka qabu agarsiisa. Barreessan tokko waa'ee seenaa asoosama barreessu irratti ijaaramu gochaalee fi namfakkiilee sammu isaa keessatti uume dhugaa qabatamaa addunyaa waliin walqabsiisee ergaa isaa dubbistoota isa bira gahuu akka qabu nu agarsiisa.

Hojii ogbarruu kana keessatti dhiibbaa seenaan ogbarruu Oromoo keessa ture barreessan yoo ibsu:

“Yeroon sadarkaa lammaffaa barbaadhu irraa jalqabee kitaabotan tokko tokkoon bitee kuufadheen qaba. . . Baay'een isaanii kitaabota asoosamaa Afaan Amaaraatiin barreeffaman. Kitaaba Afaan Oromootiin barreeffame tokkollee keessaa dhabuun koo gaaffiilee hedduu natti kaasa, na dhukkubbsa . . . . Itoophiyaa seenaa baroota kuma sadii qabdi jedhame odeeffamu keessatti meerre asoosamni Afaan Oromootiin barreeffame?”. . . Kitaabni asoosamaa tokkollee dhabamuu jechuun maal jechuu dha? . . . biyya kana keessatti eenyummaan Oromoo meerre, kitaaba isa kam keessatti mul'ata?. . . meerre seenaan jiruu-jireenya isaa? . . . meerre aadaa fi duudhaan isaa? . . . akkamitti akkas tahe? . . . .maaliif? . . . maaliif . . . maaliif-maaliif . . . jedheen yaada (Dhaabaa 2020, ff.379-380).

Yaada kanaa oliin, Afaan Oromoo Afaan hojii, barnootaa, barreeffamaa, fi sub-qunnamtii akka hin taaneef mootummaa Itoophiyaa bulchaa turan dhiibbaa geessisaa turaniiru. Haala kana keessatti, ogbarruu Afaan Oromootiin barreeffame argachuu kan hin danda'ame ta'uu seenessa. Hojii ogbarruu asoosaan tokko barreessu haala jiruufi jireenya hawaasaa keessa jiraatu muuxannoo fi mudannoo isaa waliin walqabsiisuun kan kalaaku dha. Kanaaf barreessaan hojii ogbarruu kana kan nu seenessu Abdiisaan hojii ogbarruu Afaan Amaaraatiin biyya kana keessatti barreeffame keessatti seenaa, eenyummaa, aadaafi duudhaa ummata Oromoo akka hin mul'isne agarsiisa. Asoosicha barreessaa ta'uuf kan isa ka'kkase keessaa tokko seenaa, eenyummaa, aadaafi duudhaa ummata Oromoo hojii ogbarruu isaatiin mul'isuuf akka ta'e nu hubachiisa.

#### **4.2.3.2. Barnoota**

Guddinaafi misooma, akkasumas, qaroomina biyya tokkoof milkeessuuf barnoonni gama saayinsiifi teekinolojii shoora guddaa qaba. Akkuma seenaa irraa hubachuun danda’amutti ummanni Oromoo jaarraa tokkoo oliif sirna halagaa jalatti cunqursaadhaan waan bulaa tureef, carraa barnoota argatee aadaa, seenaa fi eenyummaa isaa barreeffamaan dhalootaaf dabarsaa akka hin ture ragaaleen qorannoo adda addaa kallattii kanaan gaggeeffaman ni mirkaneessu. Hojii ogbarruu kana keessatti Abdiisaan torbaan sadii oliif daree barnootaa hin seennin tureef, qormaatni fi barnoonni jala darbuu isaaf ragaa yoo dhiyeefate malee barnoota akka ittifufuu hin dandeenye itti himaamuu isaa barreessaan yoo ibsu:

“ . . . ammaa booda itti cichitee barachhuf murteeffata taanaan kan darbe siifan sirreessa. barrsiisonni kaanis akka si gargaaran siifan gaafadha.” ittiin jedhe Dr. Kaasuun, barsiisaa siyaasawaa dinagdee (Dhaabaa 2020, f.354).

Ergaa kanaan Abdiisaan rakkoo inni Taliilee irratti uumeen barnoota ishee adda kutee deemuun ishee, hawaasa Yuunivarsiitii biratti waan hubatamee miira isaa xuqeeff barnoota irraa ooluun akka qormaatni fi barnoonni jala darbu mul’isa. Adeemsi kun immoo caalaatti akka inni barnoota isaa fi jireenya isaa irraas abdii kutu isaa taasiseera. Haata’u malee, barsiisaan isaa miira abdii kutannaa keessaa bahee akka inni barnoota isaatti cimee baratuuf kan isa gargaaru ta’uu agarsiisa.

#### **4.2.3.3. Ciminaan Hojjachuu**

Jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti gamtaanis ta’e dhunfaadhaan dirree hojii irratti bobba’anii argaman irratti cimani hojjachuun milka’ina hojii ofiif murteessaadha. Haaluma walfakkaatuun, hojii ogbarruu kanaan Abdiisaan barnoota isaaf xiyyeeffannaa akka kennuuf yoo ibsamu:

... “Barumsa kee hin dhiistu. Karaa guddinaa jalqabdee gadi hin deebitu,” naan jette haati koo. ... “Amma waa’ee koo isa dur bade yaaddee hin dhiphatiin. Waa’ee obbolaan kee yaadi. Yoo ati barattee nama taate malee namni mil’atee isaan ilaalu tokko hin jiru. Kufanii hafuu isaanii ti.” (Dhaabaa 2020, f. 24)



Yaada kun kan agarsiisu, barnoonni hundee guddinaafi dandii gara guddinatti geessu ta’u agarsiisa. Barnoonni furtuu waan hundaa ta’uu isaa argisiisa. Abdiisaan xiyyeeffanaa isaa barnoota isa qofa irratti akka ta’u agarsiisa. Namni barate akka hin kufne, ofirra darbee nama biraaf, hawaasaaf biyyaaf abdii ta’uu akka danda’u namatti mul’isa.

#### **4.2.3.4. Aadaa Walgargaarruu**

Hawaasni tokko hawaasummaa isaa keessatti, waan gamtaa kan ta’e, waan baay’ee waliin qaba. Seera ittiin walto’atu, amantii waliin hordofu, akkaataa itti walgargaaruufi akkaataa itti waliin jiraatu qaba. Haala waliin jireenya ummata Oromoo keessatti bifa adda addaatiin sadarkaa adda addaatti aadaan walgargaarruu jira. Haala kanas barreessan hojii isaa keessatti yoo addeessu:

Gargaarsa firoota abbaa kootiin barnoota koo itti fufeen kutaa kudha-lammaffaa xumure. Qormaata xumura sadarkaa lammaffaa qabxii ol’aanaan darbee Yunivarsitii Qonnaa Harammaayaatti ramadamuun koo ennaa Firoonni abbaa koo gammachuun sirban. (Dhaabaa 2020, f. 25).

Kana irraa waanti hubatamu, uummata Oromoo keessatti aadaan wal-gargaaruu jiraachuu isaa mul’isa. Keessatti immoo, firri fira isaa rakkoo irratti kufe, gargaarsaa fi deggersa taasiseeffii akka milkaa’u gochuun aadaa Oromoo keessatti dagaagee fi dirqama finnummaa ta’uu mul’isa. Dabalataanis, ilaalcha haawasni naannoo sanaa maatii isaaf qabu, dhiibbaa hawaasummaa isarra ture dandamatee barnoota isaatiin milkaa’uun isaa hawaasa naannoo sanaa kan ajaa’ibsiisee fi firoota isaa deggeranii sadarkaa kanaan isa ga’an immoo kan isaan gammachiise ta’uu namatti mul’isa.

Bu’uuruma kanaan, Kuulaniin jireenya rakkisaafi gadadoo ta’e keessa yoo jiraates obboleessi ishee Abdiisaan barnoota isaa cimee akka baratuuf xalayaa isaaf barreessite keessa qarshii afurtama ka’uun erguu ishee barreessichi yoo seenessu:

“ . . . Na irraanfatta jedhee hin yaadu. garuu, du’aafi jireenya koo waan beektu natti hin fakkaatu. ammas taanaanaan waa’ee sanaa yaaduun si irra hin jiru. Waa’ee koo wanni dubbatamu waan hin jirreef callistee dhiisuu wayya. . . . Barumsa keetti jabaadhu. Xalayaan kunii fi horiin keessa kaa’ee siif erge si ga’uu isaa naaf barreessi (Dhaabaa 2020, f.177).

Yaada xalayaa Kuulaniin obboleessa ishee Abdiisaaf barreessite irraa kan hubachuun danda’amu yoo rakkoo keessa jiraates akka inni barnoota isaatiin cimee milka’uu danda’uuf isa

gargaaruun ishee ummata Oromoo biratti aadaan walgargaaruu jiraachuu isaa mul'isa. Kuulaniin rakkina keessa taatee, Abdiisaa mallaqaan deggerruun ishee dirqama obboleetummaa ishee bahaachuu ishee agarsiisa.

#### 4.2.3.5. Tokkummaa Qabachuu

Mootummaan biyya kanaa dhufaa darban ummata Oromoo lagaa fi amantaan qoqooduun tokkummaa isaa diiguun cabsanii ofjala bulchaa akka turan ragaaleen seenaa darbaniirraa hubachuun ni danda'ama. Barreessan hojii isaa kana fakkoommii urjiilee waliin dhabbatanii waliin ifaanii akkaataa ittiin dukkana ittiin mo'atan ilma namaas yoo tokkummaan dhabbachuu hin dandeenye diina isaa mo'achuu akka hin dandeenye yoo ibsu:

“Ijawwan koo ol kaaseen gara samii ilaale. Urjiileen akka xaaxee boqqolloo eelee diimate irra faca'eetti garaa samii gurraachaa dhuunfatanii bilbil jedhu. . . .

Ni kolfita – kikiksatee, Wal qabatee – waliin baatee,

Waliinyaatee – waliin iftee, Duumessa ofi irraa quncistee,

Dukkana gargar tamsaastee . . .

Ani garuu . . .

Si ilaalee raajeffadhee, Bakka kee gahuuf miixadhee,

Hawwii fi yaadni keen a miidhee, Akka kee ta'uun dadhabe,

Nan sodaadhe – onneen dhabe, - . . . “(Dhaabaa 2020, ff. 494 - 495).

Yaada keeyyata kanaarraa hubachuun akka danda'amutti, wal-bira qabaa waantota uumamaa fi adeemsa bilisummaa mirga uummataa ittin ibsuuf yaala. Innis, urjiileen samii irra jiran akka isaan dachee kana ibsan kan isaan taasise tokkummaa qabaachuu isaaniiti. Kanaafuu, ilmi namaas bilisummaa isaa gonfachuuf, waliin deemuu waliin yaa'uu, wal-qabachuu, waliin gurmaa'uu, waliif galuu, wal ijaaruu fi yaada wal fakkaataa qabaachuun yoo tokkummaa isaa cimsate dukkana gabrummaa ofirraa saaqee, bilisummaa isaa gonfachuun akka danda'u akeeka. Dabalatanis, namoonni qabsaa'ota isaanii kan deggeraan, kan dinqisifatan, dhufatii isaanis kan hawwan, itti makamuu dhabutti immoo kan of ceepha'anii fi itti gaafatamummaa isaan irra jiru irraa kan ka'e isaanitti makamuuf muranno kan dhaban ta'uu bifa walalootiin nuuf addeessuu yaaluu isaa hubanna.

Yaada kana ragaan deggeru walakkeessa jaarraa 19ffaa irraa eegalee Mootiin Minilik II lafa Oromoo weeraree qabachuun of jalatti cabsee gabrummaan bulchuu kan danda'e namoota ummata Oromoo keessaa bahan aangoo fi faayidaadhaan qabachuun, akkasumas, amantaan, lagaan fi gosaan akka walqoqqooduu gochuun Oromoo Oromoodhaan rukkutuun akka ta'e ragaaleen seenaa ni addeessuu (Dirribii, 2016, f.431).

#### **4.2.3.6. Itti Gaafatamummaa**

Adeemsa waliin jireenya hawaasaa keessatti sadarkaa maatiitis ta'e hawaasatti ykn biyyaatti gaheen itti gaafatamummaa itti kenname raawwachuuf dirqama qaba. Kana ilaalchisee barreessan ogbarruu kanaa itti gafaatamummaa Abdiisaa irratti gatame yoo ibsu:

Ba'aa danuu baadheen mooraa Yunivesitii seene. Mirqaanaa milkaa'inaa... abdiin namaaf ta'uu ... yaaddoo achi gahuu hanqachuu ... fe'isa galfata maatii ... dhiphuu waan isaa hin beekamne ... (Dhaabaa 2020, f. 26).

Akka yaada barreessaatti, itti gaafatamummaa, gammachuu jijjiirama jiruu fi jireenyaa, abdiin gara fuul-duraa, yaaddoo Abdiisaa gara fuul-duraa gufachiisuu danda'an, itti gaafatamummaa abdiin maatii fi hawaasa gara fuul-duraa ofitti fudhatee, miira wal-makaa ta'een, miira sodaa fi gammachuu of keessaa qabuun itti gaafatamummaa fudhachuu agarsiisa. Kana malees, naannoo kanaan dura hin beekne, mooraa fi hawaasummaa kanaan dura keessa jiraatee hin beeknee fi haala jiruuf jireenya isaaf haaraa ta'e keessa jiraachuuf dirqamuu isaa mul'isa.

Yaada kanaan barnoota isaatiin milka'ee Yuunivarsitii galuun isaa gammachuu mul'isa. Barnoota isaa baratee maatiifi hawaasa isaa rakkatee isa barsiise rakkina keessaa baasuuf ittigaafatamummaa irratti gatamuu mul'isa. Haata'u malee, iddoo yaade kana bira gahuuf bu'a ba'ii hedduun fuuldura isaa jiraachuu fi yaadoo itti ta'uu agarsiisa.

Barumsi hundee guddinaati. Humni namaa barates guddina biyyaa keessatti gaheen isaa salphaa miti. Haaluma kanaan, barachuun Abdiisaa bu'aa inni qabu barreessan yoo ibsu:

Eegan fagaadhee deemee boodallee, haadha koo yaada koo keessaa baasuun dadhabe. Miilawwan ishee kopheele gurraa fuul durri isaanii babbaqaaqee lafa temmisaa gara Najjootti deeman tu natti mul'ata. Maal yaadaa deemti laata? . . . Tarii waa'ee koo . . . waa'ee koo fi waa'ee ishee . . . abdiin narra kaayyatte . . . abdiin ishee . . . abdiin obbolaan koo! . . . abdiin wasiila koo! . . . abdiin ekeraa abbaa koo! . . . abdiin fira

hundaa . . . abdii nama hundaa! . . . Kana hunda baachuuf maaltuu dirqama narra kaa'e? . . .( Dhaabaa 2020, f. 116).

Yaadni kun akka agarsiisutti, Abdiisaan jireenya haatisaa keessa jirtu, angam gidiraa fi gadadon guutame ta'uu isaa irraa kan ka'e, abdii isheen irratti gatte yaada isaatti dhufuun boqonnaa kan isa dhorke ta'uu mul'isa. Kana malees, namni barate tokko barumsa isaatiin maatii isaa, firootan isaa fi biyya isaa haqaan tajaajiluuf dirqama firummaa fi lamummaan akka irra jiru hubachiisa. Dabalataanis, Abdiisaan baratee sadarkaa kana irra ga'uun akka maatiin, firoomnii fi hawaasni naannoo sanaa abdii irratti gatu kan godhee fi itti gaafatamummaan isatti kenname kun immoo cimaa ta'uu isaa yaadee kan muddamaa jiru ta'uu namatti agarsiisa.

### **4.3. Xiinxala Gama Siyaasaatiin**

Ummatni Oromoo hanga walakkeessa jarraa 19ffaatti, osoo bittaa mootota habashaa jallatti hin kufin, sirna Gadaatiin akka of bulchaa ture ragaaleen seenaa jiran ni dhugoomsu. Sirnoota kana keessatti olaantummaa aadaa-hawaasaa fi siyaasaa, akkasumaas, saamichi dinagdee irratti gaggeeffamaa turus qorattoonni ni addeessuu (Asafaa, 2015, f.3). Haaluma kanaan, barreessan asoosama *Godaannisa* hojii isaa keessatti dhimmoota siyaasaa yeroo sana keessa ture haala inni ittiin kaasee mul'ise qabiyyee isaaniin adda baasuun xiinxalamani kanaan gadiitti dhiyaataniiru.

#### **4.3.1. Dhiibbaa Sirnaa Bulchiinsaa**

Ummanni Oromoo osoo sirna bulchiinsa halagaa jalatti hin kufiin waggaa dheeraaf sirna Gadaatiin walbulchaa tureera. Sirni bulchiinsa Gadaa, sirna diimokiraatawaa kan yeroo ammaa biyyoota dhihaa wajjin walfakkaatu akka ta'eefi sirna ittiin siyaasni, dinagdeen, hawaasummaa, fi aadaa ummanni Oromoo mirgaafi dirqama ittiin wabulchu seera murteeffatu, akkasumas, aangoo waggaa saddeetitti walharkaa fudhatamudha (Asmaron, 1973). Haata'uu malee, ummanni Oromoo walakeessa jaarraa 19ffaa bara Mootii Minilik II irraa eegalee sirna bulchiinsa halagaa jalatti waan kufeef, cunqursaafi hakuuccaa adda addaaf saaxilamee jiraataa tureera (Asafaa, 2015, f.3). Haaluma kanaan, dhiibbaa Oromoo irratti sirni yeroo sanaa gama siyaasaafi bulchiinsaatiin irraan gahaa turan asoosama *Godaannisa* keessa adda baasuun xiinxalamee kanaan gadiitti dhiyaateera.

#### 4.3.1.1. Dhiibbaa Eenyummaa

Ummanni Oromoo ummata aadaa, safuu, duudhaa, eenyummaafi faalasama mataa isaa qabatee jiruufi jireenya isaa gaggeessaa tureera. Ummanni Oromoo saba guddaa kan ta'e dhiibbaa sirna halagaatiin irra gahaa ture irraa kan ka'e eenyummaa isaa akka dagatuufi lagatu taasifamaa tureera. Haata'u malee, hanga fedhe dhiibbaafi miidhaan eenyummaa Oromoo irratti waggoota dhiibbaa ol carraqamullee ummanni Oromoo oromummaa isaafi eenyummaa isaa eegachaafi tifikachaa tureera. Dhimma kana ilaalchisee barreessan akkas jechuun yoo ibsu:

Fakkiin daawwitiin natti mul'isu sun fakkii koo dhugaa ta'uu isaa akkamittan mirkaneeffadha?...anuma nam-tokkicha kana daawwitiin tokko bareechee, daawwitiin kaan immoo fokkisiisee natti mul'isa mitii?...Inummti ani arge immoo bineensummaatti jijjiiramee na doorsisa mitii?...Ani inni dhugaan isa kami?...Daawwitiin inni dhugaan hoo isa kami?...’ (Dhaabaa 2020, f.3).

Akka yaada kanatti ummanni Oromoo dhiibbaa sirnoota darbaniin akka aadaa, safuu, duudhaafi eenyummaa isaa hin calaqqisne taasisaa waan turaniif, kan ofii gatee kan halagaa ofitti fudhatee jiraachaa turuu isaa agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun carraa barachuu kanneen argatan eenyummaa isaanii kan halagaa irraa adda baasuun hubataniis dhiibbaa sirnichi irraa gahe irraa kan ka'e, jiruufi jireenya hawaasichaa fi eenyummaa isaa hubachiisuun calaqqisuu irratti rakkachuu isaanii mul'isa. Sababa kana irraa kan ka'e hawaasa dhiibbaadhaan eenyummaa isaa dagatee eenyummaa halagaa ofitti fudhatee jirachaa ture eenyummaa isaa isa sirrii hubachisuufi fudhachisuun qormaata itti ta'e mul'isa. Waliigala yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu barreessichi eenyummaa isaa barbaade akka of arguu hin dandeenye nut mul'isa. Yaada kana deeggerruun Asafaan (2004, 2009, 2015) hojii isaa keessatti dhiibbaafi miidhaa sirnoota darbaniin ummata Oromoo irra gahe mul'iseera. Yaadni kunis yaadxina hawaasummaa ilaalcha faayidalessummaa waliin kan deemudha. Loogii sirni darbe ummata Oromoo irratti gaggeeffamaa ture irraa kan ka'e eenyummaan isaa akka hin mul'ane fi kan garee ol'aantummaa aangoo qabuun (Amarraa) hagugamuu isaa mul'isa.

Barreessan ogbarruu kanaa tuffii Sabummaa barataan Mogosee Abdiisaaf mul'isuu isaa yoo addeessu akkas jedha. Kunis:

“E-e-e-e! ... *Gaallaaw teenyitohaal, Aantee!*” – sagalee Mogoseeti.

“Xinaat zegtohaal maalet new.” – Kun immoo Taammiraat,

“Qoyyee ikkoo,” eega jedhee booda, sagalee ol fuudhee, “Gaallaaw!” jedhee na waame – Mogoseen.

“Tewewu, yitenyaabbet,” jedhe, Taammiraat.

“Qooyi, aandee laasdenebirew...Gaallaaw!” – Kumbullaa koo na irraa quncisee qullaa na hambise – Mogoseen. (Dhaabaa 2020,f. 47).

Yaada kana irraa hubachuun kan danda’amu, Moggaasa sirni nafxenyaa saba fi sab-lammootatti miirri gad-aantummaa itti dhaga’amu moggaasa maqaa saba sana hiikkoo arrabsoo fi xiqqeessuu itti kennuun tuffii isaan mul’isaa turanitti dhimma ba’aa jiraachuu agarsiisa. Keessattuu, hojii ogbarruu kana keessatti barataan saba kana leellisu keessaa ba’e, tuffii saba Oromoof qabu irraa kan ka’e, jecha uummaticha biratti fudhatama hin qabnee fi uummatichis ittiin waamamuu hin barbaanne jecha arrabsoo ta’etti fayyadamuun, Abdiisaa waamuu fi itti kolfuun isaa eenyummaa fi sabummaa isaatti qoosuusaa nutti mul’isa.

Hojii kana keessatti dhiibbaa eenyummaa isaatiin baratan Mogosee jedhamu sabaan Amarra ta’e waan isa arrabseefi xiqqeesseef Abdiisaan lolee hidhamuu isaa fi hidhaa bahuu isaa barreessan yoo ibsu:

Poolisiicha magaala dheeraa sana Henook dudduuba isaa jira. Balala mana hidhaa na irraa banee,

“Amma deemuu dandeessa. Garuu, of eeggadhu,” naan jedhe poolisichi. Waan ani hin eegiin waan ta’eef nan rifadhe. ... Morma kootiin gad-aggaamee galatoomfadheen achii deeme. Henookis galataaf poolisicha harka fuudhee na faana bu’e. . . .

“Abdiisaa, Waaqayyo tu waan hamaa irraa si oolche. Kun barnoota irraa si hariisisuu danda’a ture.” naan jedhe Henook (Dhaabaa 2020, ff.54-56).

Hojiin ogbarruu kanaa olirraa hubachuun kan danda’amu, sirnoota darban keessatti barattoota Oromoo maqaa sabummaa isaanii xiqqeessuun dhimma itti bahuun barattoonni saba Amarraa akka isaan miira keessa galuun isaan lolaan gochuun barnoota isaaniirraa harisisuun guufachiisaa turuu isaanii agarsiisa. Haata’u malee, gocha arrabsoo sabummaa xiqqeessuu baratan Mogoseen barataa Abdiisaa irratti raawwate poolisiin sabaan Oromoo ta’e hubachuudhaan akka inni barnoota irraa hin ari’amne taasisuun ofeeggannoo isaaf kennuun

hidhaa irraa gad-lakkisuu isaa agarsiisa. Dabalatanis, ergaan barreessaa kanaa, dhiibbaan sirni darbe Oromoon eenyummaa isaa tuffatee kan alagaa offitti fudhatee of wallalee jiraatu waan taasisaa tureef, barattoonni Oromoo falmii eenyummaa isaanii taasisaa turuu isaanii agarsiisa.

Abdiisaan waa'ee eenyummaafi ejjennoo Henook irratti yoo shakkii itti uumaames booda irratti adeemsa eenyummaa isaa waliin walqabatee keessa darbe Abdiisaaf seenessuun wal hubannaan gidduu isaanitti uumamuu danda'eera. Henook seenaa jireenya isaa keessa dabarse Abdiisaaf yoo ibsu:.

‘Wallagga Bahaa, Ona Limmuu keessatti akka dhalatee guddatee fi yeroo kutaa saddeetii gara sagaliitti darbu, Finfinnee dhufee, mana eessumma isaa taa'ee yeroo barachaa turetti barattoonni mana barumsaa sadarkaa lammaffaa *Manan* yeroo barataa turetti akkamitti dubbii isaa fi gocha isaa hunda jibbuun eenyummaa isaa tuffachuun muka qoosaa isa gochaa turuu isaanii. . . . Keessattuu gaaf tokko yeroo daree keessatti utuu afaan Amaaraa barataa jirani jecha qajeelchee dubbachuu dadhabuu isaatti qana'ee yeroo inni morma buusu wanna isa mudate akkana jechuun yeroo ibsuuf dinqame, “Barsiisaan akkuma ani morma buusee jirutti miilla isaa ol kaasee mataa koo irra ejjete. Barattoonni hundi hanga kutaan itti barannu waan socho'e fakkaatutti natti kolfaniif barumsa isaa adda kuttee gara biyya dhaloota isaati badee deebi'uu isaa” itti hime (Dhaabaa 2020, ff.58-59).

Yaada kanaan, Henook irra barattoonni magaalaa Finfinnee isa waliin baratan akka isa irratti bifa adda addaan dhiibbaa qaqqabsisaa turan mul'iseera. Sababa inni afaan Amaaraa sirritti hin beekneef, waan inni dubbatuu fi hojjetutti barattoonni itti qoosuu fi kolfoo dhiibbaa xiinsammuu irraan gahaa turuu isaanii mul'isa. Gama biraatiin immoo dhiibbaa sirna yeroo sanaatiin ummata Oromoo irratti taasifamaa ture irraa kan ka'e ijoolle isaanii afaan dhaloota barsiifachuu akka hin dandeenye mul'isa. Haaluma walfakkaatuun, gocha barattoonni sun isa irratti raawwatan irra darbe barsiisaanis miidhaan irraan gahuu isaatiinn barnoota addaan kutuu isa agarsiisa.

Gama biraatiin immoo Henook waan isa irra gaheef, eessummi isaa waa'ee eenyummaa isaa isa barsiisuu fi gorsuu yeroo waa'ee jarreen isaatti qoosan sanaa bali'naan Abdiisaaf yoo ibsu:

“ . . . Dhimmi guddaan akka namoonni kaan itti na ilaalan otuu hin taane, akka ani itti of-ilaalu akka ta'e na barsiise. ‘Dura ofii kee of simadhu. Kan ittiin uumamtee fi kan

ittiif uumamte kana siif kenne Waaqa malee nama miti. Waaqni inni si uume ‘ani nama kaanii gadittan si uume’ sin hin jenne. ‘Ati anaa gadi’ jedhee kan sitti qoosu – kan gad si cabsuu barbaadu nama akka keetiiti,’ naan jedhe,” jedhe. (Dhaabaa 2020, ff. 63 - 64).

Yaadni kun kan nu hubachiisu, namni tokko eenyummaa isaa irratti ofitti amanamummaa akka qabaatu fi eenyummaa isaatiin boonuu akka qabu gorsa kenna. Waaqa ilma namaa uume birattis hunduu wal-qixa ta’uu isaa hubachiisa. Dabalatanis, yaada kanaa olirraa hubachuun kan danda’amu, akkaataa namoonni of guddisaanii iddoo guddaa ofiif kennuudhaan , nuf immoo iddoo gad-aanaa nuf kennuun nu xiqqeessaniin miira gad-aantummaa keessatti of ilaaluu akka hinqabne un hubachiisa.

Hojii ogbarruu isaa keessatti barreessan Henook gorsa eessuma isaa eenyummaa isaa ilaalchisee dhiibbaa jiru dandamatee of ta’ee jiraachuu akka qabu yeroo itti fufee ibsu akkas jedha:

“Jarreen ‘ati nun hin taane, ati nun hin fakkaanne’ jedhanii sitti qoosanii fi si dhiibanitti of madaaltee akka waan hir’uu taatetti sitti hi dhagahamiin. Ati isaan miti. Nama biraa ta’uu hin dandeessu. Kan ati ta’uu dandeessu of qofa. . . . Eenyummaa nama biraa fi aadaa nama biraan of hin safariin. . . . Ati ofuma kee uumama guutuudha. . . .” (Dhaabaa 2020, f. 64).

Gorsi kun kan nu hubachiisu eenyummaa fi aadaa ofiin of ta’anii jiraachuun akka nama kabachiisu agarsiisa. Garuu, eenyummaa fi aadaa ofii dhiisanii, kan ormaa ofitti fudhachuu yookaan simachuuf yaaluun salphina malee ulfina akka namaaf hin kennine mul’isa. Eenyummaa keenyaan oftaanee akka jiraanufi ofitti amantaa akka qabanu gorsaafi jajjabina nuf kenna. Oromoon eenyummaa isaa irratti dhiibbaan irratti gahaa turus, oromummaa isaatiin of ta’ee jiraachuu akka qabu hubachiisa.

Gama biraatiin, sababa dhiibbaa eenyummaa isaatiin isa irraa gahe irraa kan ka’e, Abdiisaan ijoollee saba biraa waliin doormii tokko keessa waliin jiraachuu jibbuu isaa furmaata akka hin taane Henook yoo gorsu:

“Irraa baqachuun – eenyummaa namaa baruu hin dandeessu, eenyummaa kee isa dhugaa itti agarsiisuus hin dandeessu. Nama irraa baqachuun akka of irratti amantaa dhabuuttan ilaala ani,” naan jedhe Heenook (Dhaabaa 2020, f. 68).

Abdiisaan, Mogosee fi Taammiraat waliin doormii tokko hin seenu, hin taa’u, itti hin dhiyaadhu jedhee mormuun irraa baqachuun isaa eenyummaa isaa isa dhugaa itti agarsiisuudhaaf illee kan



isa rakkisuu fi irraa baqachuun furmaata waaraa ta'uu akka hin dandeenye agarsiisa. Kana malees, namni eenyummaa namaa xiqqeessu, ofuma isaa waa'ee eenyummaa mataasaa kan hin beeknee fi hin kabajne ta'uusaa, itti himuuf irraa baqachuu osoo hin taane, itti dhiyaachuu akka wayyu namatti mil'isa.

Abdiisaan barataa yunivarsitti biraan jecha sabummaa Oromoo xiqqeessuun arrabsamuu hordofee wal-loluu isaa hojii ogbarruu kanaa gadii keessatti yoo ibsamu:

. . .Gara balbalaattan qajeele “*Innaatuuninnaa!*. . .*Faaraa! Deddeb Gaallaa!*”  
– waca namootaa keessaan sagalee kana dhaga'e. Sagalee gurbichaati. Akka waan inni dhakaa darbatee mataa koo waqareetti sammun koo na dhukkube – akka waan inni cuubee natti dhaabeetti waraansi keessa kootti dhagahame. Qaama koo cufatuu unkurame. . . .Akkanatti reebamee – arrabsamee – qaana'ee galuu koo irra du'uun hawwe.. . .(Dhaabaa 2020, ff. 296 - 297).

Yaada kanaa oli irraa hubachuun kan danda'amu, ilmi namaa uumamu isaatiin rakkoo fi gidiraa isa qunnamu obsaan bira darbuu ni danda'a. Garuu, tuttuqqaa gama eenyummaa fi sabummaa isaatiin isatti dhufu tokko obsee bira darbuu akka hin dandeenye nutti agarsiisa. Ilmi namaa uumama isaatiin sabummaadhaan tuqamuu, eenyummaa isaatiin xiqqeffamuu fi namummaa isaatiin tuffatamuu irra du'ee dhabamuu akka filatu agarsiisa. Akkasumas moggaasa maqaa xinneenyaa, gad-aantummaa, tuffii fi arrabsoo sirni tokko yookaan sabni tokko namaaf moggaase fudhatanii jiraachuu irra, maqaa hin feene sana ofirraa mulquuf lubbuu ofii wareeganii osoo falmatanii du'uu akka wayyu namatti ibsa. Dabalataanis, sarbamni mirga sabaa fi tuffiin sabummaa fi eenyummaa cita foonii, coba dhiigaa fi caba lafee caalaa kulkulli madaa isaa nama dhukkubuu akka danda'u namatti mul'isa. Yaada kana deeggerruun Asafaan (2004, 2009, 2015) hojii isaa keessatti dhiibbaafi miidhaa sirnoota darbaniin ummata Oromoo irra gahe mul'iseera.

Hojii ogbarruu kana keessatti barreessan ummanni Oromoo gara eenyummaa isaatti deebi'uu akka qabu yoo ibsu

“Abdiisaan abjuu isaatiin siree irra utuu hin taane, hallayyaa qilee lafeen namaa akka qoraanii keessa tuulame keessa ciisaa jira. . . . Jaarsi raagaan sun fuulli isaa fuula abbaa koo natti fakkaate”.

‘Maaliif of wallaalta? . . . Maaliif eddo jirtu wallaalta?’ . . .

‘Warra hirriba du’a irra hin wayyine rafan gidduu jirta!as keessaa ba’i!’ . . .

‘Mee ka’ii deemi. Gaara hin sodaatiin! Mee ol ilaali!’ naan jedhe.

Yeroon ol ilaalu, muka Odaa ta’uu isaan bare (Dhaabaa 2020, ff. 422 - 424).

Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti, barreessaan kun warra eenyummaa isaanii gara dagachuu fi irraanfachuutti deemaa jiranii fi eenyummaa saba duraan leellifamaa turanitti maxxanuuf, makamuu fi itti kalaa’uuf of dagataa jiraniif, bifa abjuu fakkaatuun itti dhufee, akeekkachiisaa, dadammaqsaa fi kallatti isaan ittiin of baranii gara eenyummaa isaaniitti ittiin deebi’an kan itti agarsiisaa jiru ta’uu mul’isa. Kana jechuun namoota eenyummaa isaanii dagatanii eenyummaa halagaa ofitti uffatanii jiraataniif gara eenyummaa Oromummaa isaanitti akka deebi’an gorsa. Dabalataanis, fakkoomiin Odaa barreeffamicha keessatti ibsames, gara Sirna Gadaa Oromoon kanaan dura ittiin bulaa turetti akka deebi’anii sirna sanaan of-bulchaan kan akeekudha.

Dabalataanis, barreessan hojii isaa kana keessatti ummanni Oromoo gara sirna gadaa sirna hunda hammataa ta’een walbulchuu barbaaduu isaanii isaa yoo ibsu:

Yeroo ani Odaa sana bira gahu, dameelee isaa akka harkaatti bal’isee ofitti na hammate. Yeroon naannoo koo ilaalu, qilleensa irra otuu hin taane gaara irra dhaabbadheen jira, miillawwan koo hidda Odaa ta’anii lafa keessa gad-fagaatanii jiru. Harkawwan koo dameelee isaa baalawwan magariisni irratti maddan ta’an. Odaan ani duraan arge hin jiru. . . . anuma tu Odaa guddaa ta’ee, dagaagee gaara irra dhaabate. (Dhaabaa 2020, f. 425).

Fakkoomiin Odaa gaaddisa uummata Oromoo ta’uu isaa, kan gaggeessitoonni Gadaa galma walga’ii taasifatanii seera ittiin wal bulchan jala taa’anii tumanidha. Mul’atni isaa Oromoon sirna duraan karaa dimokiraatawaa ta’een wal bulchaa ture sirna Gadaatti deebi’ee tokkummaa isaa eeggattee, wal-ijaaree, wal-cimsee akkasumas wal-hammatee yoo waliin deeme, eenyummaa fi kabaja isaa duriitti deebi’uu akka danda’u akeeka. Dabalataanis, Oromoon sirna eenyummaa isaa kabajuu fi dagaagsu sirna Gadaatti deebi’ee ofiin of-bulchuu mul’ata qabu agarsiisa.

Akkaataa yaada barreessaa kanaatti, Abdiisaa fi Wayinisheet waliin jaalalaan walitti hidhamanii waliin jiraachuu akka hin dandeenye daangaa eenyummaa kaasee yoo ibsu:

“Dhiifama naaf godhi. Ati ana hin beektu. Otuu na beektee jireenyaaf akka ati na hin filanne nan beeka,” n jedhe. . . .

“Ani ana qofa miti. Warran qaba. Saban qaba. Eenyummaan koo warra kooti, saba kootti hidhataadha. Kan kees akkasuma. Ani saba of-ta’uuf mirga dhabee, eenyummaan isaa ukkaamamee – awwaalamee, eenyummaa saba biraatiin aguugamee jiraatu irraan dhaladhe. Ati immoo saba eenyummaan isaa biyya dhuunfatee, eenyummaa koo ukkaamsee – liqimsee jiraatu irraa dhalatte. Akka nama lamaatti wal-jaallachuu dandeenya. Akka sabaatti wal-fudhannee jiraachuun garuu, rakkisaa dha. Ati of dhiistee ana hin taatu. Anis of dhiisee si ta’uu hin fedhu. Amma siif galee?” jedhe (Dhaabaa 2020, ff. 429-430).

Akka yaada kanatti, Eenyummaan saba tokko (Amaara) biyya kana keessatti eenyummaa ummata Oromoo akka hin mul’ane hin guddane dhiibbaa irraan gahaa turuu isaa agarsiisa. Ummanni Oromoo eenyummaa isaa, aadaa isaa, afaan isaa jalaa ukkaanfamee jiru deeffachuuf qabsoo gochaa jiraachuu isaa mul’isa. Abdiisaafi Wayinisheet sababa garaagarummaa eenyummaa sabummaa gidduu isaanii jiru irraa kan ka’e jaalalaan walitti hidhamanii jiraachuu kan isa rakkisu ta’uu seenessa. Kana malees jaalalli nama lamaa akka dhuunfaatti yoo jiraates, madaa sabaa fi ukkaamsaa eenyummaa sabni tokko saba biraa irratti raawwataa turee fi raawwataa jiru fayyisuu waan hin dandeenyeef, jaalala boodee aarsaa guddaa nama kaffalchiisuu danda’u yeroodhaan dhaabuun akka barbaachisu nama hubachiisa. Yaada kana deeggerruun Asafaan (2004, 2009, 2015) hojii isaa keessatti dhiibbaafi miidhaa sirnoota darbaniin ummata Oromoo irra gahe mul’iseera.

Biyya kana keessatti sabaaafi sablamoonni biyya kanaa tokkummaan jiraachuuf eenyummaa walii waliif kabajuudhaan yoo jiraatan qofa akka ta’e yaada kanaa gadii keessatti yoo ibsamu:

“Nutu dhalattoota biyya tokkooti mitii? Nutu hundinuu lammiilee Itoophiyaa mitii? Ati Oromoo dha, ati Amaara, ati Tigiree dha, jennee wal-qoodnee, wal-baqannee, wal-lollee akkamitti jiraannaa?”

“Gaaffiin kee sirriidha. Garuu, kan kun hafuu danda’u yoo eenyummaa fi mirga waliif iddoo kennine, yoo eenyummaan keenya wal-qixa biyya kana keessatti mul’ate qofa. Sana ta’uu baannaan lammummaan Itoophiyaa siif mallattoo eenyummaan kee keessatti dagaage waan ta’eef ni jaallata, ittiin boonta. Ani immoo mallattoo eenyummaan koo keessatti ukkaamamee fi dhabame waan ta’eef ittan gadda, ittan aara, nan morma, of irraan lola,” n jedhe – fuula koo itti ibsee (Dhaabaa 2020, f. 431).

Waraabii kanaa olii keessatti ergaa inni hawaasaaf dabarsu biyya tokko keessatti wal-qixxummaan eenyummaa sabaa fi sab-lammootaa, wal-qixxummaan afaanii, wal-qixxummaan aadaa fi wal-qixxummaan amantaa yoo hin eegamne, biyya sana akka biyya ofii taatetti kan kooti jedhanii itti amananii fudhachuun kan nama rakkisu ta’uu akeeka. Kanaafuu, biyyi akka kanaa saba ol’aantummaa isaa irratti mirkaneeffatee, afaan isaa, aadaa isaa, amantaa isaa irratti dagaagfatee irra jiraatuu fi kan sabaa fi sab-lammoota biroo ukkaamsee, hakuucee, ol’aantummaa isaa irratti mirkaneeffatee yookaan of-jalatti to’atee jiraatuuf biyya eenyummaa isaa ittiin ibsatuu fi ittiin boonu ta’u agarsiisa. Haata’u malee, kanneen hakuucamanii, dhiibamanii, ukkaanfamanii, tuffatamanii keessa jiraataniif garuu akka biyya koloneeffatamte keessa jiraataa jiranitti kan itti dhaga’amu ta’uusaa nu hubachiisa.

Yaaduma walfakkaatuun asoosama kanaan Meeron ejjeennoo walfakkaatu dhabuu isheef barreessan yoo qeeqa isaa ibsu;

. . . Abbaan ishee sooressa beekamaa waan tureef Finfiinneetti galuun ishee waanuma eegamu ture. Garuu, akka ammaa kanatti jijjiiramti jedhee gonkumaa hin yaadne. . . . Ihimm! . . . Namni maalumaaf akkas ta’a laata? . . . akka dikee bishaan irraa! . . . akka bishaan gabatee irraa! . . . (Dhaabaa 2020, f. 464).

Akka yaada kanaaatti, namoonni sossooreyyii tokko tokko naannoo itti dhalatan baadiyyaa irraa gara magaala galuun kanuma jiru yoo ta’es, qabeenya qabaniim magaalaa galanii eenyumaa ofii, sabumaa ofii fi namummaa ofii kan nama jijjiirsisu ta’uu akka hin qabne agarsiisa. Akkasummas eenyummaa kee si jijjiirsisuu irratti qabeenyii fi magaala galuun dhiibbaa tokkollee namarratti gochuu kan hin dandeenye ta’uu nutti mul’isa. Garuu yoo abbaan barbaadee fi fedhe malee qabeenyaan eenyummaa namaa irratti dhiibbaa inni fidu hin jiru. Ta’us namoonni qabeenyaan of jijjiiran kanneen of fekkeessanii fi of dhoksanii jiraachuu barbaadan akka ta’e nutti agarsiisa.



“Indee! . . . Indezziimmaa ayihoniim . . . Ishii? Daadiin haa du’u!” jette dheekkamsa jaalalaan. (Dhaabaa 2020, ff. 512 - 514).

Asirraa waanti hubannu, namni tokko waa’ee mataa isaas ta’e, waa’ee namaa otuu hin beekiinii fi hin hubatiin, dubbachuun sirrii akka hin taanee fi nama dhugaa nama taasisuu akka hin dandeenye hubanna. Kana malees waanti anaan gammachiisuu fi bashannansiisu nama biroos ni gammachiisa yookaan ni bashannansiisa jedhanii yaaduun wallaalummaa akka ta’e agarsiisa. Dabalataanis, afaan biyya hambaas ta’e kan saba birootiin dubbachuun, ittiin ragaduu fi ittiin hojjechuun qaroomuu fi beekaa nama gochuu akka hin dandeenye nuuf akeeka.

Afaan Oromoo keessatti garaagarummaa loqoodaa jiraachu kan mul’isu ta’uu Taliileen jechoota ijoolleen Haraghee beekuu dhabuu ishee hojii ogbarruu kanaan yoo ifu :

“maal taate”n jedhe.

‘waan isaan jedhan tu naaf galuu dide. ruubbiyaa . . . ihii . . . qarshii habbaa takka . . . shillingii takka fi niiraa afur . . . waan akkana akkanaa jedhu . . . dhiifama . . . maal jechuudha?’ jette.

“Garuu utuu afaan tokko dubbannuu akkamitti jechoota kana hunda wallaalla?” naan jette Taliileen (Dhaabaa 2020, ff.139-141).

Ergaa kana irraa hubachuun kan danda’amu, ummanni Oromoo dachee bal’aa ta’e irratti fi walirraa fagaatee qubbatee waan argamuuf garaagarummaa jechoota afaan isaa gidduutti uumamuun iddoo ummanni Oromoo qubbatee jiru hundatti beekamuu dhabuu danda’a. Kunis kan ta’uu danda’eef, yeroo sana keessa Afaan Oromoo Afaan barnootaa, Afaan hojii, Afaan walqunnamtii fi maxxansaa ta’ee waan hin jirreef garagaarummaa jiru dhiiphisuun rakkisaa ta’ee tureera. Gama biraatiin immoo Afaan Oromoo jechootaan badhadhaa ta’uu isaa agarsiisa. Yaada kana ilaalchisee Afaan Oromoo afaan ogbarruu, hojiiifi barnoota ta’ee akka hawaasa hin tajaajile hanga kufatii Dargiitti dhiibbaan irratti taasifamaa turuu ragaalee qorannoo hayyoota adda addaatiin gaggeeffame ni mirkaneessu (Asafaa, 2009; Tayyee, 2009).

#### **4.3.1.3. Maqaa Namaafi Lafaa Jijjiiruu**

Sirnoota mootummaa biyya kanaa darban keessatti seenaa fi eenyummaa ummata Oromoo jalisiifi haquuf lafa kanaan dura maqaa Oromootiin beekamu gara maqaa Amarraatti jijjiiruun moggaasuu raawwataa tureera. Jijjiirraa maqaa lafaa ilaalchisee yaada kana gadii keessatti:

“Magaalaan kun maal jedhama?”:

. . . “Bishooftuu,” jedhe

“Bishooftuu?”

“Magaalaa akkana jedhamu dhagahee hin beeku.”

“Mana barnootaatti hin barannee? maqaan Dabrezeyit kan durii eenyu, siin jedhan?”

“ Kun Dabrezeyitti jechuu dhaa?”

“Akkana jedhan kaa. Maqaan ishee ganamaa garuu, Bishooftuu ture.” jedhe.

“. . . Maaliif Dabrezeyitiitti jijjiran” jette Taliileen

. . . “ sun seenaa dheeraa dha. . . .” jedhe (Dhaabaa 2020, ff.126-127).

Ergaa kan irraa hubachuun kan danda’amu, sirni nafxanyaa seenaa ummata Oromoo dhoksuufi jijjiiruuf moggaasa maqaa lafa Oromoo maqaa Oromootiin waamamaa ture gara maqaa Amarraatti jijjiiruu isaa seenessa.

Haaluma walfakkaatuun, jijjiirraa maqaa lafa Oromoo sirnoota darban keessatti haala ittiin raawwatamaa ture barreessan yoo ibsu:

“Magaalaan kun maal jedhama?” naan jette

“Ciroo . . . ihi . . . Asebe Tafarii jedhan. (Dhaabaa 2020, f.138).

Akkuma magaalaa Bishooftuu gara Dabrezeyitiitti jijjiran magaalaa Ciuroo jedhamuun beekamtu gara Asebe Tafarii jedhamtutti jijjiiruun isaanii duula seenaa ummata Oromoo dhoksuufi jijjiiruuf sirni darbe taasisaa ture mul’isa.

Haala ittiin dubartoonni dhiibbaa sirna darbee irraa kan ka’e eenyummaa isaanii of dhoksuun hojii mana bunaa hojjechaa turan barreessaan Almaaz maqaan dhaloote ishee ‘Haalloo’ ture jijjiirachuu ishee yoo seenessuu:

“maaliif maqaa sanaan hin waamamne ree?” jennaan, waan isheen naan jette nan yaadadha. “ Haalloon wayii dalagaa mana bunaatiif taatii ree?” jettee natti kolfite.

Jechoonni ishee keessa kootti hafan (Dhaabaa 2020, f.170).

Yaadni kun dubartoonni Oromoo mana bunaa keessatti hojjetaan jiraachuuf dirqama maqaa isaanii fi eenyummaa isaanii yoo jijjiiratan malee fudhatama akka hinqabane fi carraa mana bunaa hojjechuu akka hin argane seenessa.

Asoosama kana keessatti dhiibbaa sirna yeroo sanaa irraa kan ka'e Weejeen maqaa ishee gara Meeroonti jijjiirachuu ishee ilaalchisee barreessaan yoo mul'isu

“Haay! . . . Abdiisaa dha mitii ati? Wal hin beeknuuyi?” jette,

“Ehee . . . ihi . . . dhiifama, beekuu hin dandeenye,” n jedhe. Takkaa natti kolfitee,

“Meeroon,” jette.

“Lakkii . . . nama Meeroon jedhamtu kanaan duraan beeku hin qabu. Garuu, fuulli kee intala ani naannoo dhalata kootti wajjiin guddadhe tokko natti fakkaate.”

“Eenyu jedhamti?”

“Weejee,” n jedhe. Takkaa kolfitee,

“Yaa, intalattiin anuma. Gin amma maqaan koo Weejee miti, lawwaxameera. Maqaan koo Meerooni. Soorii . . . gin, hammanuma irsitti na gootaa? Daadiin koo haa du’u, si taqayyameera!” jette. . . . (Dhaabaa 2020, ff. 460-461).

Akka yaada kanaa olitti namoonni magaalaa gurguddootti galan tokko tokko, ‘araadaa’ yookaan qaruuxee of gochuuf yookaan of-fakkeessuuf jecha maqaa isaanii jijjiiruun of-dhoksaanii jiraachuu isaanii mul’isa. Kun immoo namoota eenyummaa isaaniitti qaana’an, namummaa isaanii dhoksuun beekumsa isaanitti fakkaatu, garuu namoota eenyummaa isaanii beekanii fi ittiin boonan biratti namoonni akka sanaa jibbamoo fi tuffatamoo ta’uu isaanii nutti mul’isa. Dabalataanis, namoonni akka meeroon qaroomina fi itti fakkaatee yookaan dhiibbaa sirna darbeen irraan gahe irra kan ka’e maqaa ofii jijjiiraachuu irra darbanii afaan dhaloota isaaniitti kan halagaa makuun dubbatan jiraachuu mul’isa. Namoota eenyummaa of irratti hubannoo hin qabne magaalaa keessatti Afaan Ingileeffaafi Afaan Amarraatiin dubbachuun akka qaroominati fudhatamu mul’isa.

#### **4.3.2. Aangooti Sirnaan Fayyadamuu Dhabuu**

Biyyoota sirna dimookiraasiin bulaa jiran keessatti maddi aangoo ummata waan ta’eef, namoonni filannoo ummataatiin gara aangooti dhufan dirqama haqaan ummata tajaajilu kan qaban yoo ta’u, yoo ammantaa kana hrisanii argaman immoo ummataa isaan filateen akka aangoo isaanii gad-lakkiisan ta’ee badii raawwataniif seeraan gaafatamu. Haata’uu malee, abbootni aangoo sirna dargii keessa turan aangoo isaanii seeraan ala dhimma itti bahuun



miidhaafi dhiibbaan isaan uummata Oromoo irratti gaggeessaa turan hojii ogbarruu kana keessatti barreessan yoo addeessu:

Miseensotaa fi hoggantoota Paartii Hojjetoota Itoophiyaa Aanaa keenyaafayi. Garii utuma haadha manaa fi ijoollee qabanii dabalata durba qabatu. . . . Jarreen akkanaa immoo durba qunnamtii irraa qaban biratti nama arganii haa hafuu akkanumattiyyuu sababa barbaadani mana hidhaatti nama darbatu (Dhaabaa 2020, f. 72).

Akka yaadxina faayidaalessummaatti jaarmiyaaleen biyya tokko keessa jiran fayyummaa uummaa fi itti fufiinsa hawaasaaf barbaachisuu fi kan wal-utuban, walitti hirkatanii wal-ceedisan ta'uu ibsus, haala kana irrattis jarreen aangoo qaban qaamolee hawaasa keessa jiraatan irratti tarkaanfii hin mallee fi aangoo isaaniitti haqaan itti fayyadamuu dhabuun hawaasicha irratti miidhaa geessisaa kan jiran ta'uu isaa mul'isa. Dabalataanis, barreessaan kun hojii ogbarruu isaa kanaan, sagaagalummaa abbootiin aangoo dargii aangoo isaaniitti dhimma bahuun qabatamaa dhaan shamarran irratti raawwataa turan saaxila. Abbootni aangoo kun aangoo isaanitti seeraan ala fayyadamuun hiidhaa namoota irratti raawwachaa jiraachuu isaanii agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, abbootiin aangoo sirna Dargii dhiibbaa gama siyaasan ummata Oromoo kutaa hawaasa adda addaa irratti gaggeessaa turaniiru. Dhimma kana ilaalchisee sirna dargi keessa namoota Oromoo ta'an irra ajjechaa gaggeessitoota sirnichaan gahaa ture barreessan yoo ibsu akkas jedha:

“Namoota baayee tu ajjeefame, naannoo kanatti. Qonnaan-bultoota, barattoota mooraa kanaallee dabalatee.”

“Sababa of beekaniif. Sababa haqa isaaniif falmaniif. Sababa aguuggii gurraacha fuula isaanii irra ture of irraa kaasanii waan qabatamaa biyya kanatti ta'aa jiru arganiif. Sababa mirga saba isaaniif falmaniif yookaan sababa warra falmanitti hidhata qabu jedhamanii shakkamaniif. ... jedhama.”

“ABO dha jedhanii fixan. . . .” naan jedhe – sagalee isaa gad-qabee (Dhaabaa 2020, f. 404).

Yaada kana keessatti ibsame, sirna Dargii keessa dhaabbileen siyaasaa mirga saba isaaniif falmuuf hundaa'anii, mootummaatiin lolaa turan kanneen akka TPLF (Tigray people Liberation

Front), EPLF (Eritera people Liberation Front), OLF (Oromo Liberation Front) fi kkf ta'uu galmee seenaa irraa hubachuu ni danda'ama. Isaan kana keessaa immoo ABO (Addi Bilisummaa Oromoo) isa tokkodha. Yeroo sana keessa mootummaan Dargii barattoota Oromoo Yuniversiitii baratan, akkasumas, qonnaan bultoota sababa isaan eenyummaa isaanii beekanii mirga saba isaaniif falmaniif, miseensa ABO godhanii shakkuun ajjeechaa irratti raawwachaa turuu isaanii seenessa.

Haala ittiin karaa seeran alaa aangoo isaanitti fayyadamuun dargaggoo hidhuufi gara adda waranaatti ergaa turan asoosichi hojii isaa kanaan yoo ibsu:

. . . Yeroo xiqqoodhaa booda mucayyoo sun amma liphsoo ijaatti hammannaa loltuu sana keessaa dhabamuu ishee – itti aanee immoo Cuuttaan miliquu isaa – booda lolichi sirba keessaa bahee deemuu isaa . . . hunduu duraa boodaan sammuu kootti dhufan. Walitti hidhamanii seenaa guyyaa sanaa natti himan. Nan hubadhe.

“Akkamitti ... ah ... akkamitti dirree waraanaatti si geessani ree?” n jedhe – calleensa dheeraa booda.

“Akkuma mana hidhaatti nu naqanitti anaa fi dargaggoota Najjoo baay'ee guuranii *Biheeraawwii Wuttidirinnaatti* ergan,” jedhe (Dhaabaa 2020, ff. 438 - 439).

Akka yaada kana irraa hubachuun danda'amutti, abbootiin aangoo sirna yeroo sanaa dargaggoonni fi shamarran jireenya hawaasummaa keessatti bilisaan akka hin jiraanne dhiibbaa irraan gahuu keessa darbanii, aangoo isaanitti fayyadamuun dirqisiisanii fedhii isaanii itti bahachaa kan turan ta'uu, akkasumas dargaggoota haaloo irraa qaban dirqiin qabanii adda waraanaatti ergaa akka turanii fi shamarran itti miidhagde immoo fedhii isheetiin ala doorsisanii kan sagaagalaa turanii fi fedhii isaanii itti ba'achaa turan ta'uu nama hubachiisa.

### **4.3.3. Tajaajila Loltummaa Biyyoolessaa**

Sirna Dargii kessa dhaabbileen siyaasaa mirga saba isaaniif falmaan sirnichatti yaadoo keessatti waan isa kufiseef dargaggoo biyyaatti dirqaman lola waliin walitti akka hirmaatu taasifamaa tureera. Bu'uuruma kanaan, sirna mootummaa Dargii keessaatti sababa waraanaatiin lammiileen gara duula adda waranaatti bobba'ssuu fedhuu sirnichaa barreessan yoo ibsu:

. . . Barattoonni maaqaan tarreeffame walumaa galatti 36. Tarree maqaaleeti gaditti immoo, ‘Barattoonni maqaan keessan armaan gaditti tarreeffame, waajjira Paartii Hojjettoota Itoophiyaa kutaa Harargee fi waajjira Komisaariyaatii kutichaatiin waan barbaadamtaniif Kamisa waaree dura saatii 5 irratti waajjira Perezidaantiitti akka argamtan cimsinee isin hubachiifna,’ kan jedhutu barreeffamee jira. . . . Tajaajila Loltummaa Biyyoolessaaf barattoota fo’ataman ta’uun bare (Dhaabaa 2020, f. 395).

Yaadni kanaa olii kan agarsiisu, dargaggeessi umuriin isaa waggaa 18 ol ta’e sirna Dargii keessa tajaajila Loltummaa Biyyoolessaa irratti hirmaachuun dirqama isaati. Yeroo sana keessattis, barattoonni Yuniversitii fedhii isaaniin ala dirqamaan qabamanii gara adda waraanaatti ergamaa akka turan seenessa. Yaada kana kan deggerru labsii Ebla bara 1983 baheen namni umuriin isaa waggaa 18 hanga 30 giddutti argmu ji’a jahaaf leenjii loltummaa fudhatee waggaa lammaaf tajaajila kennuun hanga waggaa 50 humna eegataa ta’ee tura “under the National Military Service Proclamation of May 1983, all Ethiopians aged eighteen to thirty were required to undergo six months' military training followed by two years' active service and assignment to reserve status until age fifty” jedha.

(<https://www.globalsecurity.org/military/world/ethiopia/personnel-derg.htm#:~:text=Under%20the%20National%20Military%20Service,reserve%20status%20until%20age%20fifty.>)

Dhimma walfakkaatuu ilaalchisee barreessan asoosama kana arman gaditti yoo ibsu,

. . . Loltoonni hidhannoo guutuudhaan aangawoota dabalatanii Harar irraa dhufan mukeen naannoo gamoo waajjira Perezidaantii jiran jala suuqa suuqa qabatanii akka waan dhukaasuuf ajaja afaan tokkittii eeggatamiitti qophaa’anii dhaabbatan.

‘. . . Hiriyyoonni keenya amma nuuf haa gad-dhiifaman!

Mooraan barnootaa dirree waraanaa miti!

Loltoonni mooraa kana keessaa haa bahan! . . .’ dhaadannooleen jedhan, . . . akka dhukaasa qawwee futta’uu jalqaban (Dhaabaa 2020, f. 397).

Dhaamsi yookaan ergaan yaada kanaa, sirna yeroo sanaa keessatti mootummaa dhaabbilee barnoota ol’aanaa keessatti utuu hin hafiin dirqiin dargaggoota adda waraanaatti kan ergaa turan ta’uu isaa nutti mul’isa. Haaluma kanaan, barattoonni Yuniversitii mormii mootummaa abbaa

hirree irratti qaban kan dhageessisaa turan ta'uu fi fedhiin ala barattoota waraanatti erguun akka dhaabbatu falmuu isaanii seenessa.

Sirni mootummaa Dargii dirqamaan loltumaaf dargaggoo erguu yoo filates ilaalcha dargaggoo of beekan bira jiru immoo barreessan yoo ibsu:

“Namoota 36 fo'aman keessaa kan biyya isaaf deemee loluu fedhu tokkollee akkamitti dhabamaa?” n jedhe itti fufee. . . .

“Namni sammuu qaba, ni yaada. Dhugaa dubbachuu, dhugaa yaaduu irraa kan isa dhorkuu danda'u hin jiru.” jedhe.

“Naaf hin galle.”

“Eenyuun akka lolu, maaliif akka loluu fi eenyuuf akka lolu yoo addaan baafatee hin beekne, yookaan yoo itti hin amanne, akkamitti deemee wareegamuuf of-kenna, jettee yaadda?” jedhe – Shaafiin. (Dhaabaa 2020, f. 402).

Ogbarruu kana keessatti kan barreessan jedhu, namni tokko adda waraanaa deemee loluu fi of kennee deemuuf dhimma qabsaa'uuf, kaayyoo isaa, eenyuuf akka ta'e, siyaasa mootummaaf moo? bilisummaa uummata ofiif, mirga sabaaf moo, fedhii nama dhuunfaaf, ta'uu isaa yoo adda hin baafannee fi itti hin amanne, faayidaa kan hinqabnee fi bu'aa buusuu kan hindandeenye ta'uu isaa nutti mul'isa. Kana malees, mootummaan Dargii kan inni ittiin lolaa jiru qabsaa'ota saba addaa addaa irraa cunqursaa saba isaaniif jecha gurmaa'anii bosona seenuun falmaa jiran ta'uun beekamaadha. Kun immoo barattoonni sun qabsaa'ota saba isaaniif falmaa jiran waliin wal-waraanuuf akka ta'e hubachuu isaanii mul'isa.

Sirna Dargii keessa fedhii isaanii malee fi kaayyoo isaanii malee dargaggoo dirqaman gara adda waraanatti geffammaa turuu isaanii barreessan yoo ibsu:

“Tarii, adda waraanaa dhagee lolee, qaama koo itti dhabee, galuu koo akka gootummaatti ilaaltee ta'a. Garuu, akkas miti anaaf,” jedhe Cuuttaan.

“Maaliif?” n jedhe – sossodaataa.

“Tokkoffaa, fedhii koon hin deemne. Dirqamee, reebameen otuu keessi koo gubatuun deeme.” . . .

“Lammeffaa, ani kaayyoo lola sanaatti hin amanu. Jarri nuti lolaa turre, warra bilisummaa saba isaaniif qabsaa'an. . . . sabni jaraa isaan jaallata.” . . .

“Akkuma qabsaa'ota mirga Oromoof falmanii ti. Jara ABO beektaa mitii?” naan jedhe.

Beekas hin beekus jechuu hin barbaanne. “Maaliif na gaafatte?”

“Waa’ee isaanii beekta taanaan, waa’ee Wayyaanee fi Shaabiyaas beekuun si hin dhibu jedheeni. Hundinuu warra uummata ofii bilisoomsuuf falmatu.” (Dhaabaa 2020, f. 487). Akka yaada kanaatti sirna mootummaa Dargii keessatti, karaa abbootii aangoo biyya bulchuu turan dargaggoonni fi jiraattonni osoo itti hin amaniin dirqamaan namoota adda waraanaatti lola waliin walinii irratti akka bobba’aan taasisaa turaniiru. Kanneen didan irratti immoo reebichaafi hidhaadhaan lammiilee dararaa turuu irra darbee adda waranaatti erguu isaanii seenessa. Kana malees, ilmi namaa kaayyoo ofiif itti amane malee waan dirqiin itti galfame tokkorratti yoo lubbuun wareegames bu’aa barbaadamu fiduu kan hin dandeenye ta’uu mul’isa. Kun utuu kanaan jiruu, namooni miseensa dhaabbilee siyaasaa mirga, faayidaa, bilisummaa fi wal-qixxummaa saba isaaniif, qabsa’an turan hubachuun dhoksaan kan deggersa taasisaa turan ta’uu agarsiisa. Yaada kana irraa hubachuun kan danda’amu, dargaggoon biyyaatti lola itti hin ammannotti hirmaata turuun isaanii kufatii sirna Dargiidhaan akka goolobamu taasiseera.

#### **4.4. Xiinxala Gama Dinagdeetiin**

Ummanni Oromoo erga sirna halagaa jalatti kufe eegalee dhiibbaa gama hawaasummaafi siyaasaa qofa osoo hin taane dhiibbaa dinagdeefis saaxilamee jiraachaa turuun isaa ragaaleen qorannoo ni mirkanneessu (Asafaa, 2015, f.3). Haaluma kanaan, barreessan asoosama *Godaannisa* hojii isaa keessatti dhimmoota dinagdee ummata Oromoo yeroo sana keessa ture haala inni ittiin kaasee mul’ise qabiyyee isaanii adda baasuun xiinxalamani kanaan gadiitti dhiyaataniiru.

##### **4.4.1. Hiyyummaa**

Ummanni Oromoo dachee qabeenya uumamaatiin badhaatu taate irratti jiruufi jireenya isaa gaggeessaa yoo turees, dhiibbaa sirnoota darbaniin irra gahaa ture irraa kan ka’e itti fayyadamaa qabeenya isaa taa’ee jiraachaa akka hin ture ragaaleen adda addaa ni mirkaneessu (Asafaa, 2015, f.3). Haala kana ilaalchisee barreessan asoosama kanaan yoo mul’isu:

Haala ani itti guddadhe keessa waan nama gammachiisuu baay’een hin jiru. Abbaan koo waggaa sadeetii fi walakkaatti haadha kootti na dhiisee murtoo ofiitiin du’e. Yeroo sana obboleetiin koo, Kuulaniin, umuriin ishee waggaa ja’a ture. Hanga lubbuun turetti jaalalaan nu guddise—Abbaan keenya, Soolan Disaasaa. Qabeenyaa baay’ee hin

horanne--abbaan keenya. Buna daldalee maallaqa argatu falmii lafaatti fixate (Dhaabaa 2020, f.18).

Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, abbaan Abdiisaa yeroo lubbuun turetti maatii isaa hojii qonnaa fi daldala bunaatiin jiraachisaa turuu isaa seenessa. Haata'u malee, qabeenya hojii daldala bunaa irra horatee fi qabiyyee lafa abbaa isaa irra dhalman argate falmiin dhabuu isaa agarsiisa. Sababa kanarraa kan ka'e maatisaa hiyyummaa keessatti dhiisee lubbuun darbu isaa mul'isa. Abdisaan maatii gama tokkoon harka qalleeyyii ta'an irraa dhalachuu isaa fi abbaa isaa yeroo lubbuun ture jaalalaan isa waliin dabarse ijoollummaa dhabuun isaa irraa kan ka'e jireenya gadadoo keessatti guddachuu isaa seenessa. Haali itti abbaan isaa qabeenya isaa itti dhabe fi sababa kanaanis lubbuu isaa itti dhabe Abdiisaaf gammachuu akka isaaf hin kennine mul'isa.

Haala ittiin haati Abdiisaa jireenya gadadoo keessatti itti kufte warabbii kanaa gadii keessatti yoo ibsamu:

Haati koo akka garaan ishee ramacametti ijoollee afur qabattee qofaa ishee dirree irratti hafte. Okkotee sooftee, ibiddatti waadamtee araqee baasuun ijoollee sana guddisuu jalqabde (Dhaabaa 2020, f.22).

Ergaa yaada kanaa kan agarsiisu, haati Abdiisaa gocha Maannaaloon Kuulanii irratti raawwate ijoollee isaa itti dhiisee baduun isaa rakkoo dinagdeef waan ishee saaxileef, carraan isheen qabdu harqee baastee gurgurruun ijoollee ishee guddisuu akka ta'e mul'isa. Maannaaloon rakkina garaa garaa mataa isheefi intala ishee irratti raawwate sababeeffatee, ijoollee of hin dandeenye haadha irratti gatee baduun jireenya gadadoo fi hiyyummaan akka guddatan taasiseera.

Turtii yeroo dheeraa booda haati Abdiisaa yeroo mana barnootaa deemtee Abdiisaa waliin walargitu jijjiirama bifa ishee barreessan yoo ibsu akkas jedha:

Utuun mana barnootaati bahuutti jiruu, dubartii fuulli ishee xalaa'ee, ijawwan ishee ciimmaa yaasan, ka rifeensa mataa ishee arriin dhaale tokkon balbala mooraa mana barnootaa duratti arge.. Yeroon argu, dura haadha koo ta'uu ishee hin barre. Yeroon barru garuu nan rifadhe-baay'een rifadhe (Dhaabaa 2020, f.23).

Ergaa barreessaa kanaan, haati Abdiisaa jiruufi jireenya gadadoo keessa jiraachuu ishee jechoota fakkoomii kanneen akka' xalaa'uu fuula isheen, cimmaa yaasuu ija isheen, fi arrii baasuu rifeensa mataa ishee fayyadamuun akka agarsiisuti jireenya isheetti fudhachuun haala salphaa ta'een akka dubbisan hubatuuf fakkii kaasee mul'iseera. Akka ilaalcha yaadxina fakkoomiitti, mallattooleen barreessan haala jiruufi jireenya haati Abdiisaa keessa jirtu dhimma itti bahuun mul'isu yaalle hawaasa Oromoo biratti hiikoo kan kennu ta'uu isaa agarsiisa. Hojii ogbarruu kanaan, Abdiisaan haati isaa jireenya rakkina, gadadoo, fi gidiraa ishee muddateen, bifti ishee jijjiiramee kana fakkaate arguu isaatti baay'ee rifatii fi gaddi guddaan itti dhagga'amu isaa agarsiisa.

Barreessaan hojii ogbarruu kanaa garagaarummaa dinagdee barattoota yunivarsitii gidduu jiru yoo ibsu:

Mooraan Yuniversitichaa adduuyyaa haarawaa natti ta'e. Naannoo isaa, lafti isaa, manni isaa, siree ani irra ciisuu, karaa ani irra deemu utuu hin hafiin adda ta'ee natti mul'ate. Waantota ani barattoota irratti argu baay'een isaanii anaaf haaraa dha. Huccuuwwan mimmiidhagoo barattoonni gariin uffatan ani ijaanuu argee hin beeku. Qaamawwan isaaniis ajaa'iba natti ta'a. Kan garii isaanii waan gaaf tokkollee xuriin xuqee, roobni itti bu'ee, qorri dhahee, yookiin ho'i aduu itti bahee beeku hin fakkaatan (Dhaabaa 2020, f. 26).

Yaada barreessaa kanarraa hubachuun kan danda'amu, Yuunivarsitii Haraamayaa gama miidhagina mooraa, manaa fi siree ciisichaatiin jireenya keessa ture waliin walbira qabee yoo madaalu baay'ee walirraa fagoo ta'uu isaa agarsiisa. Jireenyi baadiyyaa hangama boodeetti hafaa ta'uu isaa agarsiisa. Dabalatanis, barreessaan garaagarummaa jireenyaa maatii isaanii yokiin garaagarummaa dinagdee maatii barattoonni irraa dhufan gidduu jiru calaqqisa. Garaagarummaa jireenya qanaanii fi hiyyummaa barattoonni keessa darbanii dhufan dhaabbata barnootaa ol'aanaa keessatti haala uffataafi qaama isaaniin ilaaluun adda baasuun kan danda'amu ta'uu mul'isa.

#### **4.4.2. Qabiyyee Lafairraa Buqqisuu**

Ummanni Oromoo biyya kana keessatti erga bulchiinsa sirna gadaatiin of bulchuun hafee sirna bulchiinsa halagaa jalatti kuufee kaasee dhiibbaafi miidhaa gama hawaasaa, siyaasaa,

bulchiinsaafi dinagdeetiin irra gahaa tureera (Asafaa, 2015, f.3). Haalli kunis hojii ogbarruu kana keessatti yoo ibsamu:

‘Lafa warri keenya irratti hafan, lafa handhuura irratti buufanne—lafa irraa nyaannee, irraa dhugnee, irra taphannee guddanne ormaaf laadhee hin taa’u’jedhee utuu ciniinnatee falmuu, Biilaadhaa hanga Finfinneetti magaalaa Daanyaan buufate cufatti utuu marmaaruu, dhuma irratti harka duwwaa hafe. Lafti isaa *nafxanyaa ciqaa-shuumii*, Birasaaw Mollaaf raggaasisame (Dhaabaa 2020, f.18).

Akkaataa yaada kanatti sirna bulchiinsa mootii Haayileesillaasee keessatti abbaan Abdiisaa akkuma ummanni Oromoo lafa qabiyyee isaa irraa abbootii lafaatiin buqqa’ee haqa isaas lafa isaas dhabee rakkoo hawaasummaafi dinagdeef saaxilamee jiruufi jireenya gadadoo keessa dabarsuun jiraachaa ture maatii isaas muddachuu mul’isa. Akkaataa yaada barreessaa kanatti sirna Mootii Haayilesilaasee kana keessa lafti kan abbaa lafaa akka ta’ee fi qonnaan bulaan immoo lafa kana irratti oomishee harka tokko sadeffaa oomisha abbaa lafaaf qooduun fi gibira mootummaa kaffalaa akka qabiyyee lafa isaatti irra jiraataa tureera. Kanaaf, abbaan lafaa, qonnaan bultoota daangaa lafa isaa keessa jiraatan irraa mirga gibira sassaabuu irratti dabalee, aangoo murteessuufi bulchuu qaba. Sirni biyyichaa qonnaan bultoota Oromoo caalaa kanneen sirnicha tumsaniif looga waan ta’eef, falmii seeraanis haqni isaa mana murtii sirnichaatiinis dhokateera. Dhimma kana ilaalchisee, akka yaadxina faayidalessummaatti Hammond (2010) yoo ibsu, gaheen caaseeffama hawaasummaa adda addaa (amantaa, siyaasaa, dinagdee, maatii, kkf) walqixummaa hawaasaa ittifufiinsa isaa mirkaneessuuf akka ta’eefi tokkoon tokkoo isaa yoo gahee isaa yoo gahee isaa hin taphane madaallii walqixummaa hawaasaa hanqisa.

#### **4.5. Dhiibbaa kan Mul’isan**

Umanni Oromoo erga sirna halagaa jalatti cabee buluu eegalee jalqabee gaggeessitoota sirnichaatiin dhiibbaan adda addaaf saaxilamee jiraachaa turaniiru. Dhiibbaaleen ummata Oromoo irratti sirnoota darbaniin gahaa tures gama hawaasummaa, siyaasaa, dinagdee, aadaa, afaanii fi eenyummaa isaatiin akka ta’e ragaaleen qorannoo ni mirkaneessu (Asafaa, 2015, f.3). Haaluma kanaan, hojii ogbarruu kana keessatti barreessan dhiibbaa gama adda addaatiin hawaasa keessa jiru kaasee mul’iseera. Hojii ogbarruu kana keessatti xiinxalli gama hawaasummaa, siyaasaa, fi dinagdeetiin boqonnaa kanaa olii keessatti gaggeeffameen



dhiibbaalee mul’atan agarsiisuu yaallameera. Haata’uu malee dhimmoonni kanneen eeramanii ala hojii ogbarruu kana keessatti argaman kanaa gadiitti xiinxalamanii dhiyaataniiru.

#### **4.5.1. Dhiibbaa Korniyaa**

Addunyaa kana irratti dubartoota hawaasa keessa jirataan keessatti dubartummaa isaaniin karaa adda addaa dhiibbaan saalaa isaan irratti gaggeeffamaa turuu isaa seenaa keessatti qabsoo dubartoonni taasisan ragaadha. Hojii ogbarruu kana keessatti Kuulaniin dhiibbaa dubartumaa isheetiin rakkoo ishee irra gahee naannoo gad-lakkistee baduu ishee barreessaan kun yoo ibsu:

Obboleetiin koo Kuulaniin halkanuma gaaf sanaa, uffata ishee fi qaama ishee dhiigaan laaqameen manaa ba’uu ishee malee achi buuteen ishee otuu hin beekamiin hafte. Haati koo fi firoonni abbaa koo gama gama isaaniin iyyaafatanii, iyyaafachiisanii qoratanii dadhaban-‘Kuulanii achitti arge’ yookaan ‘waa’ee ishee achii dhaga’e’ kan jedhu, nama tokkollee hin argamne (Dhaabaa 2020, f.22).

Yaada kun kan nu hubachisuu, taateen ishee irratti raawwate safuu hawaasa keessatti dhalatee guddate keessatti kabaja waan isheef hin kennineef, gara naannoo ishee hin beeknetti bade jiraachuu filachuu ishee agarsiisa. Rakkina Maannaaloon ishee irratti qaqqabsise gocha hamilee ishee xuquufi gocha safuu hawaasa cabse waan ta’eef faana balleeffachuu ishee mul’isa. Kuulaniin waan faana balleeffateef, haati isheefi firoonni abbaa ishee xiyyeeffannaa itti kennuudhaan yoo barbaadaniis, bira gahuu dadhabuu isaaniis agarsiisa.

#### **4.5.2. Dhiibbaa Xiinsammuu**

Haati Abdiisaa jiruufi jireenya ishee keessatti waan ishee mudate hunda dandeessee jiraataa jiraachuu ishee hojii isaa keessatti barreessan yoo agarsiisu:

Haati koo ijawwan namootaa eeboo tuffii fi jibbaa itti darbatanii waraanan obsitee-afaanneen namootaa qeeqa, arrabsoo fi yakka irra tuulaa oolan dandeessee, morma gad-cabsattee, qalbii cabeen-hamilee daakameen jiraachuu itti fufte (Dhaabaa 2020, f, 22).

Yaada kanaan, haati Abdiisaa du’a abbaa manaa ishee hordoftee osoo ijjoolllee qabattee gorsaa firoota isheefi kan abbaa manaa ishee dhaggeessee jiraachuu dhiistee safuu cabsuun miidhaa hawaasa keessa jiraatu irra, maatii fi ofii ishee irra geessisteeff mataa ishee gad-cabsitee

hamileefi qalbii cabeen jireenya gaggeessaa jiraachuu ishee agarsiisa. Kana malees, gochi Maannaaloon isheefi intala ishee irratti raawwate ilaalchi hawaasni naannoo haadha ijoollee sanaaf qabu gad-aantummaan akka jiraatu taasiseera.

Dabalataanis, nama eenyummaan isaa hin beekanne, hawaasa sana keessatti fudhatamummaa hin qabnee fi gara-jabeessa akka bineensaa ta'etti heerumuun ishee, isheerra darbee yakka intala ishee irratti dalagame akka raawwatamu kan goote ishee akka taatetti ilaaluun hawaasni naannooshee tuffii fi qeeqa qaban mul'isuu isaanii agarsiisa.

Abdiisaan muddama jireenyaafi xiinsamuu keessa galuu isaa hojii kana keessatti yoo ifu:

. . . Eenyyuttan dhibee koo baasee himadha? Eenyyut' yeroo naaf kennee na dhaggeeffata? . . . Eenyyut' dhukkubbii koo hubata? . . . Eenyyut' mala naaf dhawa? . . . Eenyyut' iddoo boqonnaa naaf taha? . . . barbaadeen dhabe. Kan madaa ofii ilaalu malee kan madaa koo argu barbaadeen dhabe. . . . Namni yoom madaa isa kaanii arguuf ija banata laata? . . . (Dhaabaa 2020, f. 117)

Akka yaada kanaatti, Abdiisaan bakka deeme hundatti waanti isa mudatu, haalli jiruu fi jireenya isaa, bu'aa ba'iin fi dhiibbaan jireenyaa inni keessa darbee as ga'ee fi amma keessa jiru kan isa gammachiisu keessaa dhabuu agarsiisa. Dabalataanis, bakka deemu hundatti rakkoon kan isa qunnamuu fi osoo inni tokko furmaata hin argatiin kan biraan itti dabalammuu, akkasumas rakkoo isaa kana namni hubatuufis ta'e, yaadaan isa gargaaru dhabammuu irraa kan ka'e baay'ee itti ulfaachaa fi itti cimaa kan dhufe ta'uu agarsiisa.

## **4.6. Diddaa Mul'atan**

Ummanni Oromoo miidhaafi dhiibbaa, hakuuccaafi cunqursaa sirnoota darbaniin irra gahaa ture tole jedhee fudhate hin beeku. Diddaa isa kanas bifa adda addaatiin mul'isaa tureera. Kanneen keessa ogbarruu isaatti dhimma bahuun ergaa waliif dabarsa.

### **4.6.1. Diddaa Sirnaa**

Gartuu qabeenyaa fi aangoo irratti walfalmu gidduutti waldiddaan uumamuun isaa hin oolu. Dhimma kana ilaalchisee barreessan ogbarruu kanaa yoo addeessu:

Booda keessa lafa seeran dhorkame sana humnaan fudhachuuf itti seene. Dhaqee mana citaa irratti ijaare-abbaan koo. Oduun isaa battaluma *ciqaa-shuumicha*, Birasaaw Mollaa

bira gahe. Yeroo Birasaaw nacci-*labaashota* lama fudhatee, abbaa koo qabsiisuuf itti qajeelu, inni immoo karaatti riphee eeggatee eeboo itti gad-lakkise. Eeboon abbaa koo sarbaa Birasaaw keessa darbee lafa waraane. *Nacci-labaashonni* lameen lubbuu baafachuuf of irra deebi'anii baqatan (Dhaabaa 2020, ff.18-19).

Gochi sirni abbaa lafaa abbaa Abdiisaa irratti raawwate waan obsa isaa fixaachiiseef tarkanfii inni yeroo sanatti fudhachuu qabuufi danda'u ta'uu isaa agarsiisa. Abbaan Abdiisaa qabiyyee lafa isaa maatii isaa irraa dhalman argate seera abbaa lafaaf looguun irra fudhatame deebifachuuf humnaan itti deemuu isaa agarsiisa. Ergaan ogbarruu kun kan hubachiisuu ummanni Oromoo erga sirna bulchiinsa halagaa jalatti kuufe kaasee yeroo inni falmii hin taasisiin ture akka hin jirre mul'isa. Yaadni kuni yaadxina waldiddaa waliin kan deemudha (Asafaa, 2004). Abbootiin aangoo yeroo sanaa aangoo qabaniifi seera abbootii aangoo yeroo sanaaf looguutti dhimma bahuun qonnaan bultoota Oromoo qabiyyee lafa isaanii irraa buqqisuun hiyyumma keessa akka jiraatan taasisuu isaanii mul'isa.

Booda garuu, xurumbaa afuufanii, magaalaafi baadiyyaa birmachiisanii itti dacha'an. . . .  
. abbaa koo hidhanii-xagaranii fiduuf *nacci-labaashota* hordofanii gara lafa warra isaa durii-bakka inni mana itti ijaarratetti qajeelan. Yeroo achi ga'an garuu, seenaan xumuramee isaan eege. Abbaan koo mana haaraa ofii ijaarrate keessatti of rarraasee argame. (Dhaabaa 2020, f.19).

Ergaa kanaa olirraa hubachuun kan danda'amu, abbaan Abdiisaa qabiyyee lafa akaakkilee isaa irra jiraataa ture daban dhabe maatii isaa waliin jireenya hiyyummaa keessa jiraachuu irra tarkanfii diina isaa fi mataa isaa irratti fudhachuu dirqamuu isaa agarsiisa. Akka ergaa ogbarruu kanatti ummanni Oromoo qabeenya isaa halagaatiin jalaa samamaa ture tole jedhee dabarsee kennaa akka hin tureef, falmii hanga wareegamatti kaffalaa turuu isaa mul'isa. Ummanni Oromoo sirna bulchiinsa biyya kanaatiin loogii irratti gaggeeffamaa ture irraa kan ka'e qabeenya isaa, haqa isaafi lubbuu isaa itti dhabaa turuu isaa mul'isa.

Ogbarruu kana keessatti dhiibbaa sirni Dargii ummata Oromoo irratti qaqqabsisaa ture dura dhaabachuun falmaachuun murteessaa ta'uu yaada Henook Galataatiin Abdiisaaf dhiheesse ilaalchisee barreessan yoo ibsu akkas jedha:

“Mee waa’een eenyummaa kee hammam sitti dhagahama?”naan jedhe.

“Oromoo ta’uu keetiif, kaanii gaditti ilaalamuun, tuffatamuun, dhiibamuun, miidhamuun kee hammam sitti dhagahame?, jechuu koo ti,”

“Garuu, gabroomfannaa xumura dhabe kana of irraa dhaabsisuuf hammam akka ati muratte hin beeku. “naan jedhe.

“Gatii inni si baasisu yoo beekte, gaticha baasuuf hammam akka ati qophoofte beekuu barbaadeeni. . . .”

“Bosona seentee, qawwee hidhattee sirna saba kee gabroomfate kana loluuf, lubbuu kee kennitee bilisumaa saba kee fiduuf hammam qophaa’aa dha?”

“Maaliif na gaafate? . . . Ati ofii kee hammam qophaa’aa?”

“ . . . Ani qophaa’eera. har’aa booda, mooraa kana keessatti na hin argitu, “naan jedhe-  
Henook (Dhaabaa 2020, ff.191-193).

Ergaa waraabbii kanaa olii dabarsu, barattoonni sirna sana keessa barnoota isaanii dhaabbata barnoota ol’aanaa keessatti hordoofaa turan dhiibbaan eenyummaa isaaniin isaan irra gahaa turuu isaa mul’isa. Haaluma walfakkaatuun, miidhaafi dhiibbaa sirni darbe eenyummaa ummata Oromoo irratti qaqqabsisaa ture dhaloonni hubatanii eenyummaa ofii kabachisuuf murtoofi qabsoo hidhannoo akka barbaachisu hubachisa. Eenyummaa kee kabachistee bilisummaan jiraachuuf gatii bilisummaan barbaadu kaffaluuf qophaa’inaafi murtoo akka barbaadu hubachisa. Barattoonni Yuunivarsiitii Haramaayaa barataa turan yeroo sana keessa falmii bilisummaa saba isaaniif wareegama kaffaluuf wal kakkaasuun bosona seenuun qabsa’aa akka turan seenessa.

Asoosichi hojii isaa keessatti sadarkaa barnoota ol’aanaa keessatti osoo hin hafin haqa ummata Oromoo kabachisuuf qabsaa’oonni kutannoo isaan qaban yoo seenessu akkas jedha:

Murtoo Henook madaala . . . haqa saba isaa . . . barnoota isaa addaan -kutee. . . jireenya isaa dhiisee falmaa kanatti galuu isaa-haqa saba isaa deebisuuf lubbuu isaa kennuuf bobba’uu isaan yaada . . . isattan of safara . . . (Dhaabaa 2020, f.380)

Ergaa barreessaa kan irraa hubachuun kan danda’amu, sirnoota darban keessatti miidhaafi dhiibbaa ummata Oromoo irratti gahaa ture dura dhabbachuuf jireenyaa fi barnoota isaanii adda kutuun bilisummaa saba isaaniif wareegama lubbuu kaffaluuf qabsoo hidhannoo ABO (Adda

Bilisummaa Oromoo) dursamuutti makamuu isaanii seenessa. Dabalatanis, qabsaa'oonni kan haqa saba isaaniif jecha tarkanffii isaan fudhatan fakkeenya dhaloota falmataa ta'uu isaanii agarsiisa.

Barattoonni Yuuniversitii sirnoota darbaan keessa cunqursaafi hakuuccaa saba isaanii irra gahaa ture falmaa taasisuuf dirree qabsotti deemuu isaanii yoo seenesu:

Sirna gabroomfataa eenyummaa uummata Oromoo dhabamsiisuuf deemu dura dhaabbachuuf hiree argachuu isaatti akka gammachuu guddaa qabu eega naaf ibse booda, oduu ani hin eegiin tokkotti ce'e, Henook Galataa.

'Shaafii Abbaa Luleessaa fi barattoonni Yunivarsitii ka biroon hagi tokko qabsootti dabalamanii jiru. Shaafiin leenjii xumuratee amma na waliin jira.' jedha (Dhaabaa 2020, ff.531-532).

Akka yaada kanaa oliitti, Barattoonni yuuniversitii sirna sana keessa falmii bilisummaa saba isaaniif dirree qabsootti bahan kanneen mooraa yuuniversitii jiran waliin iccitiin ergaa qabsoo waliif dabarsuun qabsoof walka'kkasaa turuu isaanii mul'isa. Dabalatanis, kaayyoo fi fedhii dhuunfaa ofiirra kan saba ofii caaluu akka qabu nu hubachiisa. Innis qabsaa'oonni mootummaa abbaa hirree fi gabroomfataa ta'e falmuuf, qabsootti jiran beektotaa fi barattoota sadarkaa Yuuniversitiidhaa ba'an illee kan hamate ta'uu isaanii mul'isa. Akkasumas roorroo saba isaanii irraa qolachuuf, cunqursaa hawaasa isaanii irraa kaasuuf, bilisummaa uummata isaaniif argamsiisuuf carraa qabsoo diddaa itti gaggeessan kana argachuu isaaniif itti gammadoo ta'uu isaanii fi wareegama lubbuu ofiis kaffaluuf murannoo cimaa kan qaban ta'uu isaanii mul'isa. Dabalataanis, namni sadarkaama irra jiruu fi bakkuma jirutti waan gochuu danda'uu fi waan isarraa eegamu saba isaaf gochuu akka qabu nu hubachiisa.

Falmiin sirna cunqursaa irratti taasifamu itti fufee ummata bal'aa dukkana keessaa baasuuf akka taasifamuu qabu hojii ogbarruu kana keessatti barreessaan yoo ibsu:

Gaaris ta'e hamaa waan darbe jijjiiruun hin danda'amu. Dudduubbatti deebitee waan ta'ee darbe jijjiirtee akka hin ta'iin gochuu hin dandeessu. Har'a irraa kaatee waan haaraa gochuu garuu ni dandeessa – waan gaarii. Lammataa immoo, waa'ee jireenya dhuunfaa keef baay'ee of hin dhaphisiin. Bu'aan isaa baay'ee xiqqoodha. Jireenya nama kaanii jijjiiruuf, warra kufe ol kaasuuf, warra itti dukkanaa'eef ibsuuf carraaqi. Gaafas, jireenyi kee ni jijjiirama . . . (Dhaabaa 2020, f. 532).

Yaada barreessaan kun hojii ogbarruu isaa kana keessatti ergaa inni hawaasaaf dabarsuu seenaa raawwatee darbe irraa barumsaa fi muuxannoo fudhachuun gara fuul-duraa yaaduufi hojjechuun malee ofduuba deebi'uun akka hin barbaachifne hubachiisa. Dabalatanis, seenaa raawwatee darbe tokko yoo gaarii ta'e muuxannoo irraa fudhachuuf yoo hamaa ta'e immoo gochi kana fakkaatu akka deebi'ee hin raawwane ummanni akka irraa baratu gochuuf bu'aa qabachuu isaa agarsiisa. Gama biraatinis, dhaloonni haaraa seenaa badaa raawwatee darbe ballaaleefataa jiraachuu irra seenaa gaarii ta'e har'a hojjachuu akka danda'an hubachiisa. Jireenya dhimma dhuunfaa keenyaa irratti xiyyeeffachuu dhiifnee jijjiirama hunda-galeessa ta'eefi kan ummata hunda tokkummaan hirmachise akka dhufu tattaaffii taasisuu murteessaa ta'uu isaa gorsa dabarsa. Sababni isaas, jijjiiramni akka dhuunfatti dhufu yoo ummanni bal'aa jijjiirame malee akka itti fufiinsa hin qabne hubachiisa. Ergaan asoosichaa yaadixna faayidaalessummaa hawaasaa waliin kan wal deeggerrudha (Hammond, 2010, f.21).

#### **4.6.2. Diddaa Namfakkiin Mumme Sammuu Isaa Waliin Taasisu**

Abdiisaa Soolan hojii ogbarruu kana keessatti namfakkiin ijoo, goodatan seenaafi seenessan seenaa taatee hojii kana keessatti argamani waan ta'eef balinaan falmii sammuu isaa waliin yookaan diddaa sammuu isaa waliin taasisuun mul'iseera. Hojii ogbarruu kana keessatti falmii Abdiisaan falmii sammuu isaa waliin taasisu barreessan yoo ibsu:

Dhuguma boqonnaa dhabdee?. . .Maaliif kijibda?' naan jedhe – sagaleen natti hasaasu – inni ani 'sagalee sammuu koo' jedhu sun.. . .inumaa amma boqonnaa argattee malee.. . , ba'aa ati baachuu sodaattee baqatte ofii baadhattee si irraa deemte mitii?. . .ba'aa jaalalaa sitti ulfaate sana – itti gaafatama isa hidhaa sitti fakkaate – isa dararaa sitti ta'e sana mara si irraa fuutee – hunda ofitti fudhattee kutte mitii?. . .bilisa si goote mitii . . .bilisummaa siif kenniteem .. maaliif dhiphuu sobaa dhiphatta?! . . . . (Dhaabaa 2020, ff. 288 - 289).

Akka yaada kanatti ergaa inni hawaasaaf dabarsuu barbaade, waanti tokko sirrii ta'uu fi dhiisuu wal-falmii keessoo namaatti uumamu irraa baruun kan danda'amu yoo ta'es, waanti ba'aa ulfaataa namatti fakkaatu tokko deebi'ee akka furmaata gaarii ta'etti nutti mul'achuu danda'a. Hojii namni tokko hojjete gaaris ta'e yaraa kan namni biraa ragaa itti bahu caalaa kan yaadni sammuu isaa keessoo isaatii itti himu yeroo hunda boqonnaa kan isaaf hin kennine ta'uu agarsiisa. Dogoggora raawwatamu tokkoof itti-gaafatamummaa fudhachuu fi fudhachuu dhabuu

keessatti sammuu ilma namaa kan dhugaaf falmuu fi kan fakkeessuuf falmu namuma keessa jiraachuu isaa, wal-falmii sammuu gidduutti uumamu kana keessatti immoo dhugaan isa kam akka ta'e amananii fudhachuuf illee sadarkaa nama rakkisu irra akka nama gahuu danda'uu fi muddama hamaaf kan nama saaxilu ta'uu isaa hubanna. Haaluma kanaan, inni nama dogoggoorsuuf falmu sababoota nama gowwoomsan, nama sossoban, nama shakkisiisanii fi of-nama jaallachiisan yoo tarreessaa oole illee, gar-tokkeen sammuu inni dhugaaf falmu, dhugaaf jiraatu, dhugaa bilisoomsuuf tattaafatuu fi osooma hadhaa'uu dhugaa nama fudhachiisu jiraachuu fi kan mo'atu ta'uu isaa hubachiisa.

Gocha Abdiisaan Taliilee irratti raawwate barataan beeku tokko mana dhugaattii keessatti isaa loluuufi sabummaan isaa xiqqeessuun arrabsuu isaa obsaan bira darbuu isaa yeroo sammuu isaa waliin falmii gaggeessuu barreessan akkas jedha:

Kaayyoon ittiin manicha dhugaatiitti deebi'e guuttachuu hanqadheyyuu, achitti mul'adhee akkan sodaadhee hin baqatiin agarsiisee deebi'uu kootti hanga tokko keessi koo gabii argate . . . 'Silaa achitti isa argite ta'ee ni ajjeesta yookaan isatu si ajjeessa.. . . 'Mee dura yoo isa ajjeeste ta'e maal akka si mudatu yaadi! naan jedhe – sagalichi sammuu koo inni na gabroomfachuu barbaadu. Nan abboomameef. Nan yaade. Yoon nama ajjeesse akkan mana hidhaatti darbatamu beekamaadha . . . 'Ehee, dhugaa dha. Gidiraa kanarra hidhamuu naaf wayya. Tokkoffaa, eeboo arraba namaatiin waraanamaa – eenyummaa koof tuffatamaa, muka kolfaa ta'ee, jireenya hibboo – hibboo jireenyaa jiraachuu hin fedhu.' . . . (Dhaabaa 2020, ff. 299 - 300).

Akka yaada kanaatti ergaa inni hawaasaaf dabarsuu akkuma miirri nama jagnoomsuu fi nama onnachiisu keessoo namaa jiru, miirri gad-aantummaa kee, tuffatamuu kee, gabroomtee jiraachuu kee amantee fudhachuu kee akka siif wayyu namatti hasaasuu sammuu namaa keessa kan jiru ta'uu isaa nu hubachiisa. Ta'us yeroo muddama akkanaa keessatti daandii sirrii fi faayidaa qabeessa ta'e filachuuf haala abshaalummaa ta'een deemuun barbaachisaa ta'usaa nu hubachiisa. Dabalataanis, yeroo tokko tokko waantonni osoo namni hin barbaadiin yokiin hin jaallatiin miira namaa kakaasanii, yakka ta'uu isaa utuma beekanii akka namni dalagu nama dirqisiisan jiraachuu isaas nu hubachiisa. Kunis, namni saboonaa Oromoo ta'e tokko sabummaa ofiitiin, eenyummaa ofiitiin, namummaa ofiitiin tuqamuun, tuffatamuun, arrabsamuun, itti

baacamuun, itti kolfamuu fi ija gad-aantummaatiin ilaalamuun jiraachuu irra wareegama yeroon barbaadu kaffaluun akka filatamu nu hubachiisa.

Gaaffii jaallalaa Abdiisaan Wayinisheetiif dhiheesse ture diduu isheef miidhaa irra gaheef waldiddaa sammuu isaa waliin taasisuu barreessan yoo ibsu:

Wayinisheet ... mucayyoo bara darbe qalbii na hattee, hirriba na dhorkite sana – mucayyoo bareedduu dhaabiitti na raatessite sana . . . mucayyoo na tuffatte sana . . . I'ih . . . miti . . . miti . . . miti . . . na hin tuffanne . . . ni didde malee . . . mucayyoo na diddee, dirree keessa na dhaabdee deemte sana, ishee jireenya na jibbisiistee turte sanatuu har'a fuul-dura koo taa'ee jira. . . . dhugaa moo abjuu dha kun? . . . moo wal-makaa dhugaa fi abjuu ti? . . . (Dhaabaa 2020, f. 327).

Akka yaada barreeffama kanaatti ergaa inni hawaasaf dabarsuu barbaade, fedhii fi yaadni ilma namaa yeroodhaa gara yerootti jijjiiramaa ta'uu isaa, yeroo tokko fedhii godhatu inni tokkommoo fedhii dhabuu isaa, yeroo inni tokko jaallatu inni tokkommoo jaallachuu dhabuu, yeroo inni tokko barbaadu inni tokkommoo baqachuu. Walumaagalatti, akkuma yeroo tokko bishaantu irraa, yeroo tokko dhagatuu irraa jedhamu, yeroo tokko barbaaduun yeroo tokko immoo barbaadamaa ta'uun, yeroo tokko jaallatamaa ta'uun yeroo tokko jibbamaa ta'uun amala ilma namaa ta'uu nu hubachiisa. Dimshaashumatti. fedhiin ilma namaa haalaa fi yeroo irratti hundaa'uun kan jijjiiramu ta'uu isaa nu hubachiisa. Abdiisaan barataa waggaa tokkooffaa ta'ee gaaffii jaalalaa Wayinisheetiif dhiheesse ture yeroo sanatti deebii dhabuu isaa fi yeroo amma isheen gadda keessa jirtu kanatti karaa waan walitti isaan fideef jennaan yeroo ishee jajjabessa jirutti isa darbe yaadachuun diddaa sammuu isaa waliin taasisaa jiraachuu agarsiisa. Falmii inni sammuu isaa waliin taasisaa jiru kunis yeroo sanatti akka isheen isa tuffatte fi didetti yoo ibsu gama biraan immoo akka isa didde malee hin tuffane kan mul'isudha.

Hojii ogbarruu tokko keessatti waldiddaa akka uumamu beekamadha. Haaluma kanaan, hojii ogbarruu kana keessatti barreessan waldiddaa Abdiisaan gocha hojii isaaf sammuu isaa kan ceepha'u yoo ibsu:

Bara itti aanu, barattoonni waa'ee Taliileetti na qabsiisanii odeessuu waan dagataa deeman fakkaata. Suuta suutaan yaad-qalbii isaanii keessaa haqamaa deemuu isheetuu natti dhaga'ame. Ani garuu, madaa fayyuu dide baadheen deema. Waa'een ishee akka



eelaa dhukkubaa tahe – keessa kootti. Utuu hin se'iin natti ka'a. . . . Yaadachuu dhiisuun yaala, garuu dhiisuu hin danda'u (Dhaabaa 2020, f. 411).

Yaada kanaa oli irraa waanti hubatamu, rakkoo Abdiisaan irraan ga'e irraa ka'uun Taliileen barnoota ishee addaan kuttee du'uu fi jirachuun ishee erga wallaalamee waggoota lakkoofsisuun barattoota biratti yoo dagatamaa deemtellee, isa biratti garuu gaafannoo sammuu ta'ee itti fufuu isaa mul'isa. Haata'u malee, Abdiisaa biratti garuu dhimmi Taliilee akka boqonnaa sammuu isaaf hin kennine fi yeroo hunda yaadni isaa waa'ee isheetiin qabamee muddama keessa jiraachuu isaa agarsiisa. Kanaaf yeroo hunda yaada isaatiin dhimma ishee kaasee akka inni of-cepha'uu fi of-abaaru mul'isa.

Gaafa xumura barnoota isaa sirna Ayyaana Eebbaa irratti miira Abdiisaatti dhaga'amee barreessan hojii isaa keessatti yoo addeessuu:

'Guyyaan kun anaaf guyyaa eebbaa ti moo guyyaa abaarsaati?' jedheen of gaafadhe. . . . Barnoota koo xumuradhee, gargaarsa namaa irraa walaba ta'uutti dhihaachuun koo haga tokko na gammachiiseyyuu, tasgabbii argachuu hin dandeenye. . . . fuula Taliilee tuu deddeebi'ee natti dhufa. . . . ijawwan ishee imimmaan keessaa burqu, adda ishee dhiigni keessaa lola'un arga. . . . abbaa ishee gaddaan cabee ijawwan koo keessa ilaalu – jaarsa afaanii fi funyaan qabatee hirqinfatee boo'utuu fuul-dura koo dhaabbata! . . . Gaawoniin gurraachi ani sirna eebbaatiif uffadhe uccuu gaddaa fakkaatee natti dhaga'ama. Barattoonni hedduun firoota sirna eebbaa kana irratti argamuuf dhufan simataa jiru (Dhaabaa 2020, f. 416).

Akkaataa yaada barreessaa kanatti, Abdiisaan gama tokkoon Taliileerra rakkoo sababa isaatiin isheerra gaheen barnoota ishee addaa kuttee hawwii maatii ishee milkeessuu dadhabuun kan isatti dhaga'amu ta'uu mul'isa. Gama biraatiin immoo, abbaan Taliilee miira gaddaa isaa ittiin ibsate sammuu Abdiisaatti dhufuun guyyaa eebbaa isaa kana miira gaddaatiin akka dabarsu isa taasisuu mul'isa. Gama biraatiin immoo, maatiin isaa hiyyeessa ta'uu irraa kan ka'e, guyyaa eebba isaa argamuu dhabuu fi waantota eebbaaf isa barbaachisu guuttachuu dhabuun isaa akka itti dhaga'amu kan isa taasissee fi qofummaan akka itti dhaga'amu kan isa godhe ta'uu namatti

ibsa. Haata’u malee, garuu barnoota isaa xumuree gargaarsa firaa irra bilisa ta’uu isaatti gammachuu qabachuu isaa mul’isa.

Hojii kana keessatti barreessan kan ibsuu barbaade namoota eenyummaa isaanii isa dhugaa dhoksanii fakkeessanii of mul’isuu barbaadaniif yoo ergaa isaa dabarsu akkas jedha:

. . . “Miidhaginni, qabeenyaan, konkolaataan miidhagina keessa namaa waan agarsiisan natti hin fakkaatu. . . . Inumaa, awwaala natti fakkaatu. Siidaan awwaalaa ennaa alaa ilaalan ni miidhaga . . . Keessi isaa reeffa tortoraa dha. Eenyummaan namaas akkasuma. Inni dhugaan isa keessa isaati. Isa onnee isaa keessa jiru, isa sammuu isaa keessa deddeebi’u. Inni irra keessaa golgaa dha, golgaa miidhagaa. Namni baay’een wanneen akkanaa of golgee miidhagaa of fakkeessuuf tattaafata. Keessi isaa garuu, wanna biraadha . . . waan akka reeffa tortoraa sana ta’uu mala.” (Dhaabaa 2020, f. 498).

Akka yaada kanaa olitti eenyummaan namaa inni dhugaa fi sirriin isa keessoo isaa jiru, isa onnee fi sammuu isaatiin walitti hidhamee jirudha malee, inni bakkee kanaa mul’atu, maalummaa nama tokkoo calaqqisiisuuf ga’aa akka hin taanedha. Kunis, ilaalchaa sammuu isaa keessaa fi dhugaa onnee isaa keessa jirutuu eenyummaa isaa fi maalummaa isaa mul’isa malee, gocha fakkeessaa inni hojjetuu fi jechoota afaan mi’eeffatee inni haasa’u akka hin taane nuuf akeeka. Dabalataanis, qabeenyaan duroomuun, aangoo qabaachuu fi hojiidhaan guddatanii fagaachuun madaala eenyummaa namaa dabaluu yookaan ol kaasuu akka hin dandeenye nutti agarsiisa.

Jiruufi jireenya isaa keessatti ilmi namaa gochaalee sammuu isaa itti hin ammaniin yoo raawwate sammuu isaa waliin walfalmii taasisuu isaa yoo addeessu

“ . . . Garuu, waan akkasii ta’ee beekaa? . . . Namni abbaa-murtii irratti of himatee – yakkamaa ta’uu isaa falmatee murtii argatee beeku jiraa? . . . Ani hin beeku . . . Yakkamaa ta’uu koo abbaa murtii amansiisuun qaba. . . . Yoon falmee injifadhe akka yakkamaa nama ajjeesseetti natti murama. Nan hidhama. Yeroon hidhaakoo xumuradhee ba’u dhiphuun koo na dhiisee deema. . . . ba’aan koo na irraa bu’aa,” n jedhe (Dhaabaa 2020, f. 501).

Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti, ilmi namaa addunyaa kana irratti dhugaa sammuu isaa keessa jiru tokko ifa baasee, of himatee, of yakkee, ofitti falmee, of adabsiisee kan hin beekne yoo ta’es, waan sammuu isaa isa yakku, isa ceepha’u, isatti falmuu fi isatti

murteessu jalaa yoomiyyu bahuu fi dhokachuu kan hin dandeenye ta'uu hubachiisa. Kana malees, sammuun namaa boqochuu fi aara-galfachuu kan danda'u, yakkaa fi badii namni hin beeknee fi sammuun isaa qofti beeku tokkoof murtoo madaalawaa jedhame tokko yoo fudhateen ala itti gaafatamummaa namaa jalaa yoo dhokates, itti gaafatama sammuu isaa jalaa yoomiyyu bahuu akka hin dandeenye mul'isa.

#### **4.7. Godaannisa**

Hojii asoosama kanaan, haala ittiin Taliileen lubbuun jiraatee lakkoofsa bilbila waajjiraa Abdiisaan keessa hojjetu irratti erga bilbiltee booda qaaman achitti argamuun walarguu isaanii kan agarsiisu:

“Maali na hin dubbistuu?” jette- dhuftee fuula-dura koo dhaabattee.

Minjaala naannooftee gara koo dhuftee, gad jettee maddii koo mirgaa dhungatte.”

“Na hin dhungattuu?”- ‘Harka ishee gatiittii koo irra dabarsitee morma koo hammattee dubbatte.’Fuulli ishee adda kootti hirkate ho'uu irra darbee akka sibiila diimatee guba. Imimmaan ishee fuula kootti gadi-cobe.’. . . Ani bakkan adoodee taa'ee hin sochoone.

“Maali inni maal taate?Na wallaalte moo, Abdii? Ana, Taliileedhaam!” jette – imimmaaniin hudhamaa . . . Garuu, dhugaa ishee ta'uu fudhachuun dadhabe. Waanan abjuun ilaalaa jiru natti fakkaatte - . . . (Dhaabaa 2020, ff.532-533).

Ergaa yaada kana olirraa hubachuun kan danda'amu, Abdiisaan erga Taliilee waliin haala rakkisa keessatti addaan bahan akka isheen lubbuun jirtutti yaada waan hin tureef, yeroo jalqabaaf haala kanaan osoo hin se'in walarguu isaaf taateewwan darban gara sammuu isatti waan dhufaniif miira keessa galeef gaaffii isheef deebii kennuu dadhabuu isaa mul'isa. Yaada kanaan Abdiisaan osoo hin yaadiin ishee arguun isaafi haali isheen isati dhiyaate miira isaa waan xuqeeff rifatuu keessa galuu isaa mul'isa. Taliileen lubbuun jiraatee argu danda'a jedhee yaade waan hin beekneef ishee arguun isaa abjuu itti ta'uu mul'isa.

Hojii ogbarruu kana keessatti rakkina Taliileen keessatti kufte Abdiisaan akka rakkoo isaatti fudhachuu diduun isaatiin miidhaa ishee irra gahe barreessan yoo seenessu:

“Kanallee irraanfattaa?” naan jette – quba isheen adda ishee tuqxee.

Mallattoo madaa hodhamee fayyee ti – Godaannisa madaa . . . nan yaadadhe . . .  
Godaannisa otuu hin taane dhiiga ho’aa adda ishee keessaa burqee fuula ishee gad  
lola’un arge. Sagalee ishee tuu qilee sammuu koo keessaa natti dhaga’ame. . . . Abdii!  
. . . Abdii! . . . Abdii! . . . Abdii! . . .

“Yaadannoo kee ta’ee na irratti hafe kaa kunoo. Yeroo hundumaa yeroon daawwitii  
keessatti fuula koo ilaalu kana tu dura natti mul’ata. Fuula kee natti mul’isa,” jette  
Taliileen (Dhaabaa 2020, ff.532-533).

Akka yaada kanaatti waanti hin ta’a jedhanii hin yaadne tokko yeroo inni nama mudatu,  
gammachiin isaa of nama wallaalchisuun kan nama adoochuu fi nama joonjessu ta’uu isaa nutti  
mul’isa. Kana malees, madaa fi laalaa miidhama sirna darbee yoo ammaa bakkeen isaa  
fayyellee, akkuma mallattoon isaa bakkeetii mul’atu miidhaan isaa keessoo namaatii baduu akka  
hin dandeenye agarsiisa. Miidhaan sirna darbee yoo ammam yeroon isaa fagaatellee, akka waan  
amma ta’aa jirtuutti dhukkubbiin isaa sammuutti dhaga’amaa kan jiraatu ta’uu akeeka.  
Miidhaan seenaa darbee mallattoo ittiin yaadatamu fi kan hin dagatamne godaannisa kaa’ee  
darbu isaa agarsiisa.

Haala ittiin Taliileen mucaa qabattee dhufte Seenaa Abdiisaa ta’uu ishee barreessaan hojii kana  
keessatti ittiin mul’ise:

“Waan sitti agarsiisu kan biraas nan qaba. Garuu, amma ani bani siin jedhutti ijawwan kee  
dunuunfachuu qabda,” naan jette. . . . ‘Nan dunuunfadhe.’ Amma ijawwan kee banadhu,”  
jette – Taliileen. Naan banadhe. Mucayyoo xiqqoo tokko wajjin fuul-dura koo dhaabbataa  
jirti. . . .

“Bari, mee. Eenyu kun?” naan jette Taliileen. Baruu hin dandeenye. . . .

“Seenaa Abdiisaa Soolan jedhamti,” jette – sagalee qabbanaa’aadhaan.

“Seenaa ko, abbaa keetiim . . . dhaqii dubbisi kaa,” jettee, gara kootti dhiibde (Dhaabaa  
2020, ff. 534 - 535).

Akka yaada kanaatti, Abdiisaan sababa kanaan dura Taliileetti badii dalageef jireenya isaa  
keessatti balleessummaan, ofittummaa akka itti dhaga’amaa jiraatu isa taasisee jira. Haa ta’u  
malee, yeroo ammaa kana immoo Taliileen lubbuun jiraachuu isheetti dabalataan gara-bal’inni  
ishee immoo kan nama ajaa’ibsiisu ta’uu isaati. Kana malees, Abdiisaa jireenya isaa guutuu

taasisuu fi seenaa isaa itti fufsiisuuf kennaa madaa isaa qoorsuu danda’u fiddeefii kan dhufte ta’uu namatti mul’isa.

Haala Taliileen keessa turtee barreessan asoosama kanaa yeroo seenessu akkas jedha

“Yeroo sana ennaan Dirree-Dhawaatti si eegee dhabu garaan kutadhe, humnan godhadhe. Xiiqii tu na qabe. Raaheel faa dhokadhee ba’een hoteelaa siree qabadhee. guyyaa tokkotti mi’an qabu hunda gurgureen gaafa lammaffaa Finfinnee gale. Mana nama qe’ee keenyaa tokko beekan ture. Yeroon dura gara yunivarsitii dhufe sana achi buleen gara Haramaayaatti darbe. Dhugumaa Bookaa jedhama. akkumaan Finfinnee ga’etti bakkan seenu dhabee yeroon achi dhaqu innis haati manaa isaas baay’ee na’an. Akka warra kootti dabarsanii hin himne kadhadheen, waan na irra gahe hundumaa itti hime. Ana wajjin imimmaan cobsaa na dhaggeeffatan. Guyyaa sanaa jalqabani mana isaanii na ciibsanii, wal’aansisanii na fayyisan. Yeroo da’umsa koos akka warraatti na tajaajilan. Amma kunoo waan hundinuu dabree, Seenaanis guddattee, anis hojii xinnoo argadhee, barumsa galgalaa Yunivarsitii Finfinneetti jalqabeen jira. haati koo garuu, Yunivarsitii dhaa dhabamuu koo ennaa dhageessu baay’ee naatee, irraa dandamachuu dadhabdee duute. Abbaan koos gaddaan cabee kan du’aa irra hin wayyine ta’eera. ija isaatti ba’uu waanan sodaadheef waggaa sadii ol dhokadhee taa’e. kunoo ji’a lama duran dhaqee ijaan arge.” –Gadda ulfaataa kana ennaa natti odeessitullee sagaleen ishee akka durii hin raafamne.. . . –‘Garaa tu na mooga’e. Otuu hin se’iin imimmaan ijawwan kootti guute.’

Siin jeeqe mitii?” jette.

“lakki . . . ahhh . . . yeroo xiqqoof utuu qofaa koo na dhiistee-“ jedheen harka koo lamaanii illelee koo gam-lamaanii qabadhe (Dhaabaa 2020, ff.535-537).

Yaada kanaa irraa hubachuun kan danda’amu, Taliileen rakkoo Yunivarsitii Haramaayaa keessatti ishee irraa kan ka’e barumsa ishee irras ari’amtee, deggarsa firaan bu’aa bahii hedduu keessa darbatee mucaa godhatee, hojiis argatee barumsa ishee galgala barataa akka jirtu beekuun danda’ameera. Ta’us garuu hawwiin maatiin ishee utuu hin guutiin haati ishees akka duute fi abbaan ishees akka dhiibame jiru gadduu ishee mul’isa. Rakkoo isheen keessa darbatee sadarkaa amma irra jirtu kan geesse Abdiisaan kan duraniyyuu dhimma sammuu isaa itti dhiphataa fi

jeeqamaa ture sana yoo ishee irraa dhaga’u boqonnaa dhabuu isaa agarsiisa. Taliileen hangam illee rakkoo hedduu keessa haa dabarsitu malee haali isheen Abdiisaa itti dubbiste haalloon kan isheerra mul’atu akka hin taane agarsiisa.

Hojii ogbarruu isaa keessatti barreessan waa’ee Taliilee yoo seenessu:

Taliilee ani dur beeku utuu hin taane nama haaraa taatee natti argamte. . . utuu waa hin turiin immoo nam-fakkii asoosamaa qalbii maalalsitu natti fakkaate. . . nam-fakkii ijoo asoosama ani barreessuuf miixachaa ture taate. . . qola kitaaba koo isa duwwaa ture irraa natti ifte . . . mudannooleen ishee toora galuu jalqaban . . . nam-fakkooni kaanis iddoo iddoo isaanii qabatan . . . jechoonni kalaqaas akka urjiilee samii irraa dirree sammuu kootti gad-yaa’an. . . (Dhaabaa 2020, ff.538-539).

Warabbii kana oliirraa hubachuun kan danda’amu, barreessan Taliilee akka nama dhugaa qabatamaa hawaasa keessatti beekamtutti mul’isa. Gama biraatiin immoo, nam-fakkii ijoo kalaqa isaa irratti seenaa asoosama kana barreessan irratti ijaruuf deemu agarsiisa.

Yaada kanaa gadiin haala ittiin barreessan hojii asoosama kalaquuf deemuuf mataduree itti argate yoo addeessu,

Gad taa’een kobbee koo ol kaase. Fixeen isaa, inni yeroo kaan halluu qusatu har’a akka harma mirigisee gad coccobuuf waan dhikkifatu fakkaata. waraqaa fuul-dura koo minjaala irra jiru irratti gad-qabeen qubeelee kudhan katabe.

‘Godaannisa’

Mata-duree kitaabichaa tahe . . . Ijoo dubbiin ittiin barreessuu eegalu. utuun hin se’iin ammas imimmaan ijawwaan kootti guute-Imimmaan gaddaa haa ta’u kan gammachuu hin beekne. Tarii, kan gaddaatis kan gammachuutis (Dhaabaa 2020, f.539).

Akka yaada barreessa kanatti dhimma inni barreessee seenessu barbaadus argamu isaatiin yaa’insi yaada isaa fakkoommii harma mirgiseen walbira qabuun mul’iseera. Haaluma walfakkaatuun, waldiddaan seenaan asoosama kanaa irratti ijaaramee seeneeffame xumura argate, seenaa barataa Abdiisaa Soolaan maatii harka-qalleeyyii

ta'an irra dhalatee haala jiruufi jireenya rakkisaa keessatti dabarsee barnoota isaa Yuunivarsiitii eebbifamee hojii qabatee fi kan abjuun ishee barnootaaf qabdu rakkoo Abdiisaa waliin hiriyyummaan uumaniin jalaa guufatee fi sababa rakkoo isheen garaatti ishee hafuun marii isaaf dhiheessitee waan fudhachuu didduu isaaf osoo miiraan jeeqamtee jirtuu dhagaa irratti kufudhaan addi ishee mada'ee hodhame fayyee akka godannisa ta'ee qaama ishee irratti mul'atufi sababa kanaan hawwiin ishee hin milka'in hafe immoo godaannisa hin mul'anne ta'ee isa gaddisiisuu agarsiisa. Abdiisaan Taliilee waliin walarguu isaa miira gammachuu keessoo isatti kan uumee ta'u isa kan agarsiisu ta'uuf, miirri gadda isatti dhaga'amu immoo sababa isaatiin rakkina Taliileen keessa darbite ta'uu mul'isa.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO, FI YAADA FURMATAA

## 5.1. Cuunfaa

Kaayyoon guddaa qorannoo kanaa yaadxina hawaasummaatiin asoosama dheeraa *Godaannisaa* xiinxaluudha. Xiinxalli Ogbarruu yaada waliigalaa qorannoo hojii ogbarruu tokkoo ibsuu. xiinxaluufi hiika itti kennuu kan of-keessatti hammatudha. Asoosama Godaannisa keessatti taateewwan sirnoota darban keessatti raawwatamaa turan yaadxina hawaasummaan dhimma bahuun xiinxalli gaggeeffameera Yaadxini kunis kan agarsiisu, xiin-hawaasummaa ogbarruufi gahee ogbarruun hawaasa keessatti qabudha. Waan kana ta'eef, ogbarruun Oromoo haala jiruufi jireenya ummanni Oromoo keessa dabarse (miidhaa, dhiibbaafi diddaa isaa) kan mul'isufi baate kan deemuu ta'uu agarsiisa. Yaadxina hawaasummaatiin dhimmoonni hojii Ogbarruu gama faayidaalessummaan, diddaafi fakkoomii irratti kan hunda'an yeroo ta'an diddaan jirus dhimmoota jireenyaa dhuunfaa, siyaasa, aadaafi dinagdeerratti kan xiyyeeffatedha,

Asoosama Godaannisa kana keessatti barreessan asoosamichaa miidhaafi dhiibbaa gama hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee, akkasumas, eenyummaan, aadaafi afaaniin ummata Oromoo irra yeroo sanatti gahaa turan qabataman kaasee mul'iseera. Hojii ogbarruu kana keessatti dhimmoonni hawaasummaan walqabatan haala addaa addaatiin dhiyaataniiru. Gama faayidaa hawaasaatiin asoosamicha keessatti dhimmoota dhiyaatan keessaa faayidaa barnootaa. jaalala, hiriyyummaa, eenyummaa ofii beekuu, aadaa hojiifi walgargaarsaa cimsachuu, tokkummaan humna cimaa ta'uunfi gahee maatiin ijoollee kunuunsuufi guddisuu keessatti qabu guddaa ta'u mul'isa. Kana irraa hubachuun kan danda'amu, asoosamni barreessaan tokko barreessuu daawwiitii jiruufi jireenya hawaasa tokkoo ta'uu isaa nuf mirkaneessa. Barreeffamicha keessatti ragaaleen aadaa hawaasa Oromoo mul'isan kanneen akka aadaa moggaasa maqaa, nyaataafi dhugaa aadaa, sirbaa aadaa, kkf walqabatan dhiyaatanii qaaceffamaniiru. Dabalatanis, hojii ogbarruu kana keessatti gochaaleen walitti dhufeenya hawaasummaa faalleessan fi safuu hawaasaa cabsan ragaadhaanadda bahanii xiinxalamaniiru. Kanneen keessa akka fakkeeniyatti gocha gaa'eela saafuu hawaasaa cabsuun haati Abdiisaa namicha Maannaaloo Balay jedhamu waliin raawwate, gocha gantummaa Abdiisaan jaalalan Taliilee waliin walitti dhufeenya uumuun dhuma irratti yeroo garaatti ishee hafu (ulfofte) irraa



baqachuun isaa, gocha gudeeda Taliile irratti Maannaaloo Balay raawwate jeequmsa maatii haadha Abdiisaaf sababa ta'uu agarsiisa.

Akkasumas, hojii ogbarruu kanaan dhiibbaan siyaasaafi dinagdeetiin sirna sana keessa ummata Oromoo irra gahaa ture hawaasichi hubannaa guutuu ta'e akka argatuuf ragaadhaan kaasee mul'iseera. Bu'aan qorannoo kanaa akka agarsiisutti, dhiibbaafi miidhaa gama siyaasaafi bulchiinsaatiin ummata Oromoo irra gama aadaa, eenyummaa, afaanii isaa, akkasumas, gama dinagdeetiin qabiyyee lafa irraa buqqisani hiyyummaaf saaxiluun irra gahaa ture qabatamaan mul'ateera. Hojii ogbarruu kana keessatti barreessan *Godaannisa* miidhaafi dhiibbaa gama hawaasummaa, siyaasaa, bulchiinsaa fi dinagdee, akkasumas, aadaa, eenyummaafi afaaniitiin irra gahaa ture ummanni Oromoo tole jedhee akka hin fudhane fi dhunfaatiin ta'e bifa gurma'een falmachaa turuu isaa qabataman mul'iseera. Sirna Mootii Haayilesilasee fi Dargii maqaa tokkummaa Itoophiyaatiin ol'aantummaa saba tokko gama seenaa, aadaa, eenyummaafi afaanii keessatti leellifamuu fi kan sabaafi sab-lammootaa keessatti ukkamfamu ta'uu isaa mul'isa.

Barreessan ogbarruu kanaa jiruufi jireenya ummanni Oromoo keessa dabarse muuxannoofi muddannoo isaa waliin walqabsisee, akkasumas, seenaa jaalalaa irratti ijaarame fakkeessuun godaannisa sirnoonni darban sun ummata Oromoo irratti gama hundaan qaqqabsiisaa turan kaasee mul'iseera. Hojii ogbarruu kanaan barreessan *Godaannisa* ummanni Oromoo sirnoota Mootii Haayilesilasee fi Dargii keessatti dhiibbaa gama siyaasaa, bulchiinsaa, dinagdee, eenyummaa, afaaniifi aadaa irra gahaa ture kaasee ragaadhaan seeneseera. waan kana ta'eef, ogbarruun hojii kalaqaa barreessan tokko dhugaa qabatamaa addunyaa keessa jiru muuxannoofi muddannoo isaa waliin walqabsisee jiruufi jireenya hawaasni tokko keessa dabarse kaasee dubbistootaaf kan dhiheessufi hubachiisu ta'u agarsiisa.

Bu'aan qorannoo kanaa, ilmi namaa jiruu fi jireenya isaa keessatti bu'aa ba'ii heddu keessa kan darbuuf yoo obsa qabaate bakka gahuu qabu gahu danda'u ta'uusaa nu hubachiisa. Sababiin isaatis Abdiisaan rakkoo heddu keessa obsaan darbuun bakka gahuu yaadee fi waan argachuu barbaade argatee jira waan ta'eef.

Walumaagalatti hariiroo hawaasummaa keessatti dhimmoonni faayidaa hawaasan walitti dhufeenya qabaniifi faallaa faayidaa hawaasaafi eenyummaa sabichaan walqabate bal'inaan asoosamicha keessatti dhiyaataniiru.

## **5.2. Argannoo**

Qorannoon kun kan gaggeeffame yaadxina hawaasummaa bu'uureeffatee asoosama dheeraa *Godaannisa* bara 2020 haroomsamee maxxanfame irrattidha. Xiinxala asoosama kana irratti gaggeeffameen haala qabatamaa jiruufi jireenya ummata Oromoo yeroo sanaa keessa jiraataa turan bu'aa qorannoo kanaa ifati mul'iseera. Argannoon qorannoo kanaa akka mul'isutti, sirna Mootii Haayilesilasse fi Dargii keessatti miidhaan gama hawaasummaa, siyaasaa, dinagdee, aadaa, seenaa, eenyummaa fi afaaniin ummata Oromoo irratti gahaa turan xiinxala ragaalee kanaan bira gahameera.

Bu'uuruma kanaan, dhimmoonni hawaasummaa asoosamicha keessatti dhiyaatan ilaalchisee kanneen hariiroo hawaasumaa mul'isan: hiriyyummaa, jaalala, gabbii, haaloo bahuu fi walitti dhufeenya maatii ta'uu isaa bu'aa qorannoo kanaan adda baheera. Haalumaa walfakkaatuun, dhimmoonni asoosamicha keessatti walitti dhufeenya hawaasummaa faalleessan keessaa: gochaaleen safuu hawaasaa cabsuu, gantummaa fi jireenya maatii jeequu akka ta'an qorannoo kanaan adda bahaniiru. Kunis, kanneen jiruufi jireenya hawaasaa waliin walqabatan bal'inaan xiinxalamaniiru. Kana malees, dhimmoonni jaalalaan walqabatan keessumaa mooraa yuunivarsitii keessatti akkamiin akka raawwatuufi hojii barruufi barsiisuu irratti dhiibbaa akkamii akka qabu gadifageenyaan xiinxalamee dhiyaateera. Taateewwan aadaa hawaasichaa cabsanis ragaalee qorannoo kana keessatti mul'ataniiru. Hawaasni nama safuufi seera isaa cabsu akka itti to'atuu fi adabu haa qabaatu malee asoosama kan keessatti tarkaanfii fudhachuu dhiisuun rakkooleen hedduu akka uumaman gochuu mul'iseera. Gama biraatiinis, hariiroo waliin jireenya hawaasaa keessatti aadaan hawaasaa gahee qabachuu fi aadaan moggaasa maqaa fi nyaataafi dhugaati hawaasicha keessatti beekamu bu'aan qorannoo kanaa mul'iseera.

Dabalataniis, barreessan ogbarruu kanaa hojii isaatiin ergawwan hawaasa hubachiisu, barsiisu, onnachiisufi ka'kasu keessatti gahee qabachuu isaa mul'iseera. Haaluma kanaan, asoosamicha keessatti hawaasaaf ergawwan darban keessaa: kanneen akka barreessaa ta'uu, barnoota, ciminaan hojjachuu, aadaa walgargaaruu, tokkummaa qabachuu fi ittigaafatamummaa

fudhachuu akka ta'an bu'aan qorannoo kanaa ni mul'isa. Hojii Ogbarruu kana keessatti ergawwan gama faayidaa hawaasatiin walqabatan ragaaleen dhimmoonni hedduu agarsiisan dhiyaataniiru. Akka fakkeeniyatti, faayidaa barnoonni jiruufi jireenya hawaasaa jijjiiruu keessatti qabu asoosamicha keessatti dhiyaatera. Akkasumas, waliin jireenya hawaasaa keessatti cimani hojjechuun furmaata rakkoo jireenya dhala namaa akka ta'eetti haala walfakkaatuun dhiyaateera. Jiruufi jireenya ummata Oromoo keessatti aadaan walgargaaruu jiraachuu isaa fi rakkoo hawaasummaa hiikuu keessatti gahee qabachuu isaa bu'aan qorannoo kanaa mul'iseera.

Gama biraatiin immoo, xiinxala asoosamichaa keessatti gama siyaasaafi bulchiinsaatiin dhiibbaan ummata oromoo irratti gama eenyummaafi afaan isaatiin irra gahaa turuu isaa bu'aan qorannoo kanaa qabataman mul'iseera. Eenyummaa sabaa Oromoo xiqqeessuu fi eenyummaa isaatti akka hin boonee taasiisuuf dabaa sirnoonni darban raawwataa turan ta'uu bu'aan qorannoo kanaa agarsiiseera. Keessattuu, sirna dargii keessatti abbootiin aangawwaa sirnichaa aangoo isaaniitti seeraan ala fayyadamuun ilaalcha siyaasaatiin Oromoonni eenyummaa of beekan dararaa, hidhaafi ajjeessaa, akkasumas, dargaggoota hidhanii adda waraanaatti dirqamaan ergaa turuu isaanii hojii asoosama kana keessatti adda bahee xiinxalameera. Dabalatanis, xiinxala gama dinagdeen gaggeeffameen asoosamicha keessatti qonnaan bultoota Oromoo gaggeessitoota sirna abbaa lafaatiin qabiyyee lafa isaaniirraa buqqa'anii jiruufi jireenya hiyyummaaf saaxilamanii jiraachuu isaanii seenesseera.

Akka waliigalatti, hojii ogbarruu kana keessatti barreessan *Godaannisa* ummanni Oromoo sirnoota Mootii Haayilesilasseefi Dargii keessatti jiruufi jireenya gama hawaasummaa, siyaasaa, bulchiinsaa, dinagdee, aadaa, eenyummaa fi afaaniitiin lixaa hanga bahatti keessa dabarse balinaan kaasee mul'seera. Bu'aan qorannoo kanaa akka agarsiisutti, dhiibbaafi miidhaa gama siyaasaafi bulchiinsaatiin ummata Oromoo irra gama aadaa, eenyummaa, afaanii isaa, akkasumas, gama dinagdeetiin lafa irraa buqqisanii hiyyoomsuun gahaa ture qabatamaan mul'iseera. Dhiibbaafi miidhaa sirna yeroo sanaatiin ummata Oromoo irratti gahaa ture dura dhaabbachuuf akka dhunfaatis ta'e bifa gurma'een falmii hanga hidhanootti taasisaa turuu isaanii barreessan hojii isaa keessatti mul'iseera.

### 5.3. Yaada furmataa

Qarannoo kana keessattis, xiinxalli asoosama dheeraa Godaannisa irratti geggeeffameera. Asoosama kana keessattis jiruufi jireenyi hawaasa Oromoo sirna Hayilessillaaseefi Dargii keessatti maal akka ture hojii ogbarruu kanaan agarsiifameera. Haata'u malee,

Hojii Ogbarruu asoosama *Godaannisaa* irratti yaadxina hawaasummaan qarannoo adeemsifame kana irraa ka'uudhaan yaadoleen xumuraa asii gaditti dhiyaataniiru. Dhimmoonni kunis dhimmoota hawaasummaa asoosamicha keessatti dhiyaatan maal akka fakkaatan dhimmoota jiruufi jireenya hawaasaafi aadaa hawaasaan walqabatani akkaataa hojii ogbarruu kana keessatti ka'an irrattidha.

Hawaasummaa waliin walqabatani dhimmoota ka'an keessaa faayidaa hawaasaafi faallaa faayidaa hawaasaan kan ilaalatan xiinxalamani dhiyaataniiru. Akkasumas, dhimmoonni jiruufi jireenya hawaasaan walqabatan bal'inaan xiinxalamaniiru. Kanamalees, dhimmoonni jaalalaan walqabatan keessumaa mooraa yuunversitii keessatti akkamiin akka raawwatuufi dhiibbaa akkamii akka qabu gad fageenyaan ibsamee dhiyaateera. Taateewwan aadaa hawaasichaa cabsanis mullataniiru. Hawaasni nama safuufi seera isaa cabsu akka itti to'atuu fi adabu haa qabaatu malee asoosama kan keessatti tarkaanfii fudhachuu dhiisuun isaa yakkii irra caalaa itti fufinsaan akka raawwatu gochuu mul'isa. Dabalataanis taateen dhimmoota dinagdeefi siyaasaa mul'isanis xiinxalamaniiru. Qorattoonni Ogbarruu dhimmoota hawwasummaa irratti xiyyeeffachuu qaban gama fayyadama afaaniifi malleen dubbiin utuu qoratamee gumaacha guddaa ogbarruu Oromoof buusuu danda'a. Dhimmoonni aadaafi eenyummaa hawaasichaa faalleessan dubbistootaaf hubannoo madaalawaa karaa kennuu danda'anii qeeqamanii utuu dhiyaatanii safuu hawaasichaa barsiisuuf humna qabu.

Aadaa hawaasaa keessatti dhimmoonni goobanani mul'atan eenyummaa hawaasichaa karaa gabbisuu danda'uun utuu xiinxalamani Fakkeenyaaf dubartummaan walqabatani kanneen ibsaman safuufi eenyummaa hawaasa kanaa karaa giddugaleessa godhateen utuu qoratamee caalatti hawaasicha ibsuu danda'a. Xumurarrattis, hojiileen Ogbarruu kun dhimmoota adda addaaf ooluu danda'u. Isaanis,

- ❖ Kutaa barnoota afaanii keessatti akka meeshaa barnootaatti tajaajiluufi meeshaa deggersa barnootaa ittiin qopheessun dandeettiwwan afaanii barsiisuuf ni oola.
- ❖ Namoonnis dandeettii dubbisuu isaanii akka gabbifatan gochuufis gumaacha qaba.
- ❖ Kanamalees, asoosamni kun kallattii fayyadama malleen dubbiifi kanneen biroon qorannoo irrattii geggeessuun ni danda'ama.
- ❖ Namoota qarannoo hojii ogbarruu kanneen biroorratti geggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu danda'a.

## WABIILEE

- Abdiisaa Shinoo. (2019). Xiinxala Asoosamoota *Hawwiifi Yoomi Laataa?*: Ija Yaadxina'maarkiisiizimiifi Feemiiniizimiitiin'. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Qophaa'e. Yunvarsiiiti Finfinnee. Kan Hinmaxxamfamne.
- Abduljabbaar Qassee. (2017). Qaaccessa Asoosamoota *Hadhooftuufi Doobbii Jaalalaa* Ija Yaaxina Bifiyyeetiin. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Qophaa'e. Yunvarsiiiti Finfinnee. Kan Hinmaxxamfamne.
- Abrams, M.H. (1999). *A Glossary of Literary Terms* (7th ed.). USA: Cornell University: Earl McPeck.
- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Mega Printing Press.
- Aina, L.O. and Ajifuruke, S. (2002). 'Research Methodologies in Information Sciences an African Perspective'. Gaborone: University of Botswana. Retrieved from <http://www.sajlis.journals.ac.za/pub/article/download/700/646>
- Araarsaa Bochee. 2018. Xiinxala Dhugaa Hawaasaa Asoosama Seenaa "Imimmaan Oshiwitzi" Keessatti: Ija Yaaxina Dhugummaatiin. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Qophaa'e. Yunvarsiiiti Finfinnee. Kan Hinmaxxamfamne
- Arun M. J. (2014). The Historical Development of the Sociological Approach to the Study of Literature. International Journal of Innovative Research and Development Vol 3 Issue 5. Retrieved from <http://www.ijird.com>
- Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East trading PLC
- \_\_\_\_\_ (2004). *Theorizing the Present: towards a Sociology of Oromo Literature: Jaarsoo Waaqoo's Poetry*. Addis Ababa: Branna Printing Press.
- \_\_\_\_\_ (2015). *Ethnography of Resistance Poetics: Power and Authority in Salale Oromo Folklore and Resistance Culture, Ethiopia, Northeast Africa* (PhD), Indiana University, United States, Indiana.
- Asmaron Laggesse. (1973). *Gadaa: the approaches to the study of African society*. The Free press Newyork, USA 1973.
- Berhanu Mattewos. (2009). *Fundamentals of Literature*. (2nd ed.) AAU: Alpha Printer Plc.
- Birhanu Mathews. (2013). *Fundamentals of literature (3rd ed.)*. Addis Ababa: Alpha Printers PLC
- Golban Petru and Ciobanu Antoaneta Estella. (2008). *A Short History of Literary Criticism*. Turkey: Mart Press.
- Cuff, E.C., Sharrock, W.W. & Francis, D.W. (2006). *Perspectives in Sociology*. 5th ed. London: Rutledge.

- Dassaaleny Hayiluu. (2016). *Xiinxala Asoosama Yoomi Laataafi Kabiir Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo: Ija Yaadxina Dhugummaatiin. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Qophaa'e. Yunvarsitii Finfinnee. Kan Hinmaxxamfamne.*
- Dhaabaa Bayyanaa (2019). *Qeeqa Hawaasummaa Ogbarruu Asoosamoota Dheeroo Imimmaan Hin Qoorreefiarraa Gurbaa: Kunis Tokko; Sunis Gaaf Tokkoo. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuutiin Guuttachuuf Qophaa'ee, Yunvarsitii Jimmaa. Kan Hinmaxxamfamne*
- Dhaabaa Wayyeessaa. (2020). *Godaannisa. Asoosama Haareessame, Finfinnee, ILSabaa Printing, PLC*
- Dirribii Damusee (2016). *Ilaalchaa Oromoo. Barroo Amantaa, Sirna Bulchiinsa fi Seenaa Oromoo. Hagayya. Finfinnee.*
- Fedhasaa Taaddasaa. (2017). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo. Finfinnee: IIsabaa Publishing.*
- Fedhasaa Taaddasaa fi Hundumaa Dabalii. (2011). *Shaakala Qeeqa Ogbarruu (Practical Criticism) I. Moojula Barnoota Fagoo. Yuunversitii Wallaggaa: (Kan hinmaxxanfame.)*
- Filee Jaallataa. (2019). *Malleen Qorannoo (Research Methodology and Methods). Mana maxxansaa ADP (ADP printing press).*
- Fiqaaduu Qana'aa. (2012). *Qaaccessa Wal-diddaafi Fakkoommii asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa: Haala Godaannisafi Dungoo Halkan Sanaa keessatti. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Qophaa'e. Yunvarsitii Addis Ababa: Kan hinmaxxanfamiin.*
- Hammond, Ron. (2010). *Introduction to Sociology. London: Smashwords Edition.*  
<https://dictionary.cambridge.org/dictionary/english/friend>  
<https://.gavilan.edu/kwarren/LitCrit.html>  
<https://www.globalsecurity.org/military/world/ethiopia/personnel-derg.htm#:~:text=Under%20the%20National%20Military%20Service,reserve%20status%20until%20age%20fifty.>  
<https://www.masterclass.com/articles/literary-criticism>
- Khairi Agus. (2017). *The Importance of Literary Criticism in Literary Studies. NDL: Institute Atom*
- Maiga & Coulibaly. (2016). *The Social Role of Literature and the Accountability of the Artist. Inter. J. Eng. Lit. Cult. 4(9): 193-203*  
<https://www.academicresearchjournals.org/IJELC/Abstract/2016/November/MAIGA%20AND%20COULIBALY.htm>
- Mooney, Knox, & Schacht. (2007). *Understanding Social Problems, (5th ed.)* Retrieved from <https://laulima.hawaii.edu/access/content/user/kfrench/sociology/The%20Three%20Main%20Sociological%20Perspectives.pdf#:~:text=The%20functionalist%20perspective%20emphasizes%2>

0the%20interconnectedness%20of%20society.of%20policies%20against%20sexual%20harassment%20and%20job%20discrimination

- Mujahid Ahmed Alwaqaa (2020). Sociology and Literature: An Interdisciplinary Approach. Journal of Liberal Arts and Humanities (JLAH) Issue: Vol. 1; No. 10; October 2020 pp. 34-38 ISSN 2690-070X (Print) 2690-0718 (Online)
- Murteessaa Bakar. (2018). Xiinxala Asoosama *Yaadaa*: Yaadxina Safuu Hawaasaatiin. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Qophaa'e. Yunvarsitiitii Jimmaa. Kan Hinmaxxamfanne.
- Neguss Yilma. (2018). *Thematic Analysis of Selected Amharic Song Lyrics: A sociological Approach. A Dissertation for Fulfilment of the Requirement of the Degree of Doctor of Philosophy in Literature.* Addis Ababa University. (Unpublshed).
- Ogundokun, Sikiru A. (2021). Functions of Literature: A New Reading of Six Francophone African Novels .*Journal of foreign languages* <https://journals.uni-lj.si/Vestnik/article/view/10153>
- Soofiyaa Huseen, S. H., Alamituu Olee, A. O., & Abdusalaam A/Olee, A. A. (2021). Xiinxala Qabiyyee Walaloo Sirboota Hacaaluu Hundeessaa Miidhaafi Diddaa Agarsiisan. *Gadaa Journal*, (Special), 12-30. Retrieved from <https://journals.ju.edu.et/index.php/gadaa/article/view/3437>
- Taye Gudeta. (2009). Analysis of Literary style in some selected Afan Oromo Novels. A Thesis Research for Fulfilment of the Requirement of the Degree of Master of Arts in Literature. Addis Ababa University. (Unpublshed).
- Tyson Lois. (2006). *Critical Theory to Day: A User-Friendly Guide (2nd ed.)*. New York: Routledge. Retrieved from <http://www.taylorandfrancisgroup.com>
- Wallace, A. R., & Wolf, A. (1995). *Contemporary Sociological Theory: Continuing the Classical Tradition* (4th ed.). Englewood Cliffs, NJ: Prentice Hall.



## DABALEE

### Cheekliistii Ragaan Asoosamoota Keessaa Ittiin Fudhatamu

| Lakk. | Gaaffilee Xiyyeeffannoo   | Yaada |
|-------|---|-------|
| 1     | Asoosama <i>Godaannisa</i> keessatti haala hawaas-siyaasaa ummanni Oromoo keessa ture hawaasa Oromoo har'a jiru hangam hojii isaa keessatti dhugaa qabatamaa waliin kaasee hubachiisa? Seenaan asoosamichi irratti ijaarame hangama dhugaa qabatamaa ummanni Oromoo keessa dabarse agarsiisu?                             |       |
| 2     | Taateewwan yeroo darbanii gama hawaasummaan, siyaasaa, bulchiinsaa fi dinagdeen ummanni Oromoo keessa dabarse hojii ogbarruu kana keessatti dhiyaataniiruu?   |       |
| 3     | Hojiilee ogbarruu kana keessatti taateewwan yeroo darbanii haala hawaasa yeroo sana keessa jiraatanii waliin walsimatee dhiyaataniiruu?   |       |
| 4     | Barreessan asoosamichaa hojii isaa keessatti dhimmoonni aadaa hawaasaa agarsiisaniifi faalleessan dhiyaataniiru? Dhimmoonni hariiroo walittidhufeenya hawaasummaa mul'isaniifi faalleessan dhiyaataniiru?   |       |
| 5     | Barreessan asoosamichaa hojii isaa keessatti ol'aantummaa dinagdee kan qabatee jiru eenyu? Hawaasni Oromoo bal'aan dinagdee kana keessatti qooda inni qabu maal fakkaata? Sirnicha keessatti ummanni Oromoo fayyadamaa ta'u dhabuu isaa haalaan hojii ogbarruu kana keessatti ibsameera? Diddaa isaa bifa kamiin mul'ise? |       |
| 6     | Tooftaan garee ol'aantummaa dinagdee harkaa qabaniin ogbarruu kana keessatti akkamitti ibsame? Wanti ibsameefi kan hawaasa keessatti raawwatamaa turan hagam wal simu?  |       |
| 7     | Hojii ogbarruu kana keessatti ragaaleen faayidaa hawaasaa agarsiisan dhiyaataniiruu?  |       |
| 8     | Hojii ogbarruu kana keessatti dhiibbaan gama aadaa, afaanii, duudhaa fi eenyummaatiin sirna yeroo sanaatiin ummata Oromoo irratti gahaa ture sirnaan ibsameeraa?  |       |
| 9     | Hojii Ogbarruu kana keessatti, dhimmoonni ilaalchaafi hubannoo hawaasaa ijaaruuf oolan dhiyaataniiru?   |       |
| 10    | Hojii Ogbarruu kana keessatti, dhimmoonni tokkummaa hawaasichaa cimsan dhiyaataniiruu?  |       |
| 11    | Hojii Ogbarruu kana keessatti, yaadxina faayidaleessummaa, wldiddaa fi fakkoommiin ibsan jiruu?   |       |
| 12    | Waliigala hojii ogbarruu kana keessatti haala jiruufi jireenya ummanni Oromoo keessa dabarse hangam mul'isa?  |       |